INISTIITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QO'ANNOO SEERAA OROMIYAA

Aangoo fi Gahee Hojii Ofisaroota Seeraa Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa: Rakkoo Seeraa fi Raawwii

Qopheessaan:-

Daawwit Geetaachoo

Bara 2004

ILQSO

Adaamaa

BOQONNAA TOKKO

1. GUMEE QORANNOO

Seensa

Baroota darban keessa biyyi keenya caasefama manneen murtii tokkichaa (Unitary Court Structure) waggoota dheeraaf kan hordofaa turte yoo ta'u, waggoota dhiwoo as gurmaa'inni mootummaa akka waliigalaatti caaseffamni manneen murtii ammoo akka addaatti jijjirameera.Herrii mootummaa federaalaa labsii lak.1/1987n tumame mootummaa federaalaa fi mootummaalee naannoo hundeessuun mootummaan federaalas ta'e motummaaleen naannoo qaamolee mootummaa mataa mataa isanii jechuunis qaama seera baastuu, rawwachiftuu fi hiiktuu akka qabaatan dubbata. Bu'uuruma kanaan, heerichi angoo seera hiikuu manneen murtii qofaaf laachuurra darbee,caasefama manneen murtii sadarkaa federalaa fi naannoleetti hundeeseera.[1]Akkaatuma kanaan, mootummaan naannoo Oromiyaas akkuma mootummoolee naannolee biroo qaama seera hiiktuu mataa isaa qabaachuun aango seera hiikuu kanas manneen murtii idlee heeraan beekamtii argataniif laateera.[2]

Tajaajila abbaa seerummaa si'aawaa fi qulqullina qabu tajaajilamtootaaf laachuuf caaseffamni manneen murtii murteessa dha.Kanaafuu, sadarkaa mana murtii federaalattis ta'e sadarkaa manneen murtii aanaatti caaseffama manneen murtii tumuuf labsiileen adda addaa yeroo adda addaatti tumamaniiru.Fakkeenyaaf, sadarkaa federaalaatti labsiin lak.25/88 manneen murtii federaalaa hundeessuuf bahee fi labsiiwwan isa fooyyessuuf lak.321/1995 fi 138/1991 ta'anii bahan bu'urma heera biyyattiin aangoo fi caasefama manneen murtii federaalaa bifa haaran hundeesaniiru.Caasefamni manneen murtii Seera Adeemsa Falmii Yakkaa 1957 (SAFY) fi Seera Adeemsa Falmii Hariiroo Hawaasa 1965(SAFHH) keessatti kanaan dura ol kaa'amee tures labsiile kanaan jijjiramaniiru.Bifuma wal fakkaatuun sadarkaa

[1]Heera Motummaa Federalaa fi Dimokratawaa Itoophiyaa Lak.1/1987, *Negaarti Gaazexaa*, kewt.78 fi keewwattoota itti aananii jiran ilaala

[2] Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Labsii lak. 46/1994, *Magalata Oromiyaa*, kewt.46(3)

naannoleettis yoo ta'e caseffama manneen murtii caasessuuf labsiileen adda addaa mootummoolee naannoo adda addaan yeroo adda addaa ni baha.

Hata'uyyuu malee, sadarkaa federaalattis ta'e sadarkaa naannoleetti labsiileen adda addaa caasefama manneen murtii irratti yoo tumaman gurmaa'ina qaamolee hojii tajaajila abbaa seerummaa hojjatan, fakkeenyaaf, angoo fi gahee hojii reejistiraaraa fi kkf ilaalchisee wanti addatti tumame hin turre.Kanaaf, dhimmoota gurmaa'ina qaamolee hojii tajaajila abbaa seerummaa ilaalchisee, fakkeenyaaf,sadarkaa manneen murtii federaalatti labsiileen armaan olitti eeraman erga tumamanii boodas Seerri Adeemsa Falmii Yakkaa fi Sivilii akkuma barbaachisummaa isaanitti hojiirra oola jiru.

Bifuma walifakkaatuun, dhimma gurmaa'ina hojii manneen murtii waliin wal qabatee labsii manneen murtii Oromiyaa bifa haaraan hundeessuuf lak.6/1988 ta'ee bahe keessatti wanti haammatame waan hin turreef naannoo keenya keessattis Seerri Adeemsa Falmii Yakaa fi Sivilii hojiirra oolmaa qabaacha turaniiru

Hata'uyyuu malee, jijjiramni bu'uura adeemsa hojii (JBHA) nannucha kessatti yeroo dhiwoo as hojiirra oole kenniinsa tajaajila haqaa akka foyyeeffamuuf sababa ta'eera.Akkatuma kanaan, heera mootummaa federaalaa fi naannuchaa bu'uura godhachuun aangoo manneen murtii naannuchaa murteessuuf, hojimaataa fi gurmaa'ina isaanii haala guddinni siyaasaa, dinagdee fi hawaasummaa gaafatuun sirreessuu fi, bilisummaa fi ittigafatamummaa manneen murtii haala madalawaa ta'een hojiirra oolchuudhaan kenniinsi tajaajila abbaa seerummaa saffisaa, qulqulluu fi dhaqqabamaa akka ta'u gochuuf gurmaa'innii fi caasefamni manneen murtii naannoo Oromiyaa irra debi'amee labsii lak.141/2000n tumameera.[3] Labsiin kunlabsii duraanii lak.6/1988 dhima wal fakkaatu irratti tumamee tures foyyesseera.

Labsichi aango fi caaseffama manneen murtii nannuchaa bifa haaran hundeessuu irra darbee, haala gurmaa'ina hojii manneen murtii ilaalchisee yaadota adda addaa qabatee

[3] Labsii manneen murtii naannoo Oromiyaa irra deebi'ee hundeessuuf bahe lak.141/2000, *Magalata Oromiyaa*, seensa labsichaa ilaala

labsameera.Kanneen keessaas aangoo fi gaheen hojii Ofisaroota Seeraa labsichaan tumame isa tokko.Ogeessonni kunniin kan dura seerota adeemsaa keessatti "Reejistraara" jedhamanii beekaman yoo ta'u, labsichi aangoo fi gahee hojii seerota adeemsaa keessatti rejistraaraf laatamee ture ogeessota "Ofisara Seeraa' jedhamuun yamamaniif laachu irra darbee aangoo fi gahee hojii dabalataa laateeraafi.Kanneen keessaas aangoo iyanni, himannii fi ol'iyyannoon dhiyaate ulaaga seeraa guute dhiyaachuu isaa mirkaneessuu, beelama kennuu, ajaja waamichaa dabarsuu fi galmee socho'u bulchuu kanneen jedhaman adda duraan caqasuun ni danda'ama.

Sadarkaa manneen murtii isaan keessa hojjetan irratti hundaa'uun aangoo fi gaheen hojii ogeessota kanaa biyyoota tokko tokko keessatti addaa adda ta'uus[4] bakkee baayyetti garuu aangoo fi gahee hojii wal fakkaatu qabu.Haatayyuu malee, aangoo fi gahee hojii OS yoo murteesinu aangoo fi gaheen hojii isaanii aangoo fi gahee hojii abboottii seeraa irraa bifa adda baasuun danda'amuun ta'uu qaba.[5] Barbaachisummaan ogeessonni kun manneen murtii keessatti qaban hojii abbaa seerummaa akka hojjetaniif osoo hin taane, tajaajila abbaa seerummaa si'aawa fi qulqulina qabu dhugoomsuuf tajaajila gargaarsaa abbaa seeraaf akka laataniifi.Kunis, abbootiin seeraa hojii ijoo qofa irratti akka xiyyeefatanii fi hojileen biroo garuu ogeesotuma kanaan raawwatamuu danda'u. Kunis fedhii uummanni tajaajila qulqulluu fi si'ataa ta'e mana murtii irraa argachuuf fedhu haalan debisuudhaan ergama mana murtii dhugoomsuu keessatti shoora ol'aana qabaata.Kana malees, haalli qoodnisa gahee hojii abbootii seeraa fi ogeessota kana gidduutti taasifamu kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa irratti dhiibbaa kan hin uumnee fi gahee hojii abbaa seeraa fi OSkan salphaatti adda baasuun danda'amu ta'uu qaba.[6]

---

[4] Fakeenyaaf, biyya Amerikaa keessattii gaheen hojii rijistraara mana murtii jalqabaa irra hojjetu tokkoo fi gaheen hojii rijistraara sadarkaa mana murtii waliigalaarra hojjetu adda adda.Rigistraarri mana murtii jalqabaarra hojjetu tokko galmee qindeessee qabuu fi kaffaltii abbaa seerummaa fuuchuu fi kanneen biroo yoo hojjetu, rijistraarri sadarkaa mana murtii waliigalarra hojjetu tokko hanga ragaa adda addaa mirkaneessee laachuutti (fkf: ragaa gaa'elaa) aangoo qabaachu danda'a.Haalli muudama isaanis adda adda.

[5] Shimon Shitri, *Judicial Independence and Accountability*, Ful.118

[6] Ronald L. Goldfarb, *Judicial Administration,* Ful.643

Akkaatuma kanaan, qorannoon kun dhimma aangoo fi gahee hojii OS labsii kana keessatti tumame kanneen ilaalchisee rakkoo hiikkoo seeraa fi raawwii qabatamaan manneen murtii naannoo Oromiyaa keessatti mul'achaa jiran irratti kan xiyyeefatu dha.

Qorannichi boqonnaa afurittiittikan qoodame yoo ta'u, boqonnaan jalqabaa qorannichaa gumee qorannoo kan of keessatti qabate dha.Bu'uuruma kanaan, boqonnaa kana keessatti himi rakko, kaayyoo, malli qorannoo, fayyaadamtoota bu'aa qorannichaa, daangaa fi hir'inni qorannichaa akkasumas, faayidaan qorannicha ilaalamaniiru.

Boqonnaa lamaffaa qorannichaa keessatti maalummaa OS fi dhimma aangoo fi gahee hojii ogeessota kanaa ilaalchisee muuxannoo sadarkaa adunyaatti jiru kan keessatti ilaallu ta'a.

Boqonnaan sadaffaa qorannichaa xiinxala seeraa fi raawwii irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, aangoo fi gahee hojii OS ilaalchisee labsii manneen murtii naannoo Oromiyaa irra deebi'ee hundeessuuf lak.141/2000 ta'ee bahe, SDFHH fi SAFY keenya muuxannoo biyyoota ambaa boqonnaa lammaffaa keessatti ilaalaman waliin wal bira qabamee kan keessatti ilaalame dha.

Boqonnaa afraffaan boqonnaa dhumaa qorannichaa ta'udhaan guduunfaa fi yaada furmaata irraatti xiyyeeffata.

1.1. Hima Rakkoo

Akkuma seensa armaan olii keessatti ibsame aangoo fi gahee hojii OS manneen murtii naannoo Oromiyaa ilaalchisee labsiin lak.141/2000 seeroota adeemsaa keessatti angoo fi gahee hojii rijistiraara jedhamuun kan tumaman hunda angoo fi gahee hojii OS gochuun laachuu irra darbee, angowwanii fi gaheewwan hojii adda addaa dabalataan OSf laachuun tumee jira.Haata'uyyuu malee, hojiirra oolma labsii kanaan wal qabatee rakkooleen hiikkoo seeraa fi raawwii aangoo fi gahee OS waliin wal qabatu adda addaa manneen murtii keessatti mula'achaa jiru.

Rakkoo hiikkoo seeraa waliin wal qabatee bakkee tokko tokkotti OS aangessuu dhabuu fi bakkee kaanitti ammoo keewwattoota labsichaa dhiphisuun hiikunii fi bakkeewwan birootti ammoo labsichaan yaada *"Hojiiwwan abbootii seeraatiin kennameef kan biraa ni raawata…"* jedhamee tumame bal'inaan hiikuun ni mul'ata.

Gama biraan, hojiirra oolma labsichaa ilaalchisee rakkooleen raawwii gahumsa labsichaa sababa godhachuun mul'atans ni jiru. Gahumsa labsii yoo jennuu dhimma aangoo fi gahee hojii OS waliin wal qabatee labsichi aangoowwanii fi gaheewwan hojii haammachuu qabu hammachuu fi/ykn haammachuu dhabuu isaa fi/ykn aangoowwanii fi gaheewwan hojii OSf laatamuu hin qabne labsichaan laachuu ykn laachuu dhabuu isaa kan nutti agarsiisu jechuu keenya.Fakkeenyaaf, bu'uura komii jiruun, labsichi aangoowwan abbaa seerummaa ta'ee kan abbootii seeraa qofaan raawwachuu qaban OSf laateera komiin jedhuu fi, aangoo fi gaheen hojii labsichaan OSf laataman tokko tokko dandeetii isaanii waliin wal hin simu dhimmi jedhu ni ka'a. Sababa kanaa fi kanneen biroo irraa ka'uun aangoo fi gahee hojii labsichaan OSf laataman haala adda addaan (fakeenyaaf, xalayaan, ajaja afanii fi kkf) daangessuunii fi akkuma walii galaatti, bu'uura labsichaan OS angessuu dhabuun ni mul'ata. Kanumaan wal qabatee iddoo tokko tokkotti ajajni, xalayaan waamichaa fi kkf maqaa OSn mana murtii irraa bahu akka fudhatama hin qabaane qaamolee biraatiif barreessuun aangoon OS ni daangefama. Kana malees, bakkee bayyetti keessattuu sadarkaa manneen murtii

aanaa irratti jidu-lixummaan angoos (fakkeenyaaf, himannoo ulaagaa hin guunne ajaja afaaniitiin dirqiin galmeen akka banamu ajajuu fi kkf) rakkoo raawwii labsichaa waliin caqasamuu danda'udha.Akkasumas, hojiirra oolmaan labsichaa manneen murtii hunda keessatti kan walfakaatu ta'uu dhabuu irraa kan ka'e garaagarummaan raawwii labsichaas manneen murtii nannoo Oromiyaa keessatti ni mul'ata.

Rakkooleen hiikkoo seeraa fi raawwii kunniini fi kanneen biroo manneen murtii keessatti yeroo ammaa hojiirra oolma labsii kanaan wal qabatanii mul'atan kaayyoo labsichi gama kanaan qabu bifa yaadameen akka hin milkoofneef shoora ol'ana gumaacheera, gumaachaas jira.Kanaafuu, hojiirra oolma aangoo fi gahee hojii OS labsii kana keessatti tumame waliin wal qabatee rakkoon hiikkoo labsichaa fi raawwii akkasumas, garagarummaan hojimaata labsii kanaan wal qabatee manneen murtii keessa jiru kun maal irraa maddee? Gadi-fageenyii rakkoolee kanaahoo akkamitti ibsama?dhimmi jedhu hima rakkoo qorannoo kanaati.

Akkatuma kanaan, qorannichi adda duraan gaaffilee qorannoo (***research questions)*** armaan gadii kan deebsu ta'a:

- Bu'uura muuxannoo biyyoota adda addaan angoo fi gaheen hojii OS maal maal fa'i?
- Rakkoleen hiikkoo seeraa labsii lak.141/2000 waliin wal qabatee ka'uu danda'u jiraa? Yoo jiraate akkamitti ibsama?
- Rakkoleen hojimaataa aangoo fi gahee hojii OS ilaalchisee labsii lak.141/2000 irratti manneen murtii nannoo Oromiyaa keessa jiru maali? Sababoonni isaaniihoo?
- Rakkooleen kunniin kenniinsa tajaajila haqaa irratti miidhaa maali geessisaa jiru?

1.2. Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon gooro qorannoo kanaa rakkoolee hiikkoo seeraa fi raawwii, aangoo fi gahee OS manneen murtii Oromiyaa labsii lak.141/2000 waliin wal qabatan adda baasuun

furuudhaan kenniinsa tajaajila haqaa naannuchaa qulqulluu fi si'awaa ta'e gama kanaan dhugoomsuu dha. Bifuma kanaan, qoranichi kaayyoo gooro kana galmaan ga'uuf adda duraan kaayyowwan gooree armaan gaditti tarreefaman qaba:

- Aangoo fi gahee OS waliin wal qabatee muxannoo akka addunyaatti jiru sakata'uu,
- Dhimma aangoo fi gahee OS manneen murtii Oromiyaa waliin wal qabatee rakkoo hiikkoo seeraa fi raawwii addatti agarsisuun miidhaa inni kenniinsa tajaajila haqaa irratti gessisaa jiru beeku, fi
- Aangoo fi gahee OS ilaalchisee sababa rakkooleen hiikkoo seeraa fi raawwii umamuu danda'e adda baasuun yaada furmaata akeeku

1.3. Faayida Qorannichaa

Qorannichi adda duraan seeraa fi barmaatii angoo fi gahee hojii OS waliin wal qabatee manneen murtii naannoo Oromiyaa keessa jiru irratti kan xiyyeefate dha. Qorannichi rakkinoota seeraa fi raawwii dhimmicha waliin wal qabatee mul'achaa jiru addatti waan agarsiisuuf, kenniinsa tajaajila haqaa si'awaa fi qulqullina qabu manneen murtii keessatti dhugoomsuuf faaydaa ol'aana qaba.Kun ammoo akkuma waliigalaatti, ergama manni murtii nannuchaa qabu bifa yaadameen akka galma ga'u kan taasisuu fi amantaa ummanni manneen murtii irratti qabu guddisuun tattaffii foyya'insa sirna haqaa akka naanuchaatti gaggeeffamaa jiruuf gumaacha ol'aana qaba.

1.4. Fayyadamtoota Qorannichaa

Institiyutiin, Manni Murtii Naannoo Oromiyaa, OS naannoo Oromiyaa, Biiroon haqaa Oromiyaa, Seera baastuun caffee, ummannii fi qamoleen biroo Institiiyuutii waliin hariiro qaban marti fayyadamtoota bu'aa qorannichaati.

1.5. Daanga Qorannoo

Qorannoon kun rakkoo seeraa fi raawwii angoo fi gahee hojii OS labsii lak.141/2000 qofa irratti kan daanga'u dha. Aangoo fi gahee hojii OS labsii armaan olitti caqasame keessatti tumame xiinxaluuf akkuma barbaachisummaa isaatti aangowwanii fi gaheewwan hojii OS seerota adeemsa keessa jiran ni ilaalamu.

1.6. Hir'inna Qorannichaa

Qorannoon kun bifa gumee qorannoo kana keessatti ol kaa'ameen akka galma hin geenyeef yaaddoon dhaabiinsi barruulee dhimma qorannoo kana irratti barreefamanii jiraachuun hir'ina qorannichaati.

1.7. Mala Qorannoo

Qorannoo kana gaggeessuuf, odeeffannoowwan rogummaa qaban malawwan qorannoo adda addatti fayyadamudhaan guuruun barbaachisaa dha.Kanaaf ammoo, muuxxannoo fi yaada waliigalaa OS keessattuu angoo fi gahee hojii isaanii waliin wal qabatani rakkoolee hiikkoo seeraa fi barmaatii jiru beekuudhaan yaada guduunfaa sirrii ta'e irra gahuuf mala qorannoo adda addaa qorannicha keessatti fayyadamuun barbaachisaa dha.

Akkuma qaama gumee kana keessatti ibsuuf yaalame, qorannichi aangoo fi gahee hojii OS labsii lak.141/2000 ilaalchisee rakkoo hiikkoo seeraa fi raawwii irratti kan xiyyeefatudha.Kun ammoo, dabareedhaan sakata'iinsa barruulee fi daatawwan adda addaa bifa adda addaan guuru barbaada. Kanaafu, qorannicha gaggeessuufis malli qorannoo qulqullinaa (qualitative research methodology) fi malli qorannoo baay'inaa (quantitative research methodology) raawwatiinsa argateera.Sababiin isaa, odeefannoowwan qorannichaaf barbaachisan hunda argachuuf tattaaffii godhamu keessatti malli qorannoo qulqullinaa raakkoo hiikkoo seeraa xinxaluuf yoo fayyadu, malli qorannoo baay'inaa ammoo odeeffannoo haala raawwii labsichi qabatamaan itti

hojjetamaa jiru agarsiisu fi rakkoolee qabatamaan mul'ataa jiran adda baasuuf waan tajaajiluufi.

Bu'uuruma kanaan, mala qorannoo baay'inaan daatawwan funaanuuf tooftaawwan funaansa daata af-gaaffii, bar-gaaffii,marii garee fi xiinxalla dhimmaatti kan fayyadamne yoo ta'u, odeefannoowan bifa kanaan argaman adda duraan dhimmoota raawwii waliin wal qabatee rakkoo manneen murtii keessatti mul'achaa jiruu fi miidhaa inni kenniinsa tajaajila hojii abbaa seerummaa irratti qaqqabsiisaa jiru kan mul'isu ta'ee xinxala qorannichaa irratti hojiirra ooleera. Akkasumas, odeeffannoowwan sakata'iinsa barruulee garaa garaa irraa argaman, fakkeenyaaf, kitaabota, madda elekteronikaa, qorannoo dhaabbilee biyya ambaa adda addaan gaggeefamanii fi bu,aan qorannoo JBHA mana murtii naannoo Oromiyaa mala qorannoo qulqullinaa ta'uun maalummaa yaada rimee OS fi, angoo fi gaheen hojii OS manneen murtii keessatti maal maal akka ta'e xinxaluuf itti fayyadameera.Kun ammoo, dabareedhaan rakkolee hiikkoo seeraa labsii lak.141/2000 waliin wal qabatee jiru beekuun yaada furmaata akeekuuf nu gargaara.Kana malees, muuxannoowwan biyyoota ambaa keessa muuxannoon biyyaa Amerikaa, Jarmanii,Faransaay fi biyyoota Gamtaa Awurooppaa dhimma qorannoo kana waliin muuxannoo gaari dha jedhamanii itti amanamuu irra darbee, seeronni adeemsa keenya keesattuu kan biyya Faransaayi fi Amerikaafa irraa kan fudhataman waan ta'eef qorannichaaf haalan rogummaa qabu jedhamee waan itti amanameef xinxala qorannoo kana keessatti ilaalamaniiru. Kana malees, dhimma kana ilaalchisee sanadni gamtaa Awuroppaan mirkanaa'e tokko kan ilaalame yoo ta'u, kunis muuxannoo biyyoonni Awurooppaa baayyeen ofitti fudhatan ta'urra darbee haala qabatama biyyoota baayyee keessa jiru bakka tokkotti ilaaluuf waan gargaaruuf qorannichaan keessatti ilaalameera.

Mala qorannoo baay'inaan wal qabatee adeemsi af-gaaffiini fi mareen garee itti gaggeefame abbootii seeraa, abbootii alangaa, OS, abukaattota fi abbootii dhimmaa irratti kan xiyyeefate ta'ee, bar-gaaffiin abbootii dhimmaa irraa kan hafe qaamolee

armaan olitti ibsaman hunda kan hirmaachiise ture.Akkasumas, xinxalli dhimmaa sadarkaa mana murtii godinaa fi aanaa irratti taasifameera.

Tooftaan funansa daata qorannoo armaan olitti ibsamaan bifa sampliitiin sadarkaa aanaa, godinaa, biiroo fi Mana Murtii Waliigalaa irratti gaggeefame.Haaluma kanaan, sababoota adda addaa irratti hundaa'uun jechuunis bu'uura muuxannoo jiruun bakeewwan odeefannoon gaarii fi rogummaa qaban ni argamu jedhamanii yaadamanii fi naannoo Oromiyaa bakka bu'uu ni danda'u bakkeewwan jedhaman keessaa mana Murtii Waliigala Oromiyaa (MMWO) fi Biiroo Haqaa dabalatee godinaaleen shanii fi anaaleen godinaale kana jala jiran kudhan filatamaniiru. Bifuma kanaan, godinaalee torban jechuunis godina Shawaa Bahaa, Adda adaama, Jimmaa, Lixa Shawaa, lixaa Harargee, Arsii fi Bahaa Wallaga irratti bar-gaffiinii fi af-gaffiin akkaata baayina gabatee armaan gadii keessatti ibsameen gaggeeffameera:

Gabatee lak.1

Madda Odeefannoo	**Baayyina bar-gaaffii guutame**		**Baayyina af-gaaffii gaafatame**		**Ida'ama**	**Ibsa**
	Aanaa	**Godina**	**Aanaa**	**Godina**		Sakata'iinsa galmee ilaalchisee godina tokko irratti galmeen shan walumaa galatti sakata'iinsi galmee 35n taasifameera.
Abbaa seeraa	67	35	40	20		
Abbaa Alangaa	17	17	11	11		
OS	75	35	41	60		
Abukaattota	----	----	----	23		
Abbootii Dhimmaa	----	----	46	18		
Ogeessota Biroo	-----	-----	----	8		
Ida'ama Walii gala	159	87	142	145	**533**	

IBSA: Lak. 3 baayyina af-gaaffii gaggeefamee ykn bar-gaaffii guutameeagarsiisa

- Lak. 5 baayyina godinalee agarsiisa
- Lak. 10 baayyina aanaalee agarsiisa
- Mareen garee sadii(Mana murtii Hararge bahaa, Arsii Asallaa fi Wallagga Bahaa) abbootii seeraa waliin kan adeemsifame yoo ta'u fi godinaalee torbanittuu mareen garee torba Ofisaroota Seeraa waliin gaggeeffameera.
- MMWO fi Biroo haqaatti bakkee lachuuttu bar-gaffiini fi af-gaaffiin shan shan gaggeeffameera.

BOQONNAA LAMA

2. Aangoo fi Gahee Hojii OS: Maalummaa OS fi Muxannoo Biyyoota Ambaa Tokko Tokko

2.1. Maalummaa OS

Akka barruleen adda addaa mul'isanitti yaada-rimeen Ofisara Seeraa (OS) jedhu bu'uuraan ogeessota manneen murtii keessa hojjetan kan agarsiisu waan hin taneef akka ogeessa mana murtii keessa hojjetu tokkootti hiika itti laachuun rakkisaa ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf, biyyaa Ameerikaa keessatti yaadni OS jedhu nama raayyaa waraanaa keessatti ogummaa seeraan tajaajilu kan agarsiisu dha.[7] Kitaabni tokko haaluma yaada kana deeggaruun OS jechuun ogeessa seeraa ta'ee nama mana murtii waraana keessa hojjetu haala jechuutiin dhimmuma kana yoo ibsu *"…..a Legal Officer is determinant key personnel in the successfulness of military justice…."*[8] jechuun ibsa. Guboon jechoota seeraa "Black's Law"s jecha kanaaf hiika yeroo laatu, yaadota armaan olitti eeraaman waliin haala walitti dhufenya qabuun:

"(1) The officer responsible for hundling military justice within a command (2) The adviser and assistant to a commanding-officer on military-law matters (3) Any commissioned officer of the Navy, Marine corps, or Coast Guard who has been designated to perform legal duties for a command" [9] jechuun haala adda addaan bakka tokkotti ibsa itti laateera.

Egaa yaadota armaan olii irraa hubachuun akkuma danda'amutti Ofisarri Seeraa ogeessaa seeraa yoo ta'u, keessattuu barnoota seera waranaa (war law) kan beeku fi, waldhabdeewwan raayyaa waraanaa gidduutti uumamu hiiku ykn yakka raayyaan waraanaa raawatef kenninsa tajaajila murtii keessatti gahee hojii adda addaa irratti ramadamee hojjechuun murtiin manneen murtii waraanan (Military Courts) laatamu

[7]Griffin v. County School Board,*Conduct Tending To Defeat the Effect of Appeal Pending in Military Court*, Ful. 78

[8] Delmer Karlen, *Military Court,* Ful 97

[9]Bryan A. Garner, *Black's Law Dictionary*, (Maxxansa 8ffaa) Ful 1119

bu'a qabeessa akka ta'uuf ogeessa shoora mataa isaa taphatu dha jechuuun ni danda'ama.

Hiika OS waliin wal qabatee gara seerota keenyaatti ammo yoo deebinu, moggaasni kun seerota keenya keessattis hangas mara kan beekamu miti. Moggaasni kun yeroo jalqabaaf labsii manneen murtii naannoo Oromiyaa irra deebi'uun hundeessuuf bahe lak. 141/2000 irratti kan moggaafame dha. Labsiin kun kewwata isaa 2(10) jalatti moggaasa OS jedhu yoo hiiku:

"*Ofisara Seeraa jeechuunseera deemsa falmii keessatti reejistraara yookiin hogganaa mana galmee jedhamuun kan beekkaman kan bakka bu'u ta'ee nama hojii kenninsa tajaajila abbaa seerummaa hojjachuuf gumiidhaan muudame jechuu dha"* jechuun hiika

Akka hiika labsii kanaan moggaasa OS jedhuuf laatameen labsichi kallatidhaan maalummaa OS kan hiike miti. Inumaayyuu namni hiika kana dubbisu yaadichi maal jechuu akka ta'e haalaan hubachuuf dursa seerota adeemsa falmii jalatti yaadni "reejistraara" jedhu maal akka ta'ee fi hojiiwwaan Kenniinsa Tajaajila Abbaa Seerummaa (KTAS) jalatti haammataman maal maal fa akka ta'an beeku barbaada.

Akkatuma kanaan, labsiin kun dhimma KTAS jedhu keewwata 2(9) jalattii yoo hiiku:

"Kenniinsa Tajaajila Abbaa Seerummaa (KTAS) jechuun adeemsa hojii tajaajila baniinsa galmee irraa eegalee hanga murtii kan hammatu ta'ee garagalcha galmee adda addaa kennuu waliin wal-qabatee hojiilee raawwataman kan dabalatu dha" jechuun ibsa.Bu'uura kanaan KTAS baniinsa galmee irraa jalqabee hanga kenniinsa murtiitti adeemsa jiru hogguu ta'u tajaajila garagalcha galmee kennuu waliin wal qabatu hunda kan of keessaatti hammatuu dha.

Gama biraatiin, seeronni adeemsaa keenya moggaasa "reejistraara" jedhu bifuma hiika labsichaan maqaa OS jedhuuf laatame waliin wal fakkaatuun kallatiin kan hiika itti laatan miti. Seerri Adeemsa Falmii Hariiroo Hawaasaas ta'e Seerri Adeemsa Falmii Yakkaa moggaasa kana haala wal fakkaatun yoo hiikan:

"'Registrar' shall mean the registrar or assistant registrar of a court and shall include any clerk of court assigned by the registrar to carry out all or part of the duties of a registrar"[10] jedhu.

Akkaa hiikkoo kanaatti seeronni adeemsaa keenya reejistraara fi hojjettoota deeggarsaa reejistraara jalatti hammatamanii adeemsa falmiif haala mijeessan hunda"reejistraara" jedhanii waamu.Qaamoleen kun ammoo qabatama manneen murtii keenya keessa jiruun warreen reejistiraara mataa isaa, gargaartoota reejistiraaraa, barreessitoota dhaddachaa, bantuu galmee, Itti gaafatamaa mana galmee, hojjattoota daataa beezii, waraabduu sagalee, hiiktuu afaanii jedhamanii caasaadhaan beekamaniidha.[11]

Akkaatuma kanaan, hiika labsichaan OSf armaan olitti laatametti yoo deebinu, OS jechuun caasa KTAS keessaa tokko ta'ee ogeessota KTASf haala mijeesudhaaf yeroo galmeen banamuu kaasee hanga galmeen cufamuutti kallattiin hojii abbaa seerummaa deegaranii fi manneen murtii keessa tajaajilan jechuu dha. Kana jechuun garuu ogeessonni manneen murtii keessatti KTASf kallattiin gargaarsa laatan hunduu OS jedhamanii waamamu jechuu akka hin taane hubatamuu qaba. Kunis ogeessi kallattiin hojii abba seerumma deeggaru tokko OS jedhamee waamamuuf muudamaa gumii ta'ee aangoo fi gahee hojii labsichaan addatti tumamame raawwachuuf ittigafatamummaan kan irratti gatame ta'uu qaba. Labsiin Lakk. 141/2000 kunis akkatuma armaan olitti ibsameen hojjettoota KTAS deeggaraan kanneen maqaa tokkoon OS jedhee waama waan ta'eef erga labsiin kun bahee hojiirra oleen booda manneen murtii naannoo Oromiyaa keessattii namni reejistraara ykn hogganaa mana galmee jedhamee waamamu hin jiraatu jechuu dha.[12]

[10] Seera Adeemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa fi Seera Adeemsa Falmii Yakkaa Kewt.3 ilaala

[11] Isira'eel Itti'aansaa fi Bahaaruu Gurmeessaa,*Labsii Haaraa Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebi'anii Hundeessuuf Bahe: Qunnamtii Seeroota Deemsa Falmii Wajjiin Qabuu fi Aangoo Ofisara Seeraa (Moojulii Leenjii Hojiirraa),* Ful. 6

[12] Adeemsi kunii fi dhimmoonni baayye labsichaan hammataman yoo ilaalluu labsichi seerota adeemsaa jijjireera kan nama jechisiisu yoo ta'u, motummooleen naannoo angoo kana qabuu? yaadin jedhu mataa isaatiin kan nama wal falmisiisu dha. Yaadni kun ammoo daanga qorannoo kana ala ta'uurra darbee, qorannoo mataa isaa kan barbaadu dha.

Biyyoota Awurooppaa baayyee keessatti ogessonni abbootii seeraaf bifa labsii kanaan tumameen KTASf gargaarsa laatan OS osoo hin taane, "Reejistraara"[13] jedhamuun yoo beekaman, biyya Ameerikaa fi biyyoota kolonii Inglandi[14] jala turan keessatti ammoo maqaa hojjettoota dhaddachaa (Court Clerk)[15]jedhamu kanaan beekamu. Biyyoota baayyee kessaatti, fakkeenyaaf, biyyoota akka Inglaandi, Jarmanii, Hindii fi kkf keessattiis maqaadhuma "Court Clerk" jedhu kanatu irra jireessaan itti fayyaadinsa qaba.Gargaartonni dhaddachaa kun bifa adda addaan, fakkeenyaaf, yaada seeraa (legal opinion) qopheessuun, waamicha fi murtiiwwan manneen murtiin kennaman biroo wixineessuunii dhiyeessun; sanadoota dhiyatan gurmeessun; dhagahaaf beellamuu fi haala mijeessuu akkasumas, haala biroon abbootii seeraa kan gargaarani dha. Ogeessonni kun ogeessota gargaartota abbaa seeraa (Law Clerk) jedhamuun beekaman irraas adda. Gargaartonni abbaa seeraa akkuma ogeessoota gargaartota dhaddachaa abbaa seeraa kan gargaaran yoo ta'an illee, hojiin isaanii abbaa seeraaf haalaa mijeessuu osoo hin taane, yaada murtii fi xiinxala seeraa irratti abbootti seeraa kan gargaarani dha. Isaan kun biyya keenya keessattis gargaara abbaa seeraa jedhamuun beekamu.

Egaa ibsa armaan olii irraa hubachuun akka danda'amutti Labsiin manneen murtii naannoo Oromiyaa bifa haaraan hundeessuuf bahe kun maaliif maqaa duraan seerota ademsaa keenya jalatti ogeessota "Reejistraara" jedhamanii waamamaa turan OS jechuun irraa deebi'uun moggasuun barbaachise? gaaffii jedhuuf labsichi sababa mataa isaa kan qabu yoo ta'u[16] moggaasni OS, gargaara dhaddachaa fi reejistraara jedhu yaada walitti siqu kan bakka bu'an ta'ee, haallii itti fayyadama isaanii garuu biyyaa biyyaatti adda adda: biyyoonni bayyeen moggaasa gargaaraa dhaddachaa ykn

[13] Reejistraara jechuun nama hojii galmee waliin wal qabatu hogganuu fi to'atu jechuu dha. Guuboon jechoota seeraa "Black's Law"s bifuma yaada kana deeggaruun jechicha yoo hiiku *"....a person who keeps official records…." jechuun ibsa (*Bryan A. Garner, *Black's Law Dictionary*, (Maxxansa 8ffaa) Ful.1309)

[14]Mira Gur-Arie,*Legal and Court Staff in the United States Judiciary,* Ful.8

[15] Guuboon jechoota afaan Ingliffaa jecha "Clerk" jedhu yoo hiiku *"somebody at service desk who helps or assist other peoples"* jechuun ibsa

[16]Moggasni seerota adeemsaa keenya jalatti "Reejistraara" jedhamuun moggaafame haala qabatama caasefama manneen murtii keenyaa bu'ura JBAHn bifa haaraan caasefamee waliin kan wal simu kan hin taaneef maqaa kana OS jechuun irra deebi'anii moggaasuun barbaachiseera.*(Af-gaaffii namoota labsicha wixineessan waliin taasifame)*

reejistraara jedhu yoo fayyaadaman, moggaasni OS jedhu haala labsiin 141/2000 hiikkaa itti lateen biyyoota ambaa keessatti yeroo ittifayyadiinsa qabaatu hin hubatamu.

2.1. Angoo fi Gahee Hojii OS, fi Muuxannoo Biyyoota Ambaa Tokko Tokko

2.1.1. Angoo fi Gahee Hojii OS, fi Muxannoo Biyya Amerikaa

Heerri mootummaa biyya Amerikaa sirna mootummaa Federalaa kan deeggaru dha. Sirni kun ammoo qajeeltoo qoodinsa angoo mootummaa (Principle of division of power) mootummaa giddu-galeessaa fi mootummolee naannoo gidduutti jiraachuu akka qabu kan agarsiisu dha. Bu'uuruma kanaan, heerri biyya Amerikaa kun angoo murtaa'an qofa mootummaa giddu-galeessaaf laatee angoo mootummaa hafan hunda (Residual power) mootummalee nannoof dhiseera.[17]Aangoo kana hojiirra oolchuuf ammoo mootummaan giddu-galeessas ta'e mootumaleen naannoo qaama seera baastuu, seera raawwachiiftuu fi seera hiiktuu mataa mataa isaanii hundeessaniiru.[18] Akkaatuma kanaan, motummoleen naannoos ta'an mootummaan giddu galeessaa manneen murtii seeraa hiikan kan mataa mataa isaanii qabu. Kanaaf, biyya Amerikaa keessatti manneen murtii mana murtii mootummaa giddu-galeessaa/Federaalaa fi mana murtii naannolee jedhamuun bakka gurguddaa lamatti qoodamu jechuun ni danda'ama. Manneen murtii Federaala gosi adda addaa yoo jiraatan illee, isaan keessaa manni murtii waliigalaa (Supreme Court), manni murtii naannowaa (Circuit Court) fi mannii murtii sadarkaa jalqabaa (District Court) adda duraan caqasamu.[19]Haaluma wal fakkaatuun, sadarkaa mootummolee naannoottis manni murtii akaaku adda addaatu jiru.[20] Dhimmoota manneen murtii naannoleetiin ykn manneen murtii mootummaa giddu-galeessan ilaalamuu qabanis heerichi addatti lafa kaa'ee jira.Fakkeenyaaf, dhimma kisaara (bankruptcies) waliin wal qabatee manneen murtii naannolee angoo abbaa seerummaa kan hin qabne yoo ta'u, dhimma maatii waliin wal qabatee ammoo

[17] Madda lak.14
[18] H. Erly, *Constitution for the United States of America,* Ful.109
[19] http://www.uscourts.gov/EducationalResources/FederalCourtBasics/CourtStructure/UnderstandingFederalAndStat
[20] Fakkeenyaaf sadarkaa mootummaa nannooleetti manneen murtii beekaman keessaa manni murtii dhimmoota murtaa'e qofa (Dhimma maatii, dhaalaa, tiraafikii fi kkf) ilaalu, manni murtii sadarkaa jalqabaa, manni murtii ol'iyyannoo fi manni murtii sadarkaa ol'aana ni caqasamu.

manni murtii motummaa giddu-galeessaa angoo abbaa seerummaa hin qabu.[21] Inumaayyuu biyya kana keessatti dhimmoonni baayyeen sadarkaa manneen murtii naannootti qofa kan ilaalaman yoo ta'u, manneen murtii sadarkaa mootummaa Federaala dhimmoota hiikkoo heeraa, waldhabdee lamilee biyyoota adda addaa lamaa fi isaa ol gidduutti ka'uu fi wal dhabdeewwan umamaan dhimma idil-adunyaa (International disputes) ta'an qofa irratti kan daangefame dha.[22]

Sadarkaa Federaalattis ta'e sadarkaa mootummolee nannootti manneen murtii ergama isaanii bifa barbaadameen akkasumas, bu'uura heera mootummaatiin keessattuu, mirgoota lammiilee bifa kabachiiseen[23] galmaan gahuuf hojjetoota adda addaan kan ijaarame dha. Gaheen hojii fi sadarkaan hojjettoota kanaa kan mana murtii nannoo tokko keessa jiru kan mana murtii naannoo biraa keessa jiruu waliin yeroo tokko tokko wal fakkaachuu dhabuu mala. Haata'uyyuu malee, akaakuun caaseffama hojjetootaa bakkeewwan baayyeetti beekamanii fi manneen murtii mootummaa Amerikaa keessaa tajaajilan kunniin bakka sadiitti qoodamu: ogeessota hojii abbaa seerummaa hojjetan (Judiciaries), Gargaartotta abbootii seeraa[24] fi hojjettoota bulchiinsaa (Adminstrative Staff) jedhamuun beekamu.[25]

Ogeesonnii hojii abbaa seerummaa hojjetanii fi "Judiciaries" jedhamuun beekaman abbootii seeraa qofa osoo hin taane, ogeessota seeraa biroo illee ni dabalata. Kanneen keessaa warra yeroo durii komishineroota (Commissioners) jedhamuun beekamanii fi yeroo ammaa irra jireessaan "Maajistreet"[26] jedhamanii waamaman caqasuun nidanda'

[21]Madda lak.16

[22] Madda lak.14 Ful.2

[23] Fakkeenyaaf, mirgoota heera mootummaa keessatti lamileef laataman keessaa tokko murtii yeroo gabaaba keessatti baasii xiqqaan argachuu danda'uun kan caqafamu dha.

[24] Akkuma armaan dura ilaalle ogeessonni kun gargaara abbaa seeraa ta'uun abbaan seeraa tokko murtii seera irratti bu'urefate tokko laachuu akka danda'uuf yaadaan kan gargaaru (providing legal opinions) fi keessattuu dhimmoota kanaan dura dhimma wal fakkaatu irratti murtaa'an adda baasuun yaada isaa abbaa seeraaf kan dhiyessu dha. *(http://en.wikipedia.org/wiki/Law_clerk)*

[25]Madda lak.14Ful.3

[26] Guuboon jechoota seeraa Black's Law jecha kana yeroo hiiku "*A minor law officer or member of a local jurisdiction with extremely limited power"* jechuun ibsa

ama.[27]Sadarkaa manneen murtii Federaalatti Majistreeroonnii dhimmoota abbaa seeru mmaa barbaadan tokko tokko irratti keessattu dhimmoota dhagaha duraa keessaatti ke esummefamanii fi dhimmoota sasalphaa (Petty matters) ta'an irratti murtii laachuuf angoo qabu.[28] Angoon qaama abbaa seerummaa kanaa bakka bakkatti adda adda haata'uyyuu malee, hojiin qaamni abbaa seerummaa kun raawwatu garuu abbootiin seeraa dhimmoota ijoo ta'an qofa irratti akka xiyyeefatanii hojjetan dandeessisuuf shoorri inni gumaachaa jiru kan nama wal falmisiisu miti.[29]

Sadarkaa manneen murtii Federaalattis ta'e naannooleetti abbootiin seeraa dhimmoota barbaachisoo ta'an qofa irratti yeroo isaanii akka dabarsaniif abbaa seeraa tokkoof gargaaran abbaa seeraa tokko ni ramadama.Keessattuu biyyoota akka Amerikaa sirna seeraa koman loow hordofan keessatti ogeessonnii kunniin daran barbaachisoo dha.Sababiin isaa wal dhabdee tokko murteessuuf abbootiin seeraa dhimma wal fakkaatu irratti murtii kanaan dura laataman hedduu sakata'uuf waan dirqamaniifi.Kun ammoo dhimma tokko murteessuuf yeroo baayyee gaafata. Kanaaf gargaaraan abbaa seeraa kun irra jireessaan abbaa seeraa dhimma amma qabate irratti murtii ga'umsa qabu akka laatuuf dhimmoota kanaan dura murtaa'an qorachuun bu'aa qorannoo isaatii abba seeraaf waan dhiyessuuf abbaan seeraa yeroo isaa hin qisaasessu jechuu dha. Kana malees, gargaaran abbaa seeraa tokko abukaattota waliin mari'achuun yeroo falmii ni murteessa, ajajoota abbaa seeraan laataman ni wixneessa, yaada wal falmitootan ka'anii fi dhimmoota galmee waliin wal qabsiifaman xinxaluun yaada walii gala (Summary of facts) abbaa seeraaf ni dhiyeessa, murtii abbaa seeraan barreeffame ni gulaala, yaadas itti ni laata.[30]

Hojiin bulchiinsa manneen murtii biyya Ameriikaa kan raawwatamu hojjettoota deegarsaatiini. Hojiin bulchiinsaa kun ammoo hojiiwwan tajaajila abbaa seerummaa kennuun alatti hojiiwwan jiran kan of keessatti haammatu yoo ta'u kanneen keessaas

[27] Madda lak.14 Ful.4
[28] Madda lak.14
[29] Madda lak.14
[30] Madda lak.14 Ful.5

dhimmoota galmee fi kaffaltii tajaajila abbaa seerummaa waliin wal qabatan hoogganuun adda duraan caqasamu. Hojiin bulchiinsa mana murtii tokko keessatti gaggeefamu kun ammoo abbaa seeraa dursaa ykn Perezidaantii (Chief Judge/Court Perizdant) mana murtichaan kan hogganamu yoo ta'u, raawwii hojii bulchiinsaa guyya guyyaan hojjetamuuf ammoo adda duraan ittigafatamumma kan fudhatu hojjettoota dhaddachaa (Court Clerks) jedhamuun warreen beekamani dha.[31] Biyya Amerikaa keessatti hojjettoonni dhaddachaa kunniin muuxannoo hojii, sadarkaa guddinaa fi gahee hojii isaanii irratti hundaa'uun bakka sadiitti qoodamu.[32] Isaanis: akka duraa duuba isaaniin Hojjetaa Dhaddachaa Dursaa (Chief Court Clerk), Hojjetaa Dhaddachaa (Court Clerk) fi Hojjetaa Dhaddachaa itti Aanaa (Deputy Court Clerk) jedhamuun waamamu. Akka muuxannoo biyya Amerikaatti hojjettoonni dhadachaa kunniin hojjetoota mootummaa (Civil Servants) ta'uudhaan mootummaan kan qacaramanii yoo ta'uu[33] manneen murtii sadarkaa Federaalattis ta'e naannolee irratti gahee hojii baayyee qabu.Seenaa dhufaatii hojjettoota dhaddachaa manneen murtii Amerikaa yoo ilaallu, akkuma jijjiramni manneen murtii yeroodhaa gara yerootti dabalaa adeeme dhimma yakkaas ta'e hariiroo hawaasaa keessatti aangoo fi gaheen ogeessota kanaa yeroodhaa gara yerootti babala'achaa adeemera.[34] Yeroo ammaa gahee ogessota kanaa barreessan tokko yoo ibsu:

"Court Clerks are responsible for the clerical and administrative work of the court system; they have no judicial power and they are always devoted to the office work particularly of routine admistrative duties such as to facilitate the judicial service rendering"[35]jechuun dubbata.

Akka barreessaa kanaatti biyya Amerikaa keessatti gaheen hojii hojjettoota dhaddachaa irra jireessaan hojii bulchiinsaa waliin kan wal qabatuu fi hojii abbaa seerummaaf haala mijessuun tajaajila abbaa seerummaa si'aawa taasisuudha.Kana malees, akka barreessaa

[31] http://legalcareers.about.com/od/courtroomcareers/p/Deputycourtclerk.htm
[32] Madda lak.31
[33] Madda lak.14 fi http://www.clerkofcourts.cc/pages/clerk_duties.htm ilaala
[34] American Federal Judicial Center, *Order in the Courts: A History of the Federal Court Clerk's Office*(2002).
[35] Madda lak.34

kanaatti, ogeessonni kun aango abbaa seerummaa dhimma ijoo dubbii irratti murtii laachuu isaan dandeessisu hin qabani.

Haala walii galaatiin dhimma yakkaa keessattis ta'ee dhimma hariiroo hawaasa keessatti gahee fi aangoo hojii hojjeettoota dhaddaachaa manneen murtii Amerikaa bakka gurguddaa shanitti qooduun ilaalun ni danda'ama.[36]

A) Hojiiwwan galmee murtii waliin wal qabatan hordofuu fi raawwachuu (Case Processing):-hojiin kun hojiiwwan hojjettoota dhaddachaaf laataman keessaa isa hangafa fi guddaa dha. Bu'uura gahee hojii kanaan hojjetaan dhaddachaa tokko galmeen tokko yeroo banamu irraa jalqabee hanga wal dhabdee sana irratti murtiin dhumaa tokko laatamutti hojiiwwan hedduu akka hojjetuuf eegama. Gaheewwan hojii kana hojiiwwan dhaddacha dura raawwataman, dhaddacha irratti raawwatamanii fi dhaddachaan booda raawwataman jechuun bakka saditti qoodnee ilaalu ni dandeenya:[37]

   i. Hojiiwwan hojjetaa dhaddachaa tokkoon dhaddachaan dura raawwataman:

      - Galmee banuu fi yeroo bellamaa laachuu:- yeroo galmeen banamu kana hojjetaan dhaddachaa tokko wantoota inni mirkaneesse banu keessaa himanni dhiyaatu bu'uura seeraan dhiyaachuu isaa, ragaan barbaachisaa ta'e hundi wal qabachuu isaa, sirna adeemsa falmii (the procedure of litigation the case requires) seeraa sirrii ta'e bu'ureffachuun kan dhiyaate ta'uu mirkaneefachuu fi kkf ni caqasamu
      - Galmee baname yeroo yeroon sadarkaa inni irra jiru hordofuun galmeessuu (docketing); abbaa dhimmaan yoo gafatamus kanuma beeksisuu
      - Kaffaltii barbaachisu hunda funaanu ykn akka funaanamuuf haala mijeessuu (arranging for payment of court fees)

[36] Madda lak.14 Ful.8
[37] http://www.onetonline.org/link/details/43-4031.01fi http://www.clerkofcourts.cc/pages/clerk_duties.htm

- Xalayaa yaamichaa (Summon) qaama barbaachisu hundaaf erguu fi dhaddachaaf haala mijeessuu
- Dhimmi dhiyaate abbootii seeraa idileen osoo hin taane namoota biroon (Jury) kan ilaalamu yoo ta'e haala filmaata namoota dhimmicha ilaalanii qindeessuu
- Ragoota, wal falmitoota, abukaattota fi abbootii alangaa quunamuun dhaddachaaf haala mijeessuu
- Wal dhabdee uumame ilaalchisee ciraan qabame yoo jiraate yeroo beellamaa dhaddaachaatti akka dhiyaatuuf haala hunda mijeessuu

ii. Hojiiwwan hojjetaan dhaddachaa tokkoon dhaddacha irratti raawwataman:
- Kakuu dhaddachaa kakisiisuu
- Adeemsa seeraa dhaddacharratti hordofame (procedure followed), yaada ragootaa, jala-murtii ykn murtii laatame fi kkf galmeessuu (Hojii barreessa dhaddachaa raawwachuu)

iii. Hojiiwwan hojjetaan dhaddachaa tokkoon dhaddachaan booda raawwataman:
- Sadarkaa galmeen sun irra gahe galmessuu (Docketing)
- Sadarkaa dhimmi sun irra jiru fi dhimmoota galmee sana waliin wal qabatanii gaaffii abbaa dhimmaa irraa dhiyaatu keesummessuu[38]
- Garagalcha murtii fi ol'iyyannoo qopheessuun laachu
- Ragaa gaa'elaa laachu

B) Galmee murtii, Baajata, qabeenyaa fi humna namaaa hogganuu (Management (of court records, budget, equipment, and personnel))

C) Raawwii hojii mana murtii keessattuu dhimma galmee waliin wal qabatan atoomeet (Automation) gochuu

[38] Haata'uyyuu malee, dhimmonni tokko tokko manneen murtii baayye keessatti gargaaran dhaddachaa icitummaan akka qabuuf yeroo seeraan daangeffamu qaba.Fakeenyaaf, mana murtii Oklaama keessatti sadrakkaa fi odeefannoo dhimma galmee ijoollee waggaa 18tii gadii (Juvenels), dhimmi maatii fi dhaaltummaa waliin wal qabatu irratti gargaaran dhaddachaa tokko odefannoo laachuu hin qabu

D) Hojii Staastikisii mana murtii hojjechuu (Statistics (collecting and reporting court statistical information))

E) Kutaa dhaddachaa gaggeessa dhaddachaaf mijataa gochuu (Court room Services):- kana waliin wal qabatee gaheen hojii gargaara dhaddachaa ogeessota biroo waliin ta'udhaan kutaa dhaddachi itti gaggeefamu gama hundaanuu qophii gochuu dha. Fakkeenyaaf, meeshaaleen barreefamaa hunda qopheessuu, sagalee guddistuu fi kkf mijeessuu of keessatti qabata.

Haalli casefama manneen murtii fi hojjetoota kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa biyya Inglaandiis muuxannodhuma biyyaa Amerikaa armaan olitti ibsame waliin kan wal fakkaatudha.Keessattuu gahee hojii hojjeettoota dhaddachaa waliin wal qabatee biyya kana keessattis hojiin isaanii irra jireessaan dhimmoota galmee waliin wal qabatan yoo ta'u, itti gafatamummaan isaaniis galmee kallattii fi/ykn ol'iyyannoo dhaddachaaf qophii gochuu dha.[39]Walifakkaatina biyyoota kana lachaan gidduu jiruuf wanti akka sababa guddaa tokkootti caqasamuu danda'u ammoo seeronnii fi sirni seera Amerikaa jalqaba kan fudhatame muuxannoo biyya Inglaandi kanarraa ta'uu isaati.[40]

2.1.2. Aangoo fi Gahee OS, fi Muuxannoo Biyya Faransaay

Biyyi Faransaay bu'uura heera mootummaa bara 1958 tumameen sirna dimokratawaa kan hordoftu yoo ta'u, aangoon mootummaas qaamolee mootummaa sadan seera baastuu, seera raawwachiftuu fi seera hiiktuu gidduutti kan qoodame dha.Biyya kana kessatti aangoon seera hiiku mana murtii qofaaf laatame waan ta'eef seera baastuunis ta'e seera raawwachiftuun mootummaa aangoo kana qaama biraaf laachus ta'e ofiin

[39] http://www.clerkofcourts.cc/pages/clerk_duties.htm

[40] Madda seera biyya Amerikaa kana ilaalchisee barreessaan tokko yoo ibsu "*The United States of American Legal system is a product of 17th and 18th century's transplantation of the British legal system. This legal system then was taken to Japan immediately after the Second World War (especially its constitutional law, criminal procedure and anti-trust law). Via the influence of international organizations such as the IMF and the World Bank, some aspects of constitutional law of the United States of America was transported to countries in Latin America, Africa and Asia" jechuun eera.* (Moradu Abdo, *Background to some legal traditions of the world*, Addis Ababa University, Law Faculty Ful. 147))

raawwachuuf deeggarsa heeraa hin qabani.[41] Akkaatuma kanaan, manneen murtii sadarkaa hundaarra jiran dhiibbaa bifa kamiirrayyuu bilisa ta'een hojii isaani raawwatu

Biyya Faransaay keessatti hojjettoonni manneen murtii keessa hojjetanii fi aangoo fi gaheen hojii isaanii caaseffamma manneen murtii irratti hundaa'uun adda adda.Biyya kana keessa mana murtii akaaku lamatu jira: mana murtii bulchiinsaa (Adminstrative Courts) fi mana murtii idilee (Judicial/Regular courts).[42] Manneen murtii bulchiinsa waldhabdee namoota dhuunfaa fi mootummmaa giddu-galeessaa ykn naannolee gidduutti uumamu kan ilaalu yoo ta'u, walumaagalatti himannaa mootummaa irratti dhiyaatu ilaale kan murteessu dha. Manni murtii kun mana murtii bulchiinsa sadarkaa duraa (the Administrative Court), mana murtii bulchiinsaa ol'iyyaannoo (Adminstrative Court of Appeal) fi mana murtii bulchiinsaa waliigalaa (Administrative Court of Supreme Court) jedhamuun bakka sadiitti qoodamee beekama.[43]Gama biraan, manni murtii idilee waldhabidee namoota dhuunfaa gidduutti ka'u ilaaluun yoo beekamu, mana murtii dhimma hariiroo, daldalaa fi hawaasummaa (Civil, Commercial and Social Court), mana murtii dhimma yakkaa (Criminal Court) fi mana murtii Ijibbaata (Cassation Bench) of jalatti haammata[44] Kana malees, manni murtii Oditii (Audit Court) jedhamee beekamuu fi himannaa qisaasefama baajeta mootummaa waliin wal qabatee dhiyaatu ilaaluf qofaatti mataa isaa danda'e hundeefames ni jira.[45]

Akkuma muuxannoo biyyoota kaanii ergama manni murtii qabu bifa yaadameen galmaan gahuuf keessattu ulfaatina hojii abbootii seeraa irratti uumamuu danda'u hanga danda'ame xiqqeessuuf manneen murtii sadarkaa adda addaa irratti argamanii fi armaan olitti maqaa dhahaman hundinuu hojjettoota adda addaa fi gahee hojii adda addaa qabaniin ijaaramaniiru.Akka waliigalatti garuu hojjettoota kana bakka

[41] The French National Assbely, *The 1958 French Constitution*, Article 64-68
[42]Council of Europe, The *profession of court registrar/Rechtspfleger*Ful.49-50
[43] Madda lak.42
[44] Madda lak.42
[45]http://en.wikipedia.org/wiki/Judiciary_of_France#Court_of_Audit

gurguddaa lamatti qoodanii ilaaluun ni danda'ama: abbootii seeraa fi hojjettoota deeggarsaa.[46]

Hojjetoota deeggarsaa manneen murtii keessaa kaayyoo qorannoo kanaa kan ta'anii fi reejistraara jedhamuun beekaman ni caqasamu.Isaanis matuma isaaniitiin ammas hojjetaa reejistraara dursaa (Chief Registrar) fi reejistraara jedhamuun bakka lamatti qoodamu.[47]Hojjetoonni manneen murtii kunakkuma sadrkaan isaani kun adda adda ta'edhimma hariiroo keessattis haa ta'uu dhimma yakkaa keessatti aangoo fi gaheen hojii isaan qabanis adduma adda.

Aangoo fi Gahee Hojii Hojjetaa Reejistraara Dursaa (Chief Registrar):[48]

Manneen murtii biyya Faransaay keessatti aangoo fi gaheen hojii hojjetaa reejistraara dursaa irra jireessaan dhimma hoggansaa irratti kan xiyyeefatu yoo ta'u, aangoo fi gaheen hoojii ogeessi kun qabu keessaa kan armaan gadiitti caqasame hangafoota:

- Kutaa reejistraara mana murtichaa hordofuu, qindeessuu fi hoogganuu
- Qabeenyaa (qabenya maallaqaa) fi facilitiwwan tekinikaa (technical facilities) ta'an hogganuu
- Haala qabiinsa galmee fi dhangala'a dhimmoota hordofuu fi hoogganuu
- Adeemsa kenna tajaajila abbaa seerummaa keessatti miseensota qaama abba seerummaa ta'an kallattii barbaachisuun gargaaruu (Assistance for the members of the judiciary at the various stages in court proceedings)

Aangoo fi Gahee Hojii Hojjetaa Reejistraara:

Manneen murtii biyya Faransaay keessatti ogeessii reejistraaraa tokko yoo xiqqaate seeraan digirii jalqabaa qabaachuun kan isarraa eergamu yoo ta'u,[49] aangoo fi gaheen hojii ogeessota kanaas mana murtii isaan keessa hojjetan irratti hundaa'uun adda adda.

[46] Madda lak 42 Ful.52
[47]Madda lak.46
[48] Madda lak.42 Ful.53-58
[49]http://www.greffe-tc-paris.fr/anglais/index.htm

Kunis, fakkeenyaaf, aangoo fi gaheen hojii reejistraara mana murtii daldalaa fi hawaasummaa (Civil, Commercial and Social Court) keessa hojjetuu fi mana murtii dhimma yakkaa (Criminal Court) ykn mana murtii dhimma maatii[50] keessa hojjetu dhimmoota tokko tokko irratti kan wal fakkaatu yoo ta'e illee, adda addummaa qaba. Akkaatuma kanaan, manneen murtii isaan keessa hojjetan irratti hundaa'uun aangoo fi gahee hojii isaanii akka armaan gadiitti haa ilaallu:[51]

a) Aangoo fi gahee hojii reejistraarri mana murtii yakkaa, daldalaa fi hawaasummaa (Criminal, Civil, Commercial and Social Court) keessatti qabu:

- Himata, iyyata, ol'iyyataa fi kanneen biroo gara mana murtii dhufu ulaagalee seeraa barbaachisu hunda guute dhiyaachuu isaa ni sakata'a, ni galmeessa, lakkoofsa itti ni laata (index), akka duraa duuba dhufaatii isaani ni qindeessa, ni kaa'a, ni eegas;
- Ajajoota fi ragaalee adda addaa yeroo adda addaa dhufu akkaata rogummaa isaatiin galmee waliin wal qabsiisa;
- Dhaddacha irratti argamuun ajaja, murtii fi jala murtii mana murtiin laatame akkasumas, yaada ragoota ni galmeessa;
- Gargalcha murtii ol'iyyannoo fi ragaalee ol'iyyannoof barbaachisan hunda ni kenna, kaffaltii tajaajila kanaas ni fuunaana;
- Xalayaa waamichaa abbootii dhimmaa fi ragootaaf ni erga, guyyaa dhagaha dhaddachaaf beelamametti akka argamaniifis hordoffii barbaachisu hunda ni taasisa;
- Falmii kamiinuu keessatti dhimma kakuu waliin wal qabatu hunda (kakuu namoonni taasisanis ta'e kan galmee irratti kakatamu) ni hooggana;

[50] Manni murtii kun mana murtii dhimma daldalaa fi hawaasummaa jalatti kan haammatamu yoo ta'u, hoggansa galmeef akka tolutti manuma murtii kana jalatti of danda'e hundeefameera
[51] Madda lak.42

- Ajaja mana murtiin laatamee fi dhaddacha irratti galmaa'e bu'uruma sanaan wixneesse abbaa seeraaf qopheesse dhiyeessa;
- Hoggansa reejistraara dursaatiin dhimma dhangala'a dhimmoota ni hordofa, ni gabaasas;
- Kakuu dhaddachaa ni hoggana

b) Aangoo fi gahee hojii reejistraarri mana murtii dhimma maatii keessatti qabu:

- Iyyannaa arifachiisaa ta'e fuudhuun ilaalu, qaama barbaachisuttis ergu
- Dhimma araara maatii irratti hirmaachuu
- Ajaja mana murtiin dhaddacharratti laatamu wixineessuun abbaa seeraaf dhiyessuu
- Dhimma qallaba (maintenance) waliin wal qabatee ka'u irratti falmii jiru ilaaluun murtii laachuu
- Galmee murtii argatanii fi hin arganne adda baasuun sadarkaa galmeen irra jiru yeroo yeroon hordofuu
- Galmee waliin walqabatee odeeffannoo akka barbaachisummaa isaatti abbaa dhimmaa beksisuu
- Diiggaan ga'elaa seeraan yoo taasifamu qabeenya dhirsaa fi niitii adda qoodu fi/ykn adeemsa qoodinsa kanaa hordofuu

2.1.3. Angoo fi Gahee Hojii OS, fi Muuxannoo Biyya Jarmanii

Biyyi Jarmanii sirna seeraa sivil loow kan hordoftu dha. Gama biraan, heerrii mootummaa biyya Jarmanii keewwata 92-96tti jiru waayee caaseeffama manneen murtii biyyichaa kan dubbatu dha.Bu'uura heera mootummaa kanaan manneen murtii bilisummaa guutu qaban qaama mootummaa isa sadaffaa ta'uudhaan sadarkaa mootummaa Federaalaa fi naannotti hundeefamaniiru.[52] Sadarkaa lachuuttu caaseeffama manneen murtii akaaku sadiitu jira: [53]

[52] http://archiv.jura.uni-saarland.de/english/Publications/court.html
[53] Madda lak.42

a) ***Mana murtii Idilee (Ordinary Courts):-*** Manneen murtii kun sadarkaa mootummaa Federalaattis ta'ee sadarkaa mootummoolee naannootti dhimmoota yakkaa fi hariiroo hawaasaa ilaaluuf aangoon laatameeraafi.
b) ***Manneen Murtii Addaa (Specialized Courts):-*** Manneen murtii kun ammoo irra jireessan wal dhabdeewwan bulchiinsaa ilaaluf kan aangoo qaban yoo ta'u, wal dhabdeewwan akka dhimma hojjeta fi hojjechiisaa, mirga kalaqa sammuu (Patent Rights) fi dhimmoota hawaasummaa irrattis murtoo ni laatu.
c) ***Manneen Murtii Heeraa (Constitutional Courts):-*** sadarkaa mootummaa Federaalattis ta'e sadarkaa naannoleetti manneen murtii kun dhimma hiikkoo heeraa waliin wal qabatan irratti murtoo ni laatu.

Manneen murtii kanneen keessatti abboottii seeraa maddiitti hojjettoonni gaheen hojii isaanii fi sadarkaan isaanii addatti beekamee ni jiru. Akka muuxannoon biyya kanaa mul'issutti tajaajila abbaa seerummaa si'aawaa ta'e ummata biraan gahuuf manneen murtii sadarkaa mootummaa Federaalattis ta'ee sadarkaa naannoleetti jiran keessa hojjettoota gosa afurtu addatti bahee beekama:[54]

1. Biyya Jarmanii keessatti hojjettooni hojii abbaa seerummaa gargaaran keessa kan adda duraan caqasamuu fi biyyoota gamtaa Awurooppaa baayyee keessatti Reejistraara jedhamuun beekamu yoo ta'u afaan waarra Jarmaniin ammoo "Rechtsplefeger" jedhamuun yaamama. Ogeessonni biyya Jarmanii maalummaa hojjettoota kanaa fi gahee hojii isaanii yoo hiikan:

"….are senior court officials, competent in certain judicial decisions and jurisdiction, especially on matters of non-contentious jurisdiction"[55]jechuun ibsu

Hojjettoonni kunniin abbaa seeraa yoo ta'uu baatan illee, dhimmoota murtaa'an irratti murtii seeraa laachuuf angoo seeraa qabu.kanaaf ogeessonni kun abbaa seeraa waan hin taaneef "Non-judge staff" jedhamuun yoo wamaman, abbaa seeraa maddiitti

[54] Madda lak.42
[55] Madda lak.42

dhimmoota seeraa muraasa irratti aangoo abbaa seerummaa kan qabani dha. Murtiin isaaniis akkuma murtii abbaa seeraa dirqisiisaa yoo ta'u, sadarkaa isaa eeggattee ol'iyyannoon kan diigamu yoo ta'e malee kallatiin raawwatiinsa kan qabu dha.[56] Kana malees, akkuma abbaa seeraa kamiiyyuu ogeessonni kun murtii murteessan irratti bilisummaa guutuun seeraan laatameerafi.[57] Biyya Amerikaa keessatti ogeessonni kunniin warra yeroo duraa koomishineroota yeroo amma ammoo majistreet jedhamuun waamaman waliin kan wal fakkaatanidha. Kaayyoon hundeeffama isaaniis dhimmoota xixiqqoo fi falmisiisoo hin taane irratti murtii laachuun baayyina hojii abbootii seeraa irraa salphisuudhaan ergama manni murtii gama murtii qulqulluu fi saffina qabu kennuuf qabu dhugoomsuu dha.[58]

Ogeesonni kunniin manneen murtii keessatti dhimmoonni isaan irratti murtee laachuuf aangoo qabanis addatti bahee tumameera.Bu'uruma kanaan dhimmoota isaan murtii akka irratti laataniif aangoon laatameef keessaa kanneen armaan gadii hangafoota:

- Dhimmoota wal falmisiisoo hin taane (non-contentious matters) fakkeenyaaf, ijoolleef nama guddisu ilaalchisee murtoo laachuu (Guardianship decisions),galmeessa abbaa qabeenya lafaa (Land ownership registration) keessattuu yeroo abbaan qabeenyummaa bifa adda addaan nama tokko irraa gara nama adda biraatti darbuu, dhimmoota kenna ragaa (issue of certificate) fi kkf
- Seerummaa dhaamo (Wills) mirkaneessuu, dhaaltummaa mirkaneessuu fi dhimmoota dhaala waliin wal qabatan murteessuu (Probate decisions)
- Waldhabdee qarshii arshameetiin daddarbanii fi hangi isaanii beekame irratti murteessuu. Keessattuu dhimmi kun dhimmoota hangii waldhabdee qulqulla'ee beekamuu fi sirni falmii ariitii (Summary Procedure) tiin keesumma'an waliin warreen wal qabatani dha.

[56]Thomas K a p p l, *The development of the profession of Rechtspfleger*Ful. 7
[57] Madda lak.52
[58] Madda lak.42 Ful.17

- Dhimmoota raawwii murtii waliin wal qabatanii ka'an keesummeessuu fi raawwii murtii abbaa seeraan laataman hordofanii raawwachiisuu
- Ajajoota adda addaa ragaa barbaachisu hunda sakata'uun laachu

2. Gargaartota Abbaa Seeraa: - manneen murtii biyya Jarmanii keessatti gaheen hoojii gargaartota abbaa seeraa muuxannoo biiyyoota kaanii keessattuu, kanneen akka biyya Ameriikaa waliin kan wal fakkaatu dha. Manneen murtii Jarmanii keessatti gargaaran abbaa seeraa tokko galmee fi ragaa isaa dhiyaate xiinxalee ragaa jiruu fi yaada wal falmitootaan dhiyaatan ni qindeessa, galmee xinxalee wixinee yaada murtii jalqabaa (Judgement draft) ni qopheessa, murtii abbaa seeraa isa dhumaa ni gulaala, waan foyya'us yoo jiraate kanuma abbaa seeraa ni beeksisa.[59] Abbaa seeraa tokkoof yoo xiqqaate gargaara abbaa seeraa tokkotu ramadama.[60]
3. Ogeessota hojii abbaa seerummaa gargaaran biroo (others who directily assist the work of the Judiciaries): - ogeessonni kunniin murtiin laatamuun duras ta'e erga murtiin laatameen booda kallattiin kan abbootii seeraaf deeggarsa laatani dha.[61] Keessattuu hojii murtii laachuu wajjiin dhimmoota wal hin qabanee fi irra jireessaan dhimma hoggansa galmee irratti kan hirmaatani dha.[62] Gareen hojii oggeessota kanaa bayyinaa fi gosoota hojii raawwatan irratti hundaa'uun of jalatti garee adda addaa kan qaban yoo ta'u, ogeessota "Rechtsplefeger" jedhamuun beekamanii fi armaan olitti ibsameen kan hogganamani dha.[63]Gaheen hojii ogeessota kanaa dhimma yakkaa keessattis ta'e kan hariiroo hawaasaa keessatti kan wal fakkaatu yoo ta'u, kanneen keessaa kan armaan gadii adda durummaan caqasamu:[64]

---

[59]European Commission, *European judicial systems (2008)*Ful. 119
[60] Madda lak.58
[61]http://books.google.com.et/books?id=D9gghA1h3ooC&pg=PA117&dq=Non-judge+staff&hlm
[62] Madda lak.61
[63] Madda lak.42 Ful.8
[64]http://www.criminaljusticeschoolinfo.com/court-clerk-job-description.html

- Galmee himataa, iyyata fi komii ol'iyyannoo ulaagalee guutamu qaban mirkaneessuun banuu
- Hojii barreessa dhaddachaa (minutes)
- Kakuu dhaddachaa raawwachiisuu (oath management)
- Hoggansa galmee fi Kitaabota dhaddachaa (Bench Books)
- Daataa murtii yeroo yeroon murta'an konpiteraan galmeessuu fi hogganu
- Kaffaltiiwwan addaa addaa tajaajila abbaa seerummaa waliin wal qabatan funaanu
- Yeroo beelama qindessuu fi dhimmoota kana faana wal qabatan abbaa seeraa dabalatee qaama dhimmi isaa ilaallatu hunda beksisuu
- Galmeele murtii argatanii fi hin arganne yeroo yerootti oditii gochuun sadarkaa baayyini galmee irra jiruu fi saffinna kennaa tajaajilaa madaalu
- Bu'ura yeroo beelamatiin galmeele murtii fi dhimmoota kenniinsa tajaajila abbaa seeraa waliin wal qabatanii dhaddachaarratti qindaa'u qaban dhaddachi moggaafamuun dura qindeessuu
- Xumura dhaddachaa irratti murtii fi/ykn jala murtii laatame galmeessuu
- Galmeen tokko banamee yeroo yerootti sadarkaa inni irra jiru hordofuun akkuma barbaachisummaa isaatti qaama barbaachisaa ta'e beeksisu fi kkf

4. Hojjettoota Dhimma Bulchiinsaa (Staff Responsible for Administrative Matters):- hojjettoonni manneen murtii kunniin adda duraan hojiiwwan dhimma bulchiinsaa waliin wal qabatan kan raawwatani dha. Bu'uuruma kanaan ogeesonni kun dhimma baajetaa, dhimma bulchiinsa human namaa hojjettoota deegarsaa fi kkf hogganu.
5. Hojjeettoota Tekiniikaa (Technical Staff):- hojjeettoonni kun hojjettoota manneen murtii keessa hoojjetan ta'anii ogummaa adda addaan, fakkeenyyaaf, ogummaa IT fi kkf kan manneen murtii gargaaranidha.

2.1.4. Aangoo fi Gahee Hojii OS, fi Muuxannoo Miseensota Gamtaa Awurooppaa Biroo

Gamtaan biyyoota Awuroppaa walitti dhifeenya biyyooni Awurooppaa gama hawaasummaa, dinagdee fi siyaasan qaban cimisuuf kan hundeeffamee fi yeroo ammaa miseensota biyyoota Awurooppaa 27 ol ta'an miseensummaan kan of keessatti haammate dha.[65] Yeroo ammaa gamtaan kun dhimmoota dinagdee adda addaa irratti hojjechuun dinagdee biyyoota kanaa daran kan cimisaa jiru yoo ta'u, gama hawaasummatiinis dhamatiin inni gochaa turee fi gochaa jiru kan akka laayyootti ilaalamu miti.Keessattuu, mirgoota lammiilee kabachisuudhaaf yeroo adda addaatti carraqqii adda addaa gochaa jira.[66] Gama kanaan dhimmoota gamtichaan xiyyeffannoo argatan keessaa mirga lamileen murtii haqa qabeessaa mana murtii bilisa ta'een yeroo gababaa keessatti akka argataniif hojjetamaa jiru isa tokko.Gamtichi ergama gama kanaan qabu dhugoomsuufis yeroo adda addaatti hojiiwwan adda addaa rawwatamaniiru. Kanneen keessaas yeroo dhiwoo as hojiin gamtaan kun human hojjettoota manneen murtii cimisuun hojiin kanaan dura abbootii seeraa qofa irratti fe'amee ture ogeessota adda addaan akka hojjetamuuf tooftaalee adda addaa kalaquudhaan miseensota isaa biraan gahe adda duraan ni caqasama.

Akka amantaa gamtaa kanaatti bayyinni dhimmoota yeroo ammaa gara manneen murtii dhufaa jiru daran kan sodaachisuu fi humna abbootii seeraa qofaan kan hogganamu miti.[67] Kun ammoo dabareedhaan mirga lamileen murtii qulqulluu fi haqa qabeessa ta'e yeroo gabaaba keessatti argachuuf qaban kan takaalu dha.[68] Egaa rakkoo heddumina dhimmoota manneen murtii dhufan waliin wal qabatanii ka'an hambisuuf

---

[65] http://europa.eu/about-eu/basic-information/index_en.htm

[66] Fakkeenyaaf, bu'uura waliigaltee bara 1970 biyya Romaatti taasifameen gamtaan kun mirgi namooma akka kabajamuuf dhabbata gargaarsaa mirga namoota irratti hojjetuu fi sadarkaa adugnaatti lamaffaa ta'e hundeessuun hojii isaa gaggeessa jira.*(http://www.jhubc.it/ecpr-istanbul/virtualpaperroom/010.pdf)*

[67] Bayyini dhimmootaa gara manneen murtii yeroodhaa gara yerootti dhufu haala kanaan akka dabalaa adeemuuf wantoota sababa ta'an keessaa guddinni hawaas-dinagdee adda duraan akka caqafamu gabaasa yeroo yerootti gamtichaan dhiyaatu irraa hubachuun ni danda'ama.Akkuma guddini dabalaa adeemu walitti dhufeenyi namootaas bal'achaa fi wal xaxaa ta'aa waan adeemuuf bayyinni wal dhabdee umaamuu akkasuma bayyachaa adeema.*(European Council, Model Statute for a European Rechtspfleger/Greffier, Seensa Bareeffamichaa)*

[68] European Council, *Model Statute for a European Rechtspfleger/Greffier, seensa barreefamichaa*

ykn hir'isuuf toftaa hojiirra ooluu qabu ilaalchisee gargarbaateen adda addaa haa jiraatuyyuu malee, gamtaa Awurooppaa kana dabalatee biyyoonni addunyaa adda addaa falli barbaadamuu akka qabu irratti walii galu.Fakkeenyaaf, dhimma ogeessota manneen murtii biyya Amerikaa (American Judicial Staff) irratti gabaasa yeroo tokko dhiyaate keessatti barreessan tokko yoo ibsu:

"Though the U.S. has a long history of delegating responsibility for discrete aspects of the adjudicative and administrative functions to subordinate professionals, this practice is not universally followed, with judges from other countries far less comfortable relinquishing authority to assistants and clerks. However, the international trend appears to be in the direction of creating categories of professionals trained specifically to support judges.Many judiciaries around the world have recently introduced judicial assistant positions and others are expanding the scope and enhancing the professionalism of their administrative staff structures"[69]jedha.

Kunis, "*Manni murtii biyya Amerikaa hojilee abbaa seerummaa fi bulchiinsaa tokko tokko oggeessota manneen murtii keessa hojjitan biroof laachuu irratti seena yeroo dheeraa yoo lakkofsifte iyyuu, muuxxannoon aangoo fi gahee hojii akkassii gargaartota abbaa seeraaf ykn gargaartota dhaddachaaf laachuu kun biyyoota hunda birratti bifa wal fakkaattuun kan fudhatamummaa argate miti.Haata'uyyuu malee, muuxannoon sadarkaa adenyaatti yeroo ammaa jiru akka mul'isuttii hojiiwwan manneen murtii keessatti hojjetaman bifa yaadameen akka raawwatamaniif oggeessota abbootii seeraa gargaaru danda'an gara manneen murtiitti fiduu dha.Yeroo ammaa manneen murtii sadarkaa adunyaatti jiranis walakkaan isaanii oggeessoni abbootii seeraa gargaaruu danda'an gara mana murtii akka dhufaniif yeroo haala mijeessan, kaan ammoo aangoo fi gahee hojii hojjetootuma bulchiinsaa kanaan dura manneen murtii keessa hojjechaa turan bal'isuun galma ga'iinsa kenniinsa tajaajila haqaaf dhama'aa jiru"* akka jechuuti.

Haaluma yaada- rimee kana deeggaruun Gamtaan Biyyoota Awuroppaas rakkoo heddumina dhimmoota gara manneen murtii dhufan kana waliin wal qabatanii manneen murtii keessatti mul'atan maqisuuf wantoota gurguddo raawwachuu qaban

[69] Madda lak.34 Ful.1

keessaa yoo xiqqaate kanneen armaan gadii lamman rawwachuun barbaachisaa akka ta'e amana: tokkoffaa, gahumsa fi dandeetti akkasumas, human namaa manneen murtii keessa jiru cimsuu maddiitti caasefama hojii manneen murtii (Work Distribution Structure in the Judicieries) irra deebi'uun ilaalu fi foyyessuu, fi lammaffaa, humnuma namaa jiruun kenniinsa tajaajilaa abbaa seerummaa saffisaa gochuuf itti fayyadama teeknoolojii daran gabbiisuu dha.[70] Akkatuma kanaan, kenniinsa tajaajila haqaa si'aawa ta'e manneen murtii biyyoota miseensa gamtaa kanaa keessatti dhugoomee arguuf gamtaan biyyoota Awurooppaa kun caseeffama hojii manneen murtii miseensota isaa sakata'uudhaan yaada furmaata tokko irra gahuu kayyoo tarsimowaa isa tokko godhatee irratti hojjechaa tureera. Bu'uuruma kanaan, gamtaan kun sakata'iinsa caseffama hojii manneen murtii biyyoota miseensa isaa haala gadifageenya qabuun erga gaggeessee booda muuxxannoon biyyaa Jarmanii fi Awustraliiyaa keessa jiru biyyoota miseensa gamtichaa hunda biratti hojiirra akka ooluuf yaada dhiyeeseera.[71]

Bu'aan sakata'iinsa gamtaa kanaan dhiyaatee kun biyyoonni miseensa gamtichaa ta'an hundi caaseefama hojii manneen murtii isaanii yoo xiqqaate bakka sadiitti qooduun manneen murtii isaanii keessatti kenniinsa tajajila hojii abbaa seerummaa salphaa fi si'aawa ta'e akka dhugoomsaniif gorsa.[72] Kanneenis: (*A) Abbootii seeraa (B) Ogeessota abbootii seeraa osoo hin ta'iin hojii abbaa seerummaa hojjetan (Rechetsplefeger or Registraras) (C) Hojjettoota deeggarsaa* ti.

Bu'aa sakata'insichaa irraa hubachuun akka danda'amutti ulfaatina hojii abbootii seeraa irraa jiru salphisuudhaaf akka tolutti hojiiwwan sasalphoo fi hangas mara falmisiisoo hin taane ogeessota seeraa mataa isaanii danda'anii hundeefamaniif dhisuudhaan abbootiin seeraa hojii abbaa seerummaa isa ijoo fi falmisiisoo ta'an qofa irratti akka

[70] Madda lak.68

[71] Sakata'iinsa kana gaggeessuuf ogeessonni bebekamoon biyyoota miseensa gamtichaa kanneen akka Beeljiyeem, Denmaark, Jarmaan, Romaniyaa, Faransaay, Awustraliiya, Neezerlaandis, Noorwey, Istooniyaa, Itaali, Lazaanbarg fi kkf, fi biyyoota biroo kan akka Japaan, Maali fi Tuuniziyaa irraa walitti dhufuun kan gaggefame yoo ta'u bu'aa sakata'iinsa isaanis " Green Paper for European Rechetsplefeger" jechuun moggasaniiru.

[72]European Union of Rechetsplefeger, *Green Paper for European Countries*

xiyyeffatan gochuu wayya yaada jedhu qaba.[73]Akka amantaa gamtaa kanaatti adeemsi caaseffama hojii kun heddumina dhimmoota gara manneen murtii dhufan salphaattii furuu danda'uu isaarrayyuu murtii qulqulluu fi haqa qabeessa ta'ee yeroo gabaabatti tajajilamtootaaf laachuudhaan ergama manneen murtii bifa barbaadamuun galmaan gahuun ni danda'ama.[74] Gamtaan kun hedumina hojii abbootii seeraa irra jiru kana hambisuuf bu'uura sakata'iinsa gaggeeffame kanaan qaamni hojii abbaa seerummaa dhimmoota falmisiisoo hin taane (Non- Contentious Matters) irratti murtoo dirqisiisa ta'e laachu danda'u of danda'ee akka hundeefamu gorsuu irra darbee,[75] aango fi

[73] Madda lak.72
[74] Madda lak.72
[75] Akkuma armaan dura ilaaluuf yaalle muxannoon kun adda duraan muxannoo biyya Jarmanii irraa fudhatame yoo ta'u, qaamni kun abbootii seeraa maddiitti hojii abbaa seerummaa hojjechuuf ogeessota seeraa muxannoo qabaniin of danda'ee kan hundefamu dha. Bu'uura qajeelfama hundeefama qaama kanaa bu'aa sakata'insaa dhiyaate irratti hundaa'uun gamtaa biyyoota Awuroppaatiin qophaa'een ogeesi tokkoo qaama kana keessatti ramadamee hojjechuuf yoo xiqqaata barnoota seeraa waggaa sadii kan leenji'ee fi muuxannoo kan qabu ta'uu qaba. *(Model Statute of European Countries Rechetsplefeger, Kewt. 2)* Murtiin qaama kaanan laatamu haqa qabeessa akka ta'uuf akkuma abbootii seeraa bilisummaa guutun seeraan kan laatamuuf ta'uurra darbee dhimmooni isaan ilaalu danda'anis addati bahee qajeelfama gamtaa kanaan qophaa'e keewwata 3 jalatti akka armaan gadiitti qoqodamee teechisameera:

Jurisdiction
voluntary jurisdiction/ Non- Contentious Jurisdiction
§ family- and guardianship law
§ law of succession
§ law of land register
§ register of commerce, register of associations
§ register of societies, register of enterprises
§ register for ships
§ register for aircrafts
§ law for documents
§ protection of wealth by sealing
§ authorising to elect
§ decisions about granting nationality
penal cases
§ execution of penals (with issue of warrant or wanted circular)
§ permission of deferment and payment by instalments for fines
§ order to execute prison sentences as replacement or replacement of this punishment by making a welfare job
§ prosecution at the district courts
civil cases
§ collection proceedings (is of great economical importance)
§ forced sale and forced administration of real estate
§ insolvency cases
§ determination of costs
§ cases of distribution

gaheen hojii hojjettoota deeggarsaa kallattiin hojii abbaa seerummaa gargaaran maal ta'uu akka qabu adda baaseera.Kanneen keessaa ogeessonni hojii abbaa seerummaa kallatiin deeggaranii fi Reejistraara jedhamuun biyyoota gamtaa Awuroppaa baayyee keessatti beekaman isaan tokko.[76] Manneen murtii miseensota gamtaa Awurooppaa baayyee keessatti hojjetoonni reejistraaraa kenniinsa tajaajila hojii abbaa seerummaaf gahee guddaa gumaachu.Sakata'insi ogeessota biyyota gamtaa Awuroppaa adda addaa keessaa walitti dhufaniin gaggeeffame kunis gahee hojii ogeessota kana yeroo ibsu *"…….they directly assist the work of a judge……."* jechuun eera.[77] Ogeessonni kunneen kallattiin hojii abbaa seeraa kan gargaranidha malee mataa isaanitiin garuu aangoo abbaa seerummaa hin qabani. Fakkeenyaaf, miseensa gamtaa Awuroppaa kan taatee fi madda odeeffannoo fi muuxannoo sakata'insaa kanaaf gahee guddaa kan qabdu biyyi Jarmaanii, aangoo fi gahee hojii ogeesota kana ilaalchisee adda durummaan caqasamuun ishee hin oolu. Akkaatuma kanaan, manneen murtii biyya kanaa keessatti ogeessonni kunneen reejistraara osoo hin taane, ogeessota hojii abbaa seerummaa gargaaran biroo (others who directily assist the work of the Judge) jedhamuun kan beekaman yoo ta'u isaanis aangoo abbaa seerummaa hin qabanu.Dhimmoonni

---

§ compulsory execution (a.o.seizure of payments)
§ making and alteration of decisions concerning maintainance
§ protection against execution
§ administration of oath of manifestation in procedure of compulsory execution
§ hearing of witnesses
§ decisions concerning legal aid
§ decisions concerning experts
§ reinstatement of the former status
§ cases of rogatory commission

administration

§ budget and organisation
§ head cashier of the court
§ superior of the offices
§ administration of personnel - distribution of places in the offices
§ power of disciplinary measures, right of proposing measures to the superior authority
§ co-operation in the commission for disciplinary measures
§ co-operation concerning employment and appointments
§ elaboration of the budget
§ procurement, control and use of the budget
§ administration of buildings

[76] Madda lak.66
[77] Madda lak.66

sasalphaa fi aangoon abbaa seerummaa barbaachisu qaama of danda'ee hundeefamee fi, akkuma armaan olitti ibsame, "Rechetsplefeger"jedhamuun yaamamuuf laatameera.[78] Biyya Awustraliyaa keessattis muxannodhuma wal fakkaatutu jira[79]

Egaa akka bu'aan sakata'iinsa gamtaa Awuroppaa kun mirkaneesuttis aangoo fi gaheen hojii ogeessota kanaa murtiin yeroo gabaaba keessatti akka laatamuuf haala mijeessuu yoo ta'u, kunis irra jireessaan galmee banuun dhaddaachaaf qophii gochuu fi sadarkaa tokkoon tokkoon galmee irra jiru yeroo gara yerootti hordofuu, galmeessu fi akkuma barbaachisummaa isaatti gabaasuu kan of keessatti qabatu dha.[80] Gadi fageenyi gahee hojii ogeessota kanaa kanuma muuxannoo biyya Jarmanii irratti kanaan dura ibsame waliin tokko waan ta'eef asitti irra deebi'uun barbaachisaa miti

Dhumarratti bu'adhuma sakata'iinsa kanaa bu'urefachuun qajeelfamni moodelaa (Model Statute) biyyoota miseensa gamtaa warra Awuroppaaf qophaa'ee erga dhiyaatee booda miseensonni gamtaa kanaa hunduu haluma wal fakkaatuun caseffama hojii manneen murtii isaanii foyyessuun tajajila abbaa seerummaa mirga lammilee gidu-galeessa godhate akka laataniif yaamichi taasfameera.Bu'uruma yaamichaa kanaan biyyoota baayyee muraasa ta'an irraa kan hafe (fkf: biyya Faransaay) biyyoonni miseensa gamtaa Awurooppaa hundi fudhatanii hojiirra oolchaniiru, kunis gabaasa konfransii dhimmuma kana irratti bara 1998 qopheen mirkana'eera.[81]

Akkuma armaan olitti tuqamuuf yaalame, dhimma jijjirama hojii manneen murtii ilaalchisee yaada ka'umsaa gamtichaan dhiyaate kana biyyoonni hin deeggarrees hin dhabamne.Haata'uuti, biyyoonni kunneen yaada dhiyaate kana hundaa hundatti kan hin kesummeessine osoo hin taane,[82] irra jireessaan kan isaan morman yaada

[78] Madda lak.56
[79] Madda Lak.56
[80] Madda lak.77
[81] Madda lak.56 Ful.160
[82] Fakkeenyaaf, angoo fi gahee hojii ogeessota Reejistraaraa ilaalchisee manneen murtii biyya Faransaay keessaas muuxannodhuma gamtaa kanaan dhiyaate waliin kan wal fakkaatutu jira waan ta'eef dhimma kana irratti biyyi Faransaay waan mormitu hin qabdu turte.

"…..abbootii seeraa maddiitti qaama biraa angoo abbaa seerummaa qabu hundeessuu….." jedhu dha. Ejjannoo isaanii kanas sababoota adda addaan cimsuu yaalu:[83]

1. Qaama addaa aangoo abbaa seerumma qabu abbaa seeraa maddiitti hundeessuun yaada bu'uuraa bilisummaa abbaa seerummaa waliin kan walitti bu'u dha;
2. Biyyoota baayyee keessatti aangoon qaama haaraa hundeefame kanaaf laatame irra jireessaan durumaanu aangoo manneen murtii osoo hin taane, qaamolee adda addaa qaama seera raawwachistuu mootummaan hogganamuf kan laatame waan ta'eef qaama addaa kana hundeessuun barbaachisaa miti kan jedhanii fi kkf ni caqasamu.

Haata'uyyuu malee, biyyoota yaada gamtichaan dhiyaate morman kana dabalatee biyyooni miseensa gamtaa Awurooppaa ta'an hunduu guddina hawaas-dinagdee yeroo ammaa hala dinqisiisaa ta'een dabalaa jiru kana waliin wal qabatee ulfatini hojii manneen murtii keessatti heddummachaa dhufuu isaatii fi akkasumas, fedhiin tajaajilamtootaa tajaajila haqa-qabeessa fi qulqulluu ta'e yeroo gabaaba keessatti argachuuf qaban yeroodhaa gara yerootti dabalaa ademuu isaa irraatti yaada tokkoon walii galu.Kanaafuu, hojii abbaa seerummaa kallatinis ta'e al- kalattiin gargaaruun abbootiin seeraa dhimma ijoo qofa irratti xiyyeeffachuu akka danda'aniif ogeesoonni beekumsaa fi muuxannoo gahaa qaban baayinaan manneen murtii keessa jiraachuu qabu yaada jedhu biyyoota hundumaa birattuu yaada fudhatama qabu dha.

2.2. Aangoo fi Gahee Hojii OS: Yaada Cuunfaa Muxannoo Biyyoota Ambaa kanneenii

Akkuma muuxannoo biyyoota ambaa fi miseensota gamtaa Awoorooppaa armaan olitti ibsame irraa hubachuun danda'amutti caaseffama hojjettota manneen murtii isaanii fi gahee hojjettoota kanaa adda baasuuf biyyoonni hunduu yaada ka'umsaa tokko irratti walii galu.Kunnis, caseffamnii fi gaheen hojii ogeessota manneen murtii keessa

[83] Madda lak.56

hojjetanii irra deebi'amee ilaalamuudhaan abbootiin seeraa yeroo isaanii dhimmoota ijoo fi falmisiiso ta'an qofa irratti dabarsuu qabu yaadi jedhu biyyoota hundumaayyuu kan amansiisudha. Kanaafis dhimmoonni gurguddoon lama akka sababatti caqasamuu danda'u: gama tokkoon, haala guddina hawaas-dinagdee jarraa kana keessa yeroodhaa gara yerootti dabalaa adeemu irraa kan ka'e waldhabdeen ummata keessatti baayyachaa waan jiruuf dhimmoonni gara mana murtii dhufanis akkasuma yeroodha gara yerootti baayyachaa kan dhufan yoo ta'u, gama biraan ammoo, fedhii ummanni tajaajila haqaa qulqulluu ta'e yeroo gabaaba keessatti argachuuf qabus yeroodhaa garaa yerootti guddachaa dhufuu isaati.Akka amantaa biyyoota kanaatti kaayyoo kana galman gahuuf gahee hojii ogeessota maanneen murtii keessa hojjetan hunda adda baasuunii fi haala iftoomina qabuun gahee hojii tokko isa biraa irraa adda basuu dhaan teechisuun barbaachisaa dha.

Hojjettoota manneen murtii keessa hojjetan keessaa dhimma qorannoo kanaa kan ta'e aangoo fi gahee OS ykn reejistraara kan biyyoota kanaa itti siqnee yoo ilaallee moggasini maqaa isaan fayyadaman adda adda haata'uyyuu malee, gaheen hojii ogeessota kanaaf manneen murtii keessatti laatame kan biyyoota hundaayyuu irra jireessaan wal fakkaata. Akkatuma kanaan, biyyoota kana keessatti aangoonii fi gaheen hojii OS dhimmoota hoggansa galmee waliin wal qabatan irratti yoo ta'u, kanneen keessaa himata, iyyata fi komiiwwan biroo ulaagaalee barbaachisu hunda guutanii dhiyaatan kesummeessuu, sadarkaa galmeewwan mana murtichaatti baname hordofuu fi galmessuu, dhangala'a dhimmootaa hogganuu, hordofuu fi gabaasuu, kaffaltiin abbaa seerummaa akka funaanamuuf tumsa barbaachisu hunda gochuu ykn ofii funaanuu, hojii Istastikisii raawwachuu, galmee yeroo yerootti oditii gochuun sadarkaa saffina kenna tajaajilaa yeroo yerootti madaaluu fi rakkoo umaamaniif fala dhahuu, hojiiwwan milkaa'ina gaggeessa dhaddachaaf barbaachisan dhaddachii osoo hin moggaafamiiniin dura mijeessuu, hojii barreessa dhaddachaa raawwachuu, kakuu dhaddachaa hoogganuu fi kkf adda durummaan caqasuun ni danda'ama. Akkuma tarree aangoo fi gahee hojii ogeessota kanaa irraa hubachuun danda'amutti gaheen hojii

isaani hojiiwwan gargaarsa kenniinsa tajaajila haqaa irratti kan bu'ureffate malee manneen murtii biyyoota armaan olitti ilaalaman hunda kessattuu ogeessonni kunniin aangoo abbaa seerummaa kan hin qabne ta'uu namatti muli'isa.

Hata'uyyuu malee, biyyoonni baayyeen kan irrattii walii hin galle gargaarsi OSn abbootii seeraaf taasifamu bu'aa barbaachisu argamsiisuuf gahaa moo gaha miti yaada jedhuu fi gahaa miti kan jedhamu yoo ta'e ammoo qaama hojii abbaa seerummaa hojjetu biraa abbootti seeraa maddiitti hundaa'u qaba moo hin qabu yaada jedhudha. Haata'uyyuu malee, biyyoonni adunyaa baayyeen barbaachisummaa qaama kanaa itti amanuun abbootii seeraa isaani maddiitti qaama biraa aangoo abbaa seerummaa qabu hundeessuun itti fayyadamaa jiru.

BOQONNAA SADII

3. Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa Irra Deeb'anii Hundeessuuf Bahe Lak.141/2000 Keessatti Aangoo fi Gahee Hojii OS: Xinxala Rakkoo Seeraa fi Raawwii

Akkuma beekamu biyyi keenya Itoophiyaan sirna mootuummaa waaltawaa (tokkichaa) (Unitary form of government) baroota dheeraaf hordofaa kan turte yoo ta'e illee, yeroo dhiwoo as sirni Federaalawa heera mootummaan beekamtiin laatameeefi aangoon mootumma Federaala fi mootummolee naannoo gidduutti qoodameera.[84]Akkaatuma kanaan, mootummaan Federaalas ta'e motummoleen naannoo qaama seera baastu, seera raawwachiiftuu fi seera hiiktuu mataa mataa isaanii qabaachuun of danda'anii hundeeffamaniiru.[85] Bu'uura heerichaatiin aangoon seeraa hiikuu kan manneen murtii yoo ta'u, qaamni kun dhiibbaa bifa kamiinuu dhufu irraa bilisa ta'uun murtii loogummaa hin qabne dhugoomsuu fi, seeraa fi seera qofa irratti hundaa'un hojii isaa akka hojjechuu qabu heerichi keewwattoota isaa adda addaa jalatti tumee jira.

Haalli caaseffama mootummaa akkaataa armaan olitti ibsamee kanaan baroota dhiwoo as haa jijjiramu malee, seeronnii mootummoolee darban keessa tumaman garuu irra jireessan yeroo ammaas ittuma fufuun hojiirra oola jiru.Keessattuu seeronnii bifa koodiitiin tumamanii turan yeroo ammaas sadarkaa mana murtii Federaalattiis ta'e naannooleetti hojiirra oolun isaanii hin hafne.Kanneen keessaa seerota adeemsaa (Seera Adeemsa Falmii Hariiroo Hawaasa (SAFHH) fi Seera Adeemsa Falmii Yakkaa (SAFY)) akka fakkenyaatti kaasuun ni danda'ama.

Seeronni adeemsaa kun baroota dheeraan dura kan tumaman ta'uun wal qabatee qabiyyeen seerota kanaa guddinna hawaas-dinagdee fi fedhii ummanni kenniinsa tajaajilaa abbaa seerummaa irraa yeroo ammaa qabu waliin kan tarkaanfate miti.Kanaafuu, barbaachisummaa jiijjirama seerota adeemsaa kana irratti namuu mormii hin qabu.Hata'uyyuu malee, seerota adeemsaa kana fooyyessuun aangoo

[84] Heera Mootumaa Federaalawaa Itoophiyaa, *Negaarti Gaazexaa*, Labsii lak.1/1987 Kewt.52
[85] Madda lak.84 Kewt.50 (2)

mootummaa Federaalati moo kan nannoleeti? dhimmi jedhu jijjiramuu ykn fooyyessamuu seerota adeemsaa kana waliin wal qabatee gaaffii heeraa beektota seeraa baayyee wal falmisiisu dha.Falmiin kun sadarkaa biyyaatti deebii kan argate ta'uu baatus Caffeen Mootummaa Naannoo Oromiyaa seerota adeemsaa keessattuu keewwattoota SAFHH tokko tokko fooyyeesseera yookiin haqeera jechuun haala danda'amuun Labsii lakk. 141/2000 keessatti keewwata adda addaa tumee jira.[86]

Gama biraan, labsiin manneen murtii irra deebi'ee bifa haaran hundeessuuf lak.141/2000 ta'ee tumame kun qorannoo JBHA foyya'iinsa sirna haqaa naannichaa irratti hundaa'uun mana murtii keessatti gaggeeffame hordofuudhaani.[87]Akkaatuma kanaan, labsiin duraan manneen murtii naannoo Oromiyaa hundeesuuf bahe lakkoofsi 6/88 qorannoo JBAH waliin erga ilaalamee booda jijjiramni barbaachisaan taasifamuun Labsii Lakk.141/2000 ta'ee Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin labsamee jira.Kana malees, qorannoon JBAH manneen murtii labsii duraanii keessatti dhimmoota hin hammatamiinii fi kan seerota biroo waliin walitti hidhatan hedduu qoratee waan jiruuf yaadota haarayaa kanneen hojii irra oolchuudhaaf labsii bifa haarayaan bahe keessatti galchuun barbaachisaa ta'eera.[88] Dhimmoota harayaa labsicha keessatti tumamanii fi seerota adeemsa falmii wajjin hidhata qaban keeessaa tokko aango fi gahee hojii OS ti.

Aangoo fi gaheen OS kunis keewwata labsichaa 25 jalatti kan tumame yoo ta'u, keewwatuma kana jalatti labsichi aangoo fi gahee hojii ogeessota kanaa addatti yoo ibsu:

"Ofisarri seeraa hojiilee armaan gadii ni raawwata:

(a) Seera adeemsa falmii sivilii fi yakkaa keessatti hojiilee rejistraaraf kenaman ni raawwata

[86] Isra'el Itaansaa fi Bahaaru Gurmeessaa, *Labsiin Manneen Murtii Nannoo Oromiyaa Irra Deebi'ee Hundeessuf Bahe Hariiroo inni seerota adeemsaa waliin qabuu fi aangoo Ofiseroota Seeraa* (Moojulii Leenjii hojiirraa) Ful.16

[87] Mamad Nuuree, Barreessaa fi Miseensa Gumii Naannoo kan turan

[88] Madda lak.87

(b) *Akkuma haala isaatti iyyani, himannii fi ol'iyyanni dhiyaate ulaagaa seeraa guute dhiyaachuu isaa ni mirkaneessa*

(c) *Kaffaltii ni kaffalchiisa; mallaqa moodelaan akka qabamu ajajames ni fuudha; mallaqa sassabame qabaa mallaqaa mana murtichaatti galii taasisa*

(d) *Keewwata xiqqaa (c) jalatti kan kaffalchisamu akkuma jirutti ta'ee yeroo galmeen banamu, deebiin dhiyatuu fi iyyaannoon dhiyaatu tarree ragaa walfalmitootaan dhiyaatan lakkaa'udhaan kaffaltii qalaxee ni kaffalchiisa*

(e) *Gaggeessa dhimmaa garee hojii wajjiin mari'achuun beellama ni kenna; ajaja waamichaa ni dabarsa; deebii ni fuudha; ajaja mallatteesse chappesse bahii ni godha; galmee banuun ni dhiyeessa*

(f) *Galmee socho'u ni bulcha;yemmuu barbaadamu ni dhiyeessa abbootiin dhimmaa seeraan ajaja akka argatan ni taasisa*

(g) *Hojilee biroo abbaa seeratiin kennamaniif ni raawwata*

(h) *Istastikisii gosa galmeewwanii ilaalama jiran,murtii argatanii fi kan biroo qopheessee qaama ilaaluuf ni dabarsa."* jedha.

Aangoo fi gahee hojii OS bu'uura labsii kanaan ogeessota kanaaf laatame iddoo gurguddaa lamaatti qooduun ilaalun ni danda'ama. Inni Tokkoffaan, aangoo fi gahee hojii seerota adeemsaa jalatti Reejistraaraaf laatamanii turanii fi ammaan tana garuu bu'uura labsichaa keewwata 25 (a) n gara OStti darban yoo ta'u, inni Lammaffaan ammoo, aangoo fi gahee hojii haarawaa labsichaan keewwata xiqqaa (b) hanga (h) jalatti aangoo fi gahee hojii OS ta'uun tumamani dha. Bu'uura labsichaan aangoo fi gahee hojii OS kan reejistraara irraa itti darbe beekuuf seeroota adeemsa falmii gagaragalchuun barbaachisaa yoo ta'u, gahee hojii haaraa laataman ammoo haalan hubachuuf labsidhuma kana JBHA manneen murtii waliin ilaaluun gaha ta'a.Akkaatuma kanaan, aangoo fi gahee hojii rakkoo seeraa fi/ykn rakkoo raawwii qabanirratti xiyyeeffachuun akka armaan gadiitti haa ilaallu:

3.1. Aangoo fi Gahee Hojii Seerota Adeemsaa Jalatti Reejistraaraaf laatamanii Turanii fi Labsii Lak. 141/2000n Gara OSti Darban

3.1.1. Angoo fi Gahee Hojii Reejistraaraa SAFHH Jalatti Tumamee fi Labsichaan OSf Laatame

SAFHH jalatti ogeessota ”Reejistraara” jedhamuun beekamaniif muuxannoo biyyoota ambaa bayyee irraa haala adda ta’een aangoo fi gaheen hojii isaani addatti bahee fi bifa tarreeffamaan ykn haala waliigalaan ibsame/tumame hin jiru. Sababuma kanarraa kan ka’e manneen murtii keenya keessatti aangoo fi gahee hojii reejistraaraa ilaalchisee SAFHH keessattis ta’ee SAFY jalatti aangoon reejistraaraa dhimmoota teekiniikaa (technical matters) ta’an *hunda* irratti aangoon akka laatamefitti amanama.[89] Haata’uyyuu malee, ogeessi reejistraara SAFHH jalatti dhimmoota teekinikaa ta’an hunda irratti aangoo qaba waan ta’eef, bu’uura labsichaa kewt. 25(a)tiin dhimoonni kun hundi gara OSti darbuun Ofisarri Seeraas bu’uruma keewwata labsichaa kanaan dhimma tekinikaa hunda ilaalu ni danda’a jechuun duchadhumatti dubachuun ni danda’amaa? yaada jedhu deebisuuf SAFHH jalatti aangoo fi gaheen reejistraaraaf laatamanii turanii fi amman tana garuu gara OSti darban beekuuf keewwata seerichaa tokkoon tokkoon xinxaluun barbaachisaa ta’a.

SAFHH yoo sakattaanu aangoo fi gaheen hojii OS gama tokkoon, dhimuma kanaan wal qabatee qabxileen falmisisoo ta’an ammoo gama biraan, harka caala ulaagaa tekinikaa himannaa, iyyata fi komii ol’iyyataa sakata’uu waliin kan wal qabatu dha. Kanaafuu, xinxalli seeraa fi raawwii aangoo fi gahee hojii Ofisaronni Seeraa bu’uura labsichaa keewwata 25 (a)tiin qabanii fi akka armaan gadiitti xiinxalamu kunis aangoo fi gahee hojii isaanii kallattidhuma kanaan ilaalu yaala.

Akkatuma kanaan, mee amma aangoo fi gahee hojii OS bu’uura labsichaa kewt.25 (a)tiin SAFHH keenya jalatti laatameefi raawwii inni manneen murtii keenya keessatti yeroo ammaa qabu haa ilaallu:

[89]Akka qabatamaan mannen murtii keenya keesatti ilaallutti dhimma teekinikaa ta’an hunda kan raawwatu abbaa seeraa osoo hin taane yeroo duraa ogeessa reejistraara yoo ta’u yeroo ammaa ammoo OS ti.

i) Aangoo fi Gahee Hojii Ofisarri Seeraa Mirkaneessa Ulaagaalee Himata Kallattiin Dhiyaatuu Irratti Qabu

SAFHH keenya jalatti himanni kalattii adda duraan haala sadiin mana murtiif dhiyaachuu danda'a.Isaanis: himata sirna idilee (Regular Procedure), himata Sirna Gabaabaa (Summary Procedure) fi himata sirna ariifachiisaa (Accelerated Procedure) jedhamuun beekamu.[90]

Himata kallattii sirna falmii idileetiin dhiyaachuu qabu ilaalchisee Seerri Adeemsa Falmii Hariiro Hawaasa keenya keewwata isaa 213 kaase dhimmoota murteessoo ta'an hunda tumee jira.Bu'uura keewwata 213 (1) n himanni kallattiin dhiyaatu kamiyyuu mana murtiif waan dhiyaateef tajaajilli abbaa seerummaa laatamuufi qaba jechuuf hunda dura kutaa reejistraaratti dhiyaachuun galma'uu qaba (Kewt. 214).Kanaaf aangoon himmata kallattiin dhiyaate galmeessuu bu'uura labsichaan gara OS tti darbeera waan ta'eef angoon kun aangoo fi gahee hojii OS keessaa isa jalqabaati jechuu dha.Haata'uyyuu malee, Ofisarri Seeraa bu'uura keewwata 214n himannaa dhiyaate kana galmeessuun dura bu'uura kewt.229tiin himanni dhiyaate ulaagalee kewt.222, 223 fi 92 jalatti ibsame guutee dhiyaachuu isaa mirkaneeffachuu qaba. Kanaafuu, Ofisarri Seeraa himata dhiyaate bu'uura 222 fi 223n dhiyaachuu fi dhiyaachuu dhabuu isaa erga mirkaneeffatee booda himannaan dhiyaate ulaagalee barbaachisu hunda guuteera yoo ta'e, bu'ura 214n himaticha ni galmeessa.Himanni dhiyaate ulaagaa barbaachisu guutee kan hin dhiyaanne yoo ta'e bu'uura kewt.229n himaticha haqee bu'uura kewt.232n ulaagalee guutamuu dhaban adda baasee kanuma abbaa dhimmaa erga beksisee booda himaticha abbaa dhimmaaf deebisuuf aangoo qaba jechuu dha. Kanaafuu,Ofisaroonni Seeraa ulaagalee himanni kallattii dhiyaatu guutuu qabu kana ilaaluuf bu'uura SAFHH tiin angoo seera irraa madde qaba jechuun ni danda'ama.

[90] Fakkeenyaaf, SAFHH Kewt.213 -280, 284-299 fi 300-306 ilaala

SAFHH keessatti sirni himanni kallattii itti dhiyaatu kan biraan sirna gabaabadhaan yoo ta'u, kunis seera adeemsaa kana kewt.284 fi keewwattoota keewwata kanatti ananii jiran jalatti ibsameera.Himanni sirna gabaaba kanaan dhiyaatu mataa isaatiin himata kallaattii mana murtiif dhiyaatu waan ta'eef akkuma himata sirna idileen dhiyaatuu ulaagalee kewt.222, 223, 92 fi 93 jalatti caqasaman guutuu qaba. Kun ammoo yaada keewwatichaa keewwata xiqqaa (c) jalatti *"……..by presenting statement of claim……"* yaada jedhu irraa salphaatti hubatamuu danda'a.Kanaafuu, dhimmoota kana raawwachuuf aangoon bu'ura kewt.229n kan laatame reejistraaraaf yoo ta'u aangoo fi gaheen hojii kun gara OS tti darbeera.

SAFHH keenya jalatti adeemsa sadaffaa fi Sirna Ariiffachiisaa (Accelerated procedure) jedhamuun kan beekamuu ilaalchisee bu'uura keewwata 301n iyyanni sirna falmii kanaan dhiyaatu ulaagalee keewwata kana jalatti caqasaman hunda guutee mana murtiif dhiyaachuu qaba. Keewwata seerichaa 302 yoo ilaallu, iyyati kun ulaagalee keewwata 301 jalatti tumame guute dhiyaachuu fi dhabuu isaa ilaalee murtii barbaachisu laachuuf angoon reejistraaraaf ifatti laatame hin jiru.Haata'uyyuu malee, ulaagaan iyyata kana keessatti akka guutamuuf seeraan tumame kan himanna adeemsaalee biroon akka guutamuuf seeraan tumame irraa adda waan hin taaneef ulaagalee kanas reejistraaratu ilaala jechuun ni danda'ama. Kana malees,iyyanni adeemsa kamiinuu dhiyaatu jalqaba kutaa rejistraaratti waan dhiyaatuuf ogeessi kun ulaagalee teekinikaa kana ni ilaala.Kanaafuu, aangoon kun bu'ura kewt.25 (a) kanaan gara OSti darbeera jechuun ni danda'ama.

Kanumaan wal qabsiifnee haala raawwii aangoo fi gahee hojii OS gama kanaan manneen murtii keenya keessa jiru yoo xiinxallu, yeroo ammaa gutummaa guutuutti haala jedhamuu danda'uun hojiin ulaagalee teekinikaa adeemsaalee kanaan gara mana murtii dhufan ilaaluu fi tarkaanfii barbaachisaa ta'e fudhachuu Ofisarootuma Seeraan

raawwachaa jira[91] waan ta'eef gama kanaan rakkoon raawwii hin jiru jechuun ni danda'ama.

Haata'uyyuu malee, dhimma amma qabanne kana waliin wal qabatee manneen murtii keenya keessa raawwiin yeroo ammaa jiru bu'uuruma seeraan kan raawwachaa jirudha jechuun yoo danda'ames, dhimma kana irratti mudaan tokko illee hin jiru jechuu garuu miti. Ulaagaa teekinikaa himannaa, fi iyyata mana murtii dhufu ilaaluun mirkaneessuu waliin wal qabatee rakkoon darbee darbee manneen murtii keessatti mul'atu ni jira.[92] Fakkeenyaaf, himannaa fi/ykn iyyata ulaaga teekinikaa hin guutin dhiyaate Ofisarri Seeraa akka fuudhanu (bananu) ni taasifamu.Yeroo tokko tokko iyyanni fi/ykn himanni ulaagalee teekinikaa osoo hin guutin yoo dhiyaatan Ofisarri Seeraa bu'uruma aangoo seeraan isaaf laatameen ulaagaleen guutamuu qaban guutamanii akka dhiiyeeffamaniif abbaa dhimmaatti ni deebisa.Abbaan dhimmaas ulaagaale hin guutamne guute dhiiyeefachuurra gara abbaa adeemsaa, abbaa seeraa ykn kutaa perezidaantii mana murtichaa dhaquun yoo himatu abbootiin seeraa kunis yeroo tokko tokko himannichi ulaaga seeraa fi/ykn teeekinikaa yoo hin guunne illee Ofisarri Seeraa akka banu ni taasifama.[93] Kunis bakkee baayyetti afaaniin kan raawwatu dha.[94]Kun ammoo ittigafatamummaa Ofisarri Seeraa galmee socho'u kamiinuu ilaalchisee qabu waliin yoo ilaalamu rakkoo dha. Kana jechuunis galmeen baname tokko ulaaga barbaachisu hunda guutee akka banamuuf akkasumas, galmeen ulaagaa hin guunnee banamuu akka hin qabne akka to'atuuf ittigafatamummaa kan fudhate OS ti. Kanaafuu, galmee sana irratti dhimmoota kana ilaalchisee qaama kamiinuu gaaffiin yoo dhiyaatu ittigafatamummaan isaa kanuma OS ta'a.

---

[91] Yaada cuunfa af-gaaffii, bar-gaaffii fi maree garee abbootii seeraa, Ofiseroota Seeraa fi abbootii Alangaa godina torban qorannoon kun irratti gaggeefame irraa argame, Sadaasa 2004-Guraandhala 2004

[92] Madda lak.91

[93] *Ob.Abbee Hajii, Abbaa Seeraa Mana Murtii Harargee Lixaa, Maammoo Tusii, Abbaa Seeraa Mana Murtii Aanaa Xiyoo, Arsii Asallaa, Adde Emebeet Bashaddaa, Abbaa Seeraa Mana Murtii Aanaa Jimmaa, Ob. Sintaayyoo Dachaasaa fi Ob. Kaliif Hamiid, Ofisaroota Seeraa Mana Murtii Ol'aana Godina Harargee Lixaa, Ob. Sulxaan Nuuruu fi Ob. Nugusuu Huseen, Ofisaroota Seeraa Mana Murtii Godina Asallaa, Ob. Silashii Waaqoyyaa fi Ob. Abdii Abaatee, Ofisaroota Seeraa Mana Murtii Godina Jimmaa*

[94] Madda lak.93

Gama biraan, dhimma kana ilaalchisee abbootiin seeraas ta'an perezidaantoni mannee n murtii yaada walifakkaatu qabu.Kunis, akka ogeessota kanaatti, ulaagaalee teekinikaa hundi guutamee dhiyaachuuf hubannoon ummata keenyaas ta'e haalli qabatamaan jiru yaada keessa galfamuu kan qabu ta'uurra darbee KTAS si'awaa ta'e ummata biraan gahuuf jecha yeroo tokko tokko dhimmoonni murtii bulchiinsaa barbaadan waan uumamaniif dhimmoota akkasii murteessun barbaachisaadha.[95] Kanaafuu, abbootiin seeraa fi Pireezidaantonni manneen murtii raawwiin kun akka gidu-lixummaa aangoo OS ykn aangoo seeraan ala akka fayyadamuutti fudhatamuu hin qabu ejjennoo jedhu qabu.[96]

Hata'uyyuu malee, akka amantaa barreessaa kanaatti KTAS si'aawa ta'e dhugoomsuuf gama tokkoon, tarkaanfiin/murtiin akkuma barbaachisummaa isaatti abbootii seeraan/perezidaantiin fudhatamu, gama biraan ammoo, ittigafatamummaan Ofisarri Seeraa galmee socho'u irratti qabu madaalamu waan qabu fakkaata.Pereezidantiin mana murtiis ta'e abbootiin seeraa ittigafatamummaa uummataa waan qabaniif dhimmoota darbee darbee gama kanaan akkasitti ka'u irratti murteessun isaanii barbaachisaadha. Kana malees, Seerri adeemsa falmii hariiro hawwaasa dhimma murtii ulaaga seeraa OSn murtaa'u ilaalchisee waan jedhu kan hin qabne yoo ta'es, dhimmoota teekinikaa ilaalchisee keewwata isaa 232 jalatti murtii Ofisarri Seeraa laatu abbaan seeraa keessa deebi'ee ilaalu akka danda'u aangeseera. Kanaafuu, murtii Ofisarri Seeraa dhimmoota kana irratti laatu abbootiin seeraas ta'e pireezidaantonni keessa deebi'anii ilaaluun ajaja yoo laatan ittigafatamummaa galmee sana ilaalchisee OS tti dhufuu danda'u maqsuuf akka tolutti ajajicha haala qabatama taasisuun danda'amuun (barreefamaan) ta'uun isaa garee lachanuu araarsuu yaada danda'udha.

[95] *Ob. Dajanee ayyaansaa, Preezidaantii Mana Murtii Ol'aana Godina Harargee Lixaa fi Ob. Toofiq Naa'idi, Pereezidaantii Mana Murtii Aana Ciroo, Harargee Lixaa*

[96] Madda lak.95

ii) **Komii Ol'iyyannoo Fuudhuu**

Akkuma seera adeemsichaa kewt.324 irra hubatamutti ol'iyyanni mana murtiif dhiyaatu tokko ulaagalee kewt.327 jalatti tarreefaman guute dhiyaachuu qofa osoo hin taane, daanga yeroo dhiyaachuu qabu keessatti mana murtii ol'iyyannootti dhiyaatee galma'uu qaba.[97] Galmeen kunis kan raawwatamu mana galmeetti waan ta'eef hojii kana kan raawwatu reejistraara jedhamee amanama. Kana ta'uu yoo baates SAFHH kewt.324n aangoon kun ifaa fi ifatti reejistraaraf laatameera.Bu'uura labsii ammaa tumame kanaan ammoo aangoon kun gara OS tti darbeera. Egaa Ofisarri seeraas komii kana abbaa dhimmaa irraa fuudhee galmeessuun dura guyyaan jedhame kun darbuu fi dhabuu isaa mirkaneessuu, yoo guyyaan kun darbeera ta'e ammoo abbaan dhimmaa heyyama ol'iyyannoo mana murtii gaafachuu akka qabu ibsee galmee abbuma dhimmaaf deebisuuf aangoon seeraan laatameeraafi jechuun ni danda'ama.

Gama biraan, Ofisarri Seeraa komii ol'iyannoo kana yeroo fuudhu ulaagalee kewt.327 jalatti tarreeffaman guutamuu fi guutamuu dhabuu isaanii ilaaluun komiin dhiyaate ulaagalee sana hin guunne yoo ta'e komii ol'iyannoo dhiyaate abbaa dhimmaaf deebisuuf aangoo qabaa? yaadni jedhu ilaalamu qaba. Sababiin isaa komiin ol'iyyanno jalqaba kutaa OSf akka dhiyaachuu qabu kewt. 323 fi 324 irraa salphaatti kan hubatamu haa ta'uyyuu malee, bu'ura kewt.330n komiin ol'iyyannoo ulaagalee kewt.327n tarreeffaman guute waan hin dhiyanneef komiin dhiyaate kun ulaagaa kana guutee akka dhiyaatuuf murteessuuf angoon ifatti OSf hin laatamne.Haata'uyyuu malee, komiin ol'iyannoo ulaagalee kewt.327 jalatti tarreefaman guutu fi dhabuu isaa ilaaluun kun ulaagalee kewt.222,223 fi 92 Ofisarri Seeraa akka ilaale murteessuuf aangoon laatameef irraa adda waan hin taaneef ulaagalee kewt.327 jalatti tarreefaman Ofisarri Seeraa ilaalee akka hin murteesineef sababni ga'aan hin jiru jechuun ni

[97]Komiin ol'iyyannoo dhiyaachuu kan danda'u guyyaa murtiin kennamee kaasee bultii 60 keessattii ta'uu qaba (kewt. 323(2)).Haata'uyyuu malee, dhimmoota tokko tokko irratti yeroon ol'iyyannoo guyyaa 60 tiin gadi ta'uus akka danda'u dagatamuun hin qabu. Fakkeenyaaf, murtii gandi kenne irra guyyaa 40 keessatt; dhimma sirna ariifacdhiisadhaan ilaalame tokko irratti ammoo ol'iyyannoon kan hayyamamu yoo ta'e guyyaa murtiin laatamee kaase guyyaa 10 keessattii mana murtii ol'iyyataaf dhiyaachuu qaba (kew.306 (2)).

danda'ama.Komiin ol'iyyannoo yeroo dhiyaatu ulaagaleen seeraa kewt.327 jalatti tarreefaman guutamanii dhiyachuu isaa sakatta'uun dura bu'ura kewt.324(1)n yeroon komiin itti dhiyaachu qabu OSn ilaalama waan ta'eef guyyaan kun hin dabarre yoo ta'e ogeessi kun achumaan itti fufee ulaagaleen kun guutamuu isaa sakata'uu danda'a.Kana malees, hojilee kanneen Ofisarri Seeraa akka hojjetu taasisuun ulfaatina hojii abbaa seeraa irratti fe'ame xiqqeessuun kenna tajaajila abbaa seerummaa si'aawaa tasisuuf shoora mataa isaa qaba.Kanaafu, hojiin kun OSn raawwatamuu qaba yaadni jedhu mataa isaatiin hammeenya hin qabu.Muuxannoo biyyoota ambaa armaan dura sakattaanes dhimma kanaan wal qabsiifnee yoo ilaalle, yaaduma kana nuu deeggaru. Muxannoo biyya Faransaayii fi Jarmanii akka fakkeenyaatti caqasuun ni danda'ama. Biyyoota ambaa kanneen keessatti hojjettoonni dhaddachaa ykn reejistraarri irra jireessaan kan raawwatan hojilee galmee waliin wal qabatan waan ta'eef komii ol'iyyannoo abba dhimmarraa fuudhuun keesumeessuun angodhuma isaaniti.

Haala raawwii aangoo fi gahee hojii kana waliin wal qabatee manneen murtii keenya keessatti jiru ammoo yoo ilaallu, harcaatiin darbee darbee mudatu yoo jiraates[98] raawwiin manneen murtii keessa jiru bu'uuruma labsicha keessatti ol kaa'ameen tahuu af-gaaffiin, bar-gaffiinii fi mareen garee ogeessota adda addaa keessattu abbootii seeraa fi Ofisaroota Seeraa waliin taasifame irraa hubachuun danda'ameera: dhimma hariiroo irratti ol'iyyaanni mana murtiif dhiyaatu hunda dura kallattiin kutaa OS tti dhiyaatee kan galmaa'u yoo ta'u, kanas kan raawwatu Ofisaruma Seeraati.[99]

Aangoo fi gahee hojii ol'iyyannoo mana murtiif dhiyaatu abbaa dhimmaa irraa fuuchuun keessumessuu waliin wal qabatee raawwii irratti dhimmi akka rakkootti mul'atu tokkoo daangaa aangoo OS dhimma kana waliin wal qabatee

[98] Bakkee tokko tokkotti (Fakkenyaaf, Mana Murtii ol'aana Wallaga Bahaa fi Arsii Asallaa) keessattu dhimaa hariiroo waliin wal qabatee ol'iyyanni kallattiin abbaa dhimmaatiin dhaddachaaf kan dhiyaatu yoo ta'u ol'iyyannoo kan fuudhu OS osoo hin taane abbaa seerati. *(Af-gaaffii abbootii seeraa fi Ofiseroota Seeraa waliin taasifame irraa yaada argame)*

[99] Cuunfaa yaadaa bar-gaaffii, af-gaaffii fi maree garee abbootii seeraa fi ofiseroota seeraa waliiin gaggeefame irraa argame

jirudha.Fakkeenyaaf, dhimmi akka rakkootti mul'atu tokko Ofisarri Seeraa ol'iyyannoo dhimma hariiroo irratti dhiyaate tokko erga ol'iyyataa irraa fuudheen booda bellama qabuun ol'iyyannicha kallattiin deebii kennaaf erguu danda'amoo ol'iyyannichi dhaddachaaf ergamee kan dhiyeessissu fi kan hin dhiyeessisne ta'uun isaa abbaa seeraan erga murtaa'en booda kan dhiyeesisu yoo ta'e deebii kennaaf ergamaa? dhimma jedhu dha. Dhimma kana irratti haala qabatama raawwii yeroo ammaa manneen murtii keessa jiruu hubachuuf bu'uura maree garee abbootii seeraa, abukaattota dhuunfaa fi Ofisaroota Seeraa waliin adeemsifameen bakkee baayyeetti galmeen ol'iyyannoo kan dhiyeesisu ykn hin dhiyesifne ta'uun isaa osoo hin mirkana'in kalattiin OSn deebii kennaaf ergama.

Dhimma kanaan wal qabatee adeemsa sirrii ta'e addaan baasuuf SAFHH yoo xinxallu, galmeen ol'iyyannoo tokko yoo dhiyaatu deebii kennaaf ergamuu isaan dura galmeen sun kan dhiyeesisuu fi hin dhiyeesifne ta'uun isaa abbaa seeraan mirkana'uu qaba.[100] Kun ammoo galmeen ol'iyyannoo dhiyaate sun kan hin dhiyeesfine ta'uun isaa yoo mirkana'e yeroo fi baasii deebi kennaa qisaasessamuu danda'u hambisuuf gumaacha ol'aana qaba.Kanaafuu, Ofisarri Seeraa galmee ol'iyyannoo yoo fuudhu ulaaga barbaachisu hunda guute dhiyaachuu isaa erga mirkaneeffateen booda kallattiin dhaddachaaf dhiyeessu qaba malee deebi kennaaf ergamuu hin qabu.

3.1.2. Aangoo fi Gahee Hojii Reejistraaraa SAFY Jalatti Tumamee fi Labsichaan OSf Laatame

SAFY jalattis yaadi-rimeen "Reejistraara" jedhu haaluma SAFHH keessatti tumameen hiikameera.[101] Seera adeemsaa kana jalattis reejistraarri aangoo fi gaheen hojii mataa isaa danda'e qaba.Akkaatuma kanaan, aangoo fi gaheen hojii reejistraaraaf SAFY jalatti laatamee turee fi bu'uura labsii lak.141/2000n ammoo gara OSti darbe raawwii manneen murtii keenya keessa jiru waliin akka armaan gadiitti ilaalla:

[100] SAFHH kewt.337 ilaala
[101]Seera Adeemsa Falmii Yakkaa, *Neegarti Geezexaa*, kewt.3

i. Ulaagaalee Ragaan Sakata'iinsa Dhiyaatu (Preliminary Inquiry) Guutu Qabu Ilaalu, Mirkaneessuu fi Qaama Ilaallatuuf Dabarsuu

Dhimma yakka cimaa ajeechaa ykn saamichaa ilaalchisee himannaan mana murtiif dhiyaachuun dura mana murtii aangoo qabuun sakata'iinsi taasifamuu akka qabu SAFY kewt.80 jalatti tumameera.Sakata'iinsi kun ammoo erga raawwateen booda ragaan sakata'iinsaa ulaagalee kewt.92 jalatti tarreefaman guutun[102] ciraanis yoo jiraate ciraa waliin kutaa reejistraara mana murtii ol'aanatti ergamuu qaba.Reejistraarris ragaa kana yoo fuudhu ulaagaleen jedhaman kunneen guutamuu isaa mirkaneefachuu qaba. Kana malees, reejistraarri ragaan kun erga isa qaqqabeen booda bu'uura kewt. 91 (3)n garagalcha ragaa kanaa abbaa alangaa dhimmicha hordofuu fi himatamaadhaaf erguuf dirqama qaba. Keewwanni 92(2) irraa ammoo hubachuun akka danda'amutti gargalchi abbaa alangaa fi himatamaaf reejistraaraan ergamu kun qabiyyee kewt.92 (1) jalatti ibsaman hunda kana guutee dhiyaachuutu irra jira. Kanaafuu, reejistraarri gargalacha kana yoo ergu gargalchi inni ergu kun qabiyyee kewt. 92(1) jalatti tarreeffaman guutuu isaa mirkaneessuu qaba jechuu dha.Egaa aangoo fi gaheen hojii kun ammoo labsii motummaa naannoo Oromiyaan tumame kanaan gara OSti darbeera.

---

[102] Seerri Adeemsa Falmii Yakkaa keewwata isaa 92 qabiyyee ragaa dhiyaatu kanaa yoo ibsu:
1) The record shall contain the following particulars:-
(a) The serial number of the case; and
(b) the date of the commission of the offence; and
(c) the date of the accusation, if any; and
(d} the name and address of the accuser, if any: and
(e) the name, address, occupation and age, if known, and nationality of the accused; and
(f) the offence shown and, where appropriate, the value of the property in respect of which or the special status of the person against whom the offence was committed; and
(g) the date of the warrant of arrest, if any, or on which the accused was first arrested; and
(h) the date on which the accused was first brought before a court; and
(i) the name of the prosecutor and, where appropriate, of the advocate for the defense; and
(j) the date of and reasons for any adjournment that may have been granted; and
(k) the date on which the preliminary inquiry was completed; and
(I) all statements made in the course of the preliminary inquiry, including those which may have been made by the accused; and
(m) The list of defense witnesses.
(2) The same particulars shall appear in the copy of the proceedings sent to the public prosecutor and the accused jedha.

ii. Ciraa Yakkaa Fudhuu fi Eegu

Ofisarri Seeraa yakka raawwatame jedhame tokko waliin ciraan yakkaa qabame yoo jiraate fi/ykn yaada himatamaa bu'ura kewt.27n fuudhamee fi yaada ragootaa bu'uura kewt.30 argame yoo isaaf dhiiyatu kanuma mallatteesse lakkoofisa itti kennuun hanga ajaji mana murti isa qaqqabutti ciraa bakka nageenya qabu kaa'uu fi eeguuf dirqama qaba.[103] Haalli qabatama raawwiis bifuma seerri jedhu kanaan kan raawwatamaa jiru ta'uun hubatameera.[104]

iii. Garagalcha Murtii Laachuu

Garee falmitootaa keessaa inni tokko ol'iyyannoo gaafachuu kan barbaadu ta'uu isaa ibsuudhaan foormaatii guutamu malu guutee yoo dhiyeessee reejistraarri murtii ol'iyyannoon irratti gaafatame gargalchee ol'iyyataadhaaf ykn abukaattoo isaaf bu'uura kewt.187n kennuuf aangoo qaba. Aangoon kun ammoo, bu'uura kewt. 25(a) labsii kanatiin gara OS tti darebeera.Ol'iyyataan mana sirreessaa kan jiru yoo ta'e Ofisarri Seeraa gargalcha murtii ol'iyyannoon irratti gaafatame karaa itti gaafatamaa mana sirreessaatiin ol'iyyataa akka dhaqqabu gochuuf bu'uuruma keewwata armaan olitti caqasameen ittigafatamummaa ni qaba. Haalli qabatama raawwiis bifuma kan SAFHH waliin wal fakkaatuun Ofisaruma Seeraan raawwachaa jira.[105]

iv. Komii Ol'iyyannoo Fuuchuu

Bu'uura kewt.187 tiin komiin ol'iyyannoo yoo dhiyaatu jalqaba kutaa OStti dhiyaatee galmaa'uun fuudhama.Keewanumti kun komiin ol'iyyannoo dhiyaatuu ulaagaalee kewt.189 jalaatti tarreefaman guutee dhiyaachuu akka qabus ni eera. Ofisarri Seeraa komii kana yoo fuudhu ulaagaleen kun guutamee dhiyaachuu isaas mirkaneessee fuudha moo komichuma fuuchu qofa dhimmi jedhu ifa miti. Akkuma bakkee adda addaatti ilaaluuf yaalle, ulaagaleen kun ulaagalee teekinikaa Ofisarri Seeraa akka ilaaluuf aangoon laatameef biroo irraa addummaa waan hin qabneef ogeessonni kun

[103] SAFY kewt.97
[104] Yaada cuunfaa af-gaaffii Ofisaroota Seeraa fi abbooti seeraa waliin taasifame irraa argame
[105] Madda lak.104

dhimma kana bu'uura kewt. 187 yoo galmeessan achumaan ulaagaleen kun guutamuu isaani ilaalu ni danda'u jechuun ni danda'ama.

Haala raawwii kanaa yoo ilaallu dhimmoota ulaagalee teekinikaa ol'iyyataa kan ilaalu OS yoo ta'es,[106] dhimma galmeen ol'iyyataa kan dhiyeessisuu fi hin dhiyeesifne ta'uu mirkaneessuu waliin wal qabatee rakkoon armaan dura dhimma hariiroo keessatti ilaalame dhimma yakkaa kana waliin wal qabatees qabatama raawwii irratti huma jira.[107]

v) Ulaagaalee Chaarjii fi Iyyata Wabii Ilaalu

Chaarjiin dhiyaatu tokko mana murtii angoo qabuuf ulaagalee kewt.111 jalatti caqasame hunda guutee dhiyaachuu qaba.Ulaagaleen kun guutamuu dhabuun isaa garuu kallattiin haqamuu himannaa dhiyaatee kan hordofsiisu miti: manni murtii akkumasaatti dhimmicha ilaaluun dogongorrii yoo jiraate akka foyyefamu ykn himanni haaraan akka dhiyaatu ajajuu danda'a.[108] Haata'uyyuu malee, charjiin gara mana murtii dhufu jalqaba kutaa reejistraaratti dhiyaata waan ta'eef reejistraarri hojii ulaagalee kana ilaaluu ni raawwata jechuun ni danda'ama. Ulaagalee chaarjiin kun guutu qabu ilaalchisee reejistraarri kan dagate yoo jiraate garuu bu'uura keewwata armaan olitti caqasameen abbaan seeraa ilaalu danda'a jechuun seericha hiikuun ni danda'ama.Kanaafuu, dhimma kana irratti reejistraarri aangoo qaba waan ta'ef bu'uura labsichaan aangoon isaa kun gara OS tti darbeera jechuu dha.

Gama biraan, dhimma iyyata wabii ilaalchisee Seerri Adeemsa Falmii Yakkaa keenya keewwata isaa 64 irraa eegalee haalan tumee jira.Keessattuu formaatii iyyati kun hordofuu qabuu fi ulaagalee inni guutu qabu seerri ifatti kaa'era. Haata'uyyuu malee, iyyanni wabii kun foormaatii seera qabeessaan dhiyaachuu isaa fi ulaagalee kewt. 64(2) jalatti tarreeffame guutee dhiyaachuu isaa qaama ilaalee tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuuf aangoo qabus ta'ee ulaagaleen jedhaman kun yoo guutamuu baatan

[106] Madda lak.104
[107] Madda lak.104
[108] SAFY kewt.118 fi 119

tarkaanfii akkamii fudhatamuu akka qabu ilaalchisee seerichi ifa miti.Haata'uyyuu malee, iyyanni kun jalqaba kutaa OS tti kan dhiyaatu ta'uurra darbee, ulaagaleen iyyati kun guutuu qabu hammas qixee wal xaxaa waan hin taaneef ulaaga iyyanni kun guutee dhiyaachuu qabu OS tu ilaalu qaba yaadni jedhu yaada dhama qabeessa dha.

Dhimma kanaan wal qabatee muuxannoo biyyoota ambaa tokko tokko yoo ilaalle, fakkeenyaaf, Mana murtii biyya Amerikaa Floriida keessatti aangoon gun hojjetaa dhaddachaaf kan dhiifame dha.[109] Kanaafuu, hojiiwwan kunniin hangas mara wal xaxaa ta'uu dhabuurra darbee kan salphaatti ilaalamee sirreefamu waan ta'eef dhimma kana ilaaluudhaan tarkaanfii sirreefamaa fudhachuun angoo fi gahee hojii OS ta'uu qaba.

Haalli qabatamaan manneen murtii naannoo Oromiyaa keessa jirus akka mul'isutti ulaagalee kana ilaaluun mirkaneessuun Ofisarootuma Seeraan raawwachaa jira.[110]

3.2. Aangoo fi Gahee Hojii Harawaa Labsii 141/2000 Jalatti OSf Laataman

Labsiin manneen murtii naannoo Oromiyaa irra deebi'anii hundeessuf bahe kun aangoo fi gahee hojii seerota adeemsaa keessatti reejistraaraaf latamanii turanii fi armaan olitti xinxalame gahee hojii Ofisaroota Seeraa gochuun tumuurra darbee, aangoo fi gahee hojii haaraa dabalataan ogeessota kanaaf laate jira.[111] Aangoo fi gaheewwan hojii harawaa Ofisaroota Seeraa kanaaf laataman keessaa walakkeessi isaanii kan duraan seerota adeemsaa kessatti aangoo fi gahee hojii abbaa seeraa ta'uun tumamanii turan yoo ta'u (Fakkeenyaaf, himannoon dhiyaate ulaagalaan seeraa guutamuu isaa ilaaluu fi kkf), kaan ammoo kanuma seera baastuu labsichaan ogeessota

[109] http://www.clerkofcourts.cc/pages/clerk_duties.htm
[110] Madda lak.104
[111] Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa Irra Deebi'anii Hundeessuf Bahe Lak.141/2000, *Magalata Oromiyaa,* kewt 25 (a-h)

kanaaf dabalataan laatamani dha.[112]Aangoo fi gahee hojii kana qorannoo kana keessatti "*aangoo fi gahee hojii harawaa"* jedheen waama.

Akkaatuma kanaan, aangoo fi gaheen hojii haraawan kun SAFHH keessattis ta'ee SAFY keessaatti kan wal fakkaatan waan ta'eef xinxala seeraa fi raawwii lachuu isaniyyuu akka armaan gadiitti bakkuma tokkotti ilaalla:

3.2.1. Iyyani, himannii fi ol'iyyanni dhiyaate ulaagaa seeraa guute dhiyaachuu isaa mirkaneessuu

Labsii armaan olitti ibsame irratti Ofisaroonni Seeraa akka raawwataniif aangoo fi gahee hojii haaraa laatameef keessaa inni jalqabaa iyyani, himannii ykn ol'iyyanni dhiyaate ulaagaa seeraa guute dhiyaachuu isaa mirkaneessuu dha.[113]Bu'uura labsichaa keewwata 25 keewwata xiqqaa (b) tiin aangoo fi gahee hojii Ofisaroota Seeraaf laatame kana haalaan addatti baasnee beekuuf hunda dura labsiin *"iyyanni, himannii fi ol'iyyannoon dhiyaatu ulaagaa seeraa guute dhiyaachuu isaa ni mirkaneessa*" yoo jedhu maal jechuu akka ta'e beekuun yookaan ammoo gababumatti labsichi gaale *".....ulaagaa seeraa....."* jechuun tume kanaaf ibsa laate waan hin qabneef tumaa labsichaa jalatti *".....ulaagaa Seeraa....."* jechuun maal jechuu akka ta'e dursinee sirritti hubachuun barbaachisaa dha.

Biyyoota adda addaa keessatti hiikni yaada kanaaf laatamu yeroo baayyee adda adda: biyyoonni tokko tokko yaadicha bal'isuun yoo hiikan kaan ammoo yaadicha hanga tokko dhiphisuun itti fayyadamu. Fakkeenyaaf: biyya Amerikaa fi biyyoota sirna seeraa koman loow hordofan ilaalchisee barreessan tokko yaadicha faallaa isaan yoo ibsu:

"A pleading is asserted as legally insufficient when it does not warrant a trial. Plaintiff may have no substantive theory giving a right to recover. Or, the plaintiff may have a theory but [no] evidence to support the theory. . . . Given the law and the available evidence, one side would have

[112] Keessattuu aangonii fi gaheen hojii haaraan duraan seerota adeemsaa keessa hin turre garuu seera baastuu labsichaan Ofiserri seeraa akka hojjetuuf kan aangeffame irra jireessaan geheewwan hojii qorannoo JBHAn adda baafamani dha.

[113] Madda lak.111 Kewt.25 (b)

to win and thus a trial would be a waste of time"[114] jechuun ibseera. Haaluma wal fakkaatuun barreessaan biraa ammoo madda isaa kitaaba dhimoota (casebook) mana murtii Indiyaa ta'uu ibsuun dhimmicha yoo hiiku:

"Legal sufficiency means or a legal sufficiency motions may assert either a lack of evidence or a lack of law, or both:
Defendants make motions for directed verdict based on many different theories:
(a) There is insufficient evidence of one or more elements to permit reasonable people to find that it is true. This is often a matter of arguing that inferences do not stretch so far as the plaintiff claims. . . . (b) The facts are in a "fog." No one knows what happened. Therefore the plaintiff cannot make out a prima facie case. . . . (c) We know what happened, but reasonable people cannot find that it meets the legal standard. For instance . . . there was "no duty" or the activity does not add up to negligence or whatever wrongdoing is alleged"[115]jedheera.

Egaa akka hiika kanarraa hubachuun danda'amutti ulaaga seeraa jechuun himanni gara mana murtii dhufu kamiyyuu dhimmoota seeraa barbaachisoo ta'anii fi ragaa gaha irratti hundaa'e dhiyaachuu akka qabu kan mul'isu jechuu akka ta'e nutti agarsiisa. Kun ammoo dabareedhaan himanni tokko ulaaga seeraa hunda guutuu fi guutu dhabuun isaa dhaddacharratti ykn dhaddachaan dura ilaalamuu kan danda'u ta'uu nutti agarsiisa.

Haata'uyyuu malee, akka hiika armaan oliitti laatame kanaan yaada-rimeen hiika laatame kana keessatti "…..*substantive theory*….." ykn "….*lack of law*……..." jedhamuun ibsaman kun ykn yaadichumti matuma isaatiin maal of keessatti qabachuu akka danda'u hubachuun ammas nama rakkisa.

Biyyoota sirna seeraa koman loow hordofan baayyee keessatti (fakkeenyaaf, biyya Amerikaa fi Inglandi) ulaagan seeraa himanni gara mana murtii dhufu tokko guutu

[114] Joel WM. Friedman, Jonathan M.Landers and Michael G. Collins, The Law of Civil Procedure Ful. 525-26 *(akka barreefama LAWSUIT SHAPING AND LEGAL SUFFICIENCY: THE ACCELERATOR AND THE BRAKES OF CIVIL LITIGATION jedhu keessatti caqafametti)*
[115] Stephen N. Subrin, Martha L. Minow, Mark S. Brodin and Thomas O. main, Civil Ful.76

qabu "Universal Procedural Principle" jedhamee yoo beekamu kan inni of keessatti haammatus himanni dhiyaate sababa himannaa qabaachuu fi dhabuu isaa(Cause of Action), ragaan himata waliin dhiyaate rogummaa fi gahumsa kan qabu ta'uu isaa (Relevance and Crediblity of Evidence), namni himata dhiyesse gaffii mirgaa dhiyesse sanaaf fedhii bu'uura seeraa nama qabu ta'uu isaa (Vested Interest) fi himatamtoonni baayyeen si'a tokkotti kan himataman yoo ta'e haalli himanni itti dhiyaate kun kan salphaatti hogganamu ta'uu fi dhabuu isaa (Open Joinders of Defendants) kanneen jedhamani dha.[116] Biyyota kana keessatti dhimmoonni falmiin qabiyyee himannaa irratti osoo hin gaggefamiinii fi sirna falmii gabaabatiin akka murta'an taasisan baayyeen isaanii akka ulaaga seeraatti fudhatamu[117]

Biyyoota sirna seeraa sivil loow hordofan keessattis yoo ta'e dhimmi ulaagaa seeraa dhaddachaan dura ykn dhaddacharratti kan murta'uu danda'u ta'ee, wantoota baayye of jalatti haammata. Isaanis: aangoon mana murtii jiraachuu fi jiraachuu dhabuu adda baasuu, iyyanni, himanni ykn ol'iyyanni dhiyaate tokko sababa himannaa(Cuase of Action) qabaachuu fi dhabuu mirkaneessu, namni ykn qaamni iyyata, himata ykn ol'iyyata dhiyeessu tokko iyyata, himata ykn ol'iyyata jedhame kana dhiyeessuuf fedhii bu'uura seeraa qabu (Vested Interest) qabaachuu fi, himataan ykn himatamaan dandeetti (capacity under the law) qabaachuu isaa mirkaneessuu kanneen jedhaman ni caqafamu.[118] Ulaagaan biyyoota koman loow keessatti rogummaa fi gahumsa ragaa mirkaneessuu jedhu sirna seeraa sivil loow hordofan baayyee keessatti akka ulaaga seeraatti hin fudhatamu[119]

Seera keenya jalatti hiikkaa yaada amma qabaneef laatamuufs yoo ilaallu hiika yaadichaaf akka armaan oliitti muuxannoo biyyoota ambaa kana irraa hubatamu irraa adda miti. Seeronni adeemsaa keenya "ulaagaa seeraa" jedhanii kan isaan waaman

[116] David Peeples, *Lawsuit Shaping and Legal Sufficiency: The acceleration and the breaks of civil litigation* Ful.345-350
[117] Madda lak.116
[118] www.gov.pe.ca/courts/supreme/rules/annotated/a-rule21.pdf
[119] Madda lak.118

balifamee hiikamu kan danda'u yoo ta'es adda duraan garuu himannoon dhiyaate tokko sababa himannaa qabaachuu fi dhabuu isaa, aangoon abbaa seerummaa manneen murtii jiraachuu fi dhabuu akkasumas, himataan ykn himatamaan dandeetti (capacity under the law) qabaachuu isaa mirkaneessuu kanneen jedhaman ni caqafamu.[120]

Labsiin manneen murtii naannoo Oromiyaa irra deebi'e bifa haaran hundeessuuf bahe kunis keewwata isaa kana jalatti *Ofisarri Seeraa himanni, iyyannii fi ol'iyyanni dhiyaatu ulaaga seeraa guute dhiyaachuu isaa ni mirkaneessa* jedhee yoo tumu qabiyyeen ulaaga kanaa muxannodhuma biyyota ambaa armaan olii keessattuu kan warreen sirna seera sivil loow hordofanii fi/ykn hiika seera keenya jalatti yaadichaaf akka armaan olitti beektota seeraan laatame kana waliin kan wal fakkatudha jedhamee fudhatamuu danda'a.

Dhimmi asitti kallattiin itti aane ilaalamu qabuu bu'uura muuxannoo jiruun dhimmoota kan ilaaluu fi murteessuun aangoo eenyutii? yaada jedhu dha.

Dhimma kana irratti muuxannoo biyyoota ambaa yoo ilaallu, bu'uura sakata'iinsa muxnnoo biyyoota baayyee barreessaa kanaan taasifameen qaama ulaaga seeraa kana murteessuu ilaalchisee biyyoota gidduutti hangas mara adda addummaan hin jiru.Fakeenyaaf, biyya Amerikaa,[121] Inglaandi[122] Indiyaa[123] fi Faransaay[124] keessatti aangoon kun kallatiin abbaa seeraaf kan dhiifame dha.Kana jechuun garuu, biyyoota kana keessatti dhimmoota ulaagaa seeraa ta'anii armaan olitti caqafaman hunda abbaan seeraa ilaaluuf aango qaba jechuu miti. Fakkeenyaaf, biyya Faransaay keessatti dhimma himatamaan ykn himataan dandeettii qabaachuu yerodhuma galmeen banamu

[120] Dr. Manbaree Thaahaay, Dareekteera Wirtoo Qorannoo Seeraa Mootummaa Federaala Itoophiyaa fi Barsiisaa Seeraa Yuuniversitii Finfinnee), Ob. Ababee……, Barsiisaa Seeraa Yuuniversiitii Finfinnee

[121] ……., *USFederal Courts and What they Do*, Ful.8-10

[122] http://www.e-laws.gov.on.ca/html/regs/english/elaws_regs_900194_e.htm

[123] http://www.google.com/url?sa=t&rct=j&q=determination+of+cause+of+action+in+indian+courts&source=web&cd=1&ved=0CCMQFjAA&url=http%3A%2F%2Fwww.legalhelpindia.com%2Fbareacts%2FTHE%2520CODE%2520O

[124] Seera Adeemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa Biyya Faransaay kewt.75-99 fi kewt.117-121 jiru ilaala

salphaati kan ilaalamu waan ta'eef dhimmota kana ilaaluun aangoo reejistraara mana murtichaati.[125]

Gara seera keenyaatti ammoo yoo deebinu, bu'uura kewwata labsichaa kanaan nannoo keenya keessatti aangoon kun OSf laatameera. Haata'uyyuu malee, seerummaa labsichi gama kanaan qabu xinxaluun barbaachisaa dha.Akkaatuma kanaan, ulaagalee seeraa warreen kaan ilaalchisee rakkoon seeraa hin jiru jedhamuu yoo baates, ammaaf garuu ulaagaa seeraa himannaan dhiyaate sababa himannaa qabaachuu isaa mirkaneessuu dhimma jedhu qofa irratti haa xiyyeeffannu.

Ulaaga seeraa himanni, iyyannii ykn ol'iyyannoon dhiyaatu guutu qabuu fi bu'uura labsii 141/2000n Ofisarri Seeraa akka ilaale murteessuf aangoon dabalataan laatameef keessaa inni tokko aango himanni dhiyaate tokko sababa himannaa (Cause of Action) qabaachuu fi dhabuu isaa mirkaneessu dha. Aangoon kun SAFHH kewt. 231 jalatti abbaa seeraaf laatame kan ture dha. Seeraa yakkaa keenya jalattis bu'uura kewt. 111 fi 112tiin chaarjiin dhiyaatu tokko himannaa dhiyaateef wanta sababa ta'e of keessatti qabachuu kan qabu yoo ta'u, himatichi ulaaga kana guute dhiyaachuu isaa kan mirkaneessu akkasumas, yoo charjiin dhiyaate kun dogangora qaabaate akka sirreefamu ajaajuu kan danda'u abbaa seeraa ture.[126] Egaa bu'uura labsii 141/2000n SAFHH keessattis ta'ee SAFY jalattii aangoon himanni dhiyaate tokko sababa himannaa qabaachuu fi dhabuu[127] ilaaluudhaan tarkaanfii barbaachisaa ta'e fudhachuu kun gara OS tti darbeera.[128]

---

[125] Madda lak.42

[126] SAFY kewt.119 fi 120 ilaala

[127]Barreessaa tokko dhimma hariiroo keessatti himanni dhiyaate tokko ka'umsa dubbii himannaa dhiyaateef sababa ta'e qabaachuu fi dhabuu mirkanessuuf waa sadii ilaaluun barbaachisaa akka ta'ee fi waa sadii kana keessaa tokko osoo hin guutamin yoo himannaan dhiyaate dubbiin himatichaaf ka'umsa ta'e akka hin jirre yoo ibsu: *a statement of claim does not disclose a cause of action when: 1) where the allegation, even if it is true, do not intitle the plaintiff under the law, 2) when the plaintiff has not pleaded facts, but has merely pleaded conclusion, 3) when the plaintiff alleged facts that affermatively show that he is not entitled to relief under the law or the defendant has good defence.(Robert Allen Sidler, Ethiopian Civil Procedure, Ful.140-144)*

[128] Madda lak.111, 25 (b)

Aangoo haarawaa OSf laatame kana waliin wal qabatee dhimmi akka rakkoo seeraatti ogeessota keenya baayyee biratti ka'u aangoon dhimma kana ilaaluu kan abbaa seeraa qofaaf laatamuu qabu waan ta'ees oggeessi biraa ulaaga kana akka ilaaluuf aangessuun sirri miti yaada jedhudha.[129] Dhimma kanaafis wanti akka sababaatti caqasamu aangoon kun umamaan aangoo abbaa seerummaati yaada jedhuu dha.[130] Kanaafuu, keessattuu dhimma hariiroon wal qabatee SAFHH jalatti himanni dhiyaate tokko sababa himannaa qaba ykn hin qabu jechuun murteessuun aangoo abbaa seeraa qofaan ilaalamuu qabumoo mitii? yaada jedhu ilaaluun barbaachisaa ta'a.

Ulaaga seeraa armaan olitti caqasame kana murtessuun aangoo abbaa seeraa qofaaf laatamuu qabudhamoo miti? yaada jedhu deebisuuf hunda dura yaada- rimeen *"aango abbaa seerummaa"* jedhu maal jechuu akka ta'ee beeku barbaada. Sababiin isaa aangoo abbaa seerummaa abbaa seeraa qofaaf laatame adda baasuun beekuun hojiin isaa alatti jiru qaama biraan raawwatamuu danda'a jedhamee fudhatamuu waan danda'uufi.

Kiitabni guboo jechoota seeraa yaada "Aango abbaa seerummaa" (Judiciary Power) jedhu yoo hiiku:

"Judicial power is the authority vested in courts and judges to hear and decied cases and make a binding judgement on them. It is the power to construe and apply the law when controversies arise over what has been done or not done over it"[131] jechuun ibsa. Bifuma yaada kana deeggaruun guuboon jechoota afaan Ingliffaa tokko ammoo yaadicha yoo ibsu:

"Judicial power is the constitutional authority vested in courts and judges to hear and decide justiciable cases and to interpret, and enforce or void, statutes when dispute arise over their scope or constitutionality"[132]jechuun hiika.

---

[129]*Ob. Mahaamad Jimaa, Pireezidantii Mana Murtii Godina Shawaa Bahaa, Ob. Kaffaaloo Abbebee, Abbaa Adeemsa Dhaddacha Yakkaa fi Abbaa Seeraa Mana Murtii Ol'aana Godina Wallaga Bahaa, Ob. Idiriis Amaan, Abbaa Seeraa Mana Murtii Ol'aana Harargee Lixaa, Ob.Urgaa……., Abbaa Seeraa Ol'aana Godina Harargee Lixaa, Ob. Gammachuu Baqqalaa, Pireezidantii Mana Murtii Godina Jimmaa*

[130] Madda lak.129

[131] Madda lak.9

[132]http://www.businessdictionary.com/definition/judicial-power.html#ixzz1n7Q3psW4

Akka hiika kanaatti aangoo abbaa seerummaa jechuun aangoo wal dhabde nama/qaama lamaa fi isaa ol ta'e gidduutti uumame dhaggeeffachuun dhimmicha waliin seera roggumma qabutti fayyadamudhaan ykn akkuma barbaachisummaa isaatti seericha hiikuudhaan murtii dirqisiisaa ta'e tokko laachuu fi/ykn seerichi hojiirra kan hin oollee fi hojiirra oluuf rogummaa kan hin qabne yoo ta'e seera tumame kana kufaa gochuu jechuu dha. Haata'uyyuu malee, keessattuu dhimma hariiroo keessatti dhimmi tokko dhimma seeraa waan ta'e qofaaf dhimmicha abbaa seeraa qofaatu ilaala jechuu miti.[133] Gama biraan ammoo, aangoon abbaa seerummaa jiraachuudhaaf dirqamatti waldhabdeen qaama ykn nama lamaa fi isaa ol ta'e giddutti jiraachu qaba jechuus miti.[134]

Dhimma akka rakkootti armaan olitti caqasame kana kallattii kanaan yoo qeeqne himanni dhiyaate tokko himatichaaf sababa himannaa hin qabu jechuun himaticha deebisuun aango abbaa seerummaati jechuun yoo danda'ames seeraan akkuma barbaachisummaa isaatti qaama biraaf laatamuu danda'a.Haata'uyyuu malee, yaada waliigalaa labsii kanaas ta'e qorannoo JBHA mana murtiin gaggeeffame yoo ilaallee labsichi Ofisarri Seeraa aango abbaa seerummaa akka qabaatu aangessuu kan yaade osoo hin taane, ogeessonni kun hojii deeggarsaa akka laatanii fi KTAS si'aawa fi qulqulina qabu abbaa seeraa biraan gahu dha.Kanaafuu, labsichi haala ifa ta'een ogeessonni kun aangoo abbaa seerummaa akka qaban osoo hin tumin aangoo kana laachuun isaa seerummaa waan qabu hin fakkaatu. Kana malees, bu'uura muuxannoo biyya keenyaan aangoon abbaa seerummaa heera mootummaan kan laatamu ykn

[133] Dhimmoota seeraa adda addaa irratti qaamni biraa keesaattuu dhimma nama dhuunfaa tokko bakkee falmiin hin jirretti mana murtiin ala qaamni adda addaa murteessuuf aangoon laatamu danda'a.Kana malees, mana murtiin alatti angoon waldhabdee namoota/qaama lamaa fi isaa ol gidduutti uumames dhagahuun murtii dirqsiisaa ta'e laachuun qaama seeraan/heeraan beekamtiin laatameefiif biraaf laatamuus danda'a.Kanaafuu aangoon abbaa seerummaa mana murtii ykn abbaa seeraa qofaaf laatamu akkuma muuxannoo fi sirna siyaasa biyyi tokko hordofu irratti hundaa'uun adda adda ta'uu danda'a.

[134] Hata'uyyuu malee bu'uura miljalee lak.132 armaan olitti ibsameen aangonumti abbaa seerummaa kun seera rogummaa qabuun qaama biraaf laatamuu waan danda'uuf miljaledhuma kan ilaala.

dhorkatamu dha.[135] Inumayyuuaangoo abbaa seeraa laachuun matuma isaan aangoo mataa isaa barbaada.[136]

Dhimma kana waliin wal qabsiisuun muuxannoo biyyoota ambaa armaan dura xiinxalamanis yoo ilaalle ulaagaa seeraa kana kan murteessu qaama ifatti aangoon abbaa seerummaa laatameef(fakkeenyaaf, biyya Jarmanii ilaaluun ni danda'ama) ykn abbuma seerati.

Aangoon kun ogeessota kanaaf labsichaan laatamuun isaas rakkoon raawwii adda addaa akka uumamuufis sababa ta'eera.Bu'uura sakata'iinsa gaggeeffameen haalli raawwii aangoo fi gahee hojii kana ilaalchisee manneen murtii naannoo Oromiyaa keessa jiru kan wal fakkaatu miti[137] Inumaayyuu gargarbaateen haala qoodinsa aangoo fi gahee hojii kanaa godinuma tokko keessatti ta'ee mana murtii aanaa fi aanaa, ykn mana murtii aana fi ol'aana gidduutti kan mul'atu dha. Kanas gabatee armaan gadii irraa salphaatti hubachuun ni danda'ama:[138]

[135] Dr. Manbaree Thaahaay, Dareekteera Wirtoo Qorannoo Seeraa Mootummaa Federaala Itoophiyaa fi Barsiisaa Seeraa Yuuniversitii Finfinnee
[136] Madda lak.135
[137]Yaada cuunfa af-gaaffii, bar-gaaffii fi maree garee abbootii seeraa, Ofiseroota Seeraa fi abbootii Alangaa godina torban qorannoon kun irratti gaggeefame irraa argame
[138] Madda lak.134

Gabatee lak.4

Lak.	*Maqaa Manneen Murtii*	*Aangoo fi Gahee Hojii*	*Qaama Ilaalee Murteessu*		*Ibsa*
			Abbaa Seeraa	*Ofisara Seeraa*	
1	***Godina Arsii Asallaa (MM Aana xiyoo)***	iyyanni, himanni ykn ol'iyyanni dhiyaate tokko sababa himannaa (Cuase of Action) qabaachuu fi dhabuu adda baasu		✓	Iyyanni, himanni ykn ol'iyyanni dhiyaate sababa hin qabu yoo ta'e kanuma galmee irratti barreessuun abbaa dhimmaatti deebisu
2	***Godina Arsii Asallaa (MM Aana Heexosaa)***	*I*yyanni, himanni ykn ol'iyyanni dhiyaate tokko sababa himannaa (Cuase of Action) qabaachuu fi dhabuu adda baasu	✓		
3	***Mana Murtii ol'aana Godina Arsii Asallaa***	*I*yyanni, himanni ykn ol'iyyanni dhiyaate tokko sababa himannaa (Cuase of Action) qabaachuu fi dhabuu adda baasu	✓		
4	***Manneen Murtii Godina Jimmaa***	*I*yyanni, himanni ykn ol'iyyanni dhiyaate tokko sababa himannaa (Cuase of Action) qabaachuu fi dhabuu adda baasu	✓		

6	***Manneen Murtii Wallaga Bahaa***	*I*yyanni, himanni ykn ol'iyyanni dhiyaate tokko sababa himannaa (Cuase of Action) qabaachuu fi dhabuu adda baasu	✓		
7	***Manneen Murtii Shawaa Lixaa***	*I*yyanni, himanni ykn ol'iyyanni dhiyaate tokko sababa himannaa (Cuase of Action) qabaachuu fi dhabuu adda baasu	✓	✓	Adda durummaan dhimma kana kan ilaalu OS yoo ta'u, dhimmichi sababa himannaa hin qabu jedhee Ofisarri Seeraa yoo itti amane abbaa seeraaf dhiyessee murteesisa
8	***Mana Murtii ol'aana Shawaa Bahaa***	*I*yyanni, himanni ykn ol'iyyanni dhiyaate tokko sababa himannaa (Cuase of Action) qabaachuu fi dhabuu adda baasu		✓	Iyyanni, himanni ykn ol'iyyanni dhiyaate sababa hin qabu yoo ta'e kanuma abbaa dhimmaatti himuun galmee deebisu
9	***Mana Murtii Godina Shawaa Bahaa (MM Aana Adaama)***	Iyyanni, himanni ykn ol'iyyanni dhiyaate tokko sababa himannaa (Cuase of Action) qabaachuu fi dhabuu adda baasu		✓	Galmeen dhiyaate dubbii himannaaf sababa ta'e hin qabu yoo ta'e ofisarri Seeraa gaggeessaa dhimmaa waliin mari'achuun murteessa. Murtii isaa kanas abba dhimmatti himuun galmee deebisa

Egaa akka gabatee armaan olii irraa hubachuun danda'amutti aangoo fi gaheen hojii kun labsii 141/2000n OSf kan laatame yoo ta'e iyyuu, manneen murtii keenya keessatti

raawwiin wal fakkaatu hin mul'atu. Inumaayyuu manneen murtii baayyee keessatti aangoo fi gaheen hojii kun abbooti seeraan kan raawwatamu yoo ta'u, adeemsi raawwii kun tumaa labsichaa waliin kan wal simu miti.

Dhimma kana bu'uura labsichaan hojiirra oolchuuf rakkooleen akka sababaatti caqasamuu danda'u adda addaa ni jira. Kanneen keessaa warreen hangafoo ta'an akka armaan gadiitti kaasun ni danda'ama:[139]

1) Ofisaronni Seeraa naannoo Oromiyaa dhimmoota ulaagaa seeraa keessattuu himanni dhiyaate sababa himannaa qabaachuu isaa ilaaluun murteessuuf gahumsa hin qabani dhimmi jedhu akka sababa jalqabaatti kan caqafamu dha.

2) Murtiin himanni dhiyaate sababa himannaahin qabu jechuun murteessuun aangoo abbaa seerummaa waan ta'eef ogeessonni kun ammoo hojiilee deeggarsaa laachuuf jecha kan ramadaman malee hojii abbaa serummaa akka raawwataniif beekamtiin hin laatamneefi yaadni jedhu gadi-fageenyaan abbootii seeraa bira jiraachuun isaas akka rakkoo biraatti caqasamuu danda'a.[140]

3) Sababni inni sadaffaan dhimma aangoo galmee irratti of moggaasuun murteessuu waliin kan wal qabatu dha. Ulaagaa seeraa jedhame kana murteessuf galmeen banamee, namni murtee sana laatu galmeerratti of moggaasee galmedhumarratti murtee isaa kana ibsuun galmee cufuu qaba.[141] Akka ogeessota aangoo OS kana morman tokko tokkootti[142] Ofisarrii Seeraa dhimma kana ilaale akka murteessuf labsiin ifatti aangesseera waan ta'eef gahee hojii kana hojjechuu qaba osoo jedhameeyyuu, labsiin Ofisarri Seeraa galmee irratti of moggaasee murtee kana

[139] Madda lak.137

[140] *Abbootii Seeraa yaada kana calaqsiisan keessa muraasa akka fakkeenyaatti caqasuuf Ob. Ayyaana Toliinaa, Mana Murtii Aana Guto Giddaa, Ob. Alamaayyoo Ayaana, Mana Murtii Ol'aana Godina Wallagga Bahaa, Ob. Abarraa Yaadataa, Mana Murtii Ol'aana Wallagga Bahaa, Ob. Barasaa Birihaanuu, Mana Murtii Ol'aanaa Godina Jimmaa fi Ob.Urgaa……., Mana Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Bahaa*

[141] SAFHH Kewt.231-232 fi SAFY kewt.111 fi 112 ilaala

[142] *Fakkeenyaaf, Ob. Salamoon……., abbaa seeraa Mana Murtii aanaa magaala Ciroo, Ob. Darajjee Disaasaa, abbaa seeraa mana murtii ol'aana wallaga Bahaa, fi Ob. Tolasaa Nigaatuu, abbaa alangaa Mana murtii ol'aanaa wallaga bahaa*

akka laatuuf hin aangessine waan ta'eef Ofisarri Seeraa aangoo kana raawwachuu hin danda'u jedhu.

Dhimma galmee irratti of moggaasanii murtii kana laachuu waliin wal qabatee raawwii manneen murtii keenya keessa jiru haalan hubachuuf gabatee armaan olii toora "Ibsa" jedhu yoo ilaalle, aangoo fi gahee hojii kana ilaalchisee manneen murtii naannoo Oromiyaa keessa hojmaati wal fakkaatu hin jiru.Manneen murtii Ofisarri seeraa ulaaga seeraa kana ilaaluuf aangefame keessatti: (a) yeroo tokko tokko Ofisarumti Seeraa ilaaluun murtii isaa himannadhuma abbaa dhimmaa irratti barreesse kanuma abbaa dhimmaaf kan deebsu yoo ta'u (b) bakkee kaanitti ammoo himanni dhiyaate sababa himannaa hin qabu yoo ta'e Ofisarri Seeraa kanuma afaaniin abba dhimmaatti himuun himannaa abbaa dhimmaaf deebisa.Buu'ura (a) fi (b) jalatti ibsame kanaan galmeen abbaa dhimmaaf yoo deebi'u abbaan dhimmaa murtii kana irratti mirga ol'iyyannoo isaa akka hin fayyadamne godheera. (c) manneen murtii muraasa keessatti ammoo himanni dhiyaate sababa himannaa hin qabu yoo ta'e abbaa seeraaf ykn abbaa adeemsaaf dhiyaate abbaan seeraa/abbaan adeemsa kun murtii laata (d) gama biraan ammoo raawwiin bal'inaan manneen murtii keessa jiru Ofisarri Seeraa sababa armaan olitti ka'e kanaaf ulaaga seeraa kana ilaaluun isaa rakkoodha waan ta'eef abbumti seeraa akka ilaale murteessu taasifama.

Aangoo fi gahee hojii kana labsichaan OSf laachuun seerummaa qabaa? gaaffiin jedhu akkuma eegametti ta'ee, maddi rakkoo kanaa labsichi yoo tumamu adeemsa seeraa dursee seerota adeemsaa keessatti tumame waliin aangoo fi gaheen hojii kun rakkoo raawwii uumu akka danda'u addaan baasuuf gadifageenyaan dhimmicha kan hin ilaalle ta'uu isaati.

4) Manneen Murtii bu'uura labsichaan Ofisaroota Seeraa aangessuun hojjechaa jiran kessattis yoo ta'e Ofisaronni Seeraa galmeen dhiyaate sababa himannaa hin qabu jechuun yoo deebisan abbaan dhimmaa murtee OS kana waan hin fudhaneef gara waajjira Pereezidantii ykn abbaa adeemsaa bira dhaquun murtii OSn laatame sana

irra debi'ee akka ilaalu gaafatu. Kun ammoo, aangoo kana OSf yoo laatames abbaan dhimmaa gara abbootii seeraa ykn preezidaantii dhaquun isaa waan hin olleef dhimma kana irratti ogeessota kana aangessuun barbaachisaa hin fakkaatu.

3.2.2. Kaffaltii Abbaa Seerummaa kaffalchiisu irratti Aangoo fi Gahee Hojii Ofisarri Seeraa Qabu

Akkuma beekamu abbootiin dhimmaa tajaajila mana murtii irraa argataniif kaffaltii abbaa seerummaa kaffaluun irra jiraata.Himannis ta'e ol'iyyannoon kaffaltiin abbaa seerummaa itti hin kaffalamne fudhatama kan hin qabne ta'uu SAFHH kewt.215 irraa ifatti hubachuun ni danda'ama.Bu'uura labsii kanaan kaffaltii abbaa seerummaa sassaabuun gahee hojii OSti. Kana malees, Ofisarri Seeraa bu'uura labsichaa kewt.25 (b) fi (c) tiin kaffaltii abbaa seerummaa funaanuu fi maallaqa moodelaan funaanaman sassaabuun qabaa maallaqaa mana murtichaatti galii gochuu irraa darbee, galmeen yeroo banamu, deebiin dhiyaatuu fi iyyaannoon dhiyaatu bu'uura walfalmitootaan tarree ragaa namaa dhiyaataniin kaffaltii qalaxee guuruuf aangoon laatameerafi.

Dhimma kanaan wal qabatee muxxannoon sadarkaa adunyaatti gama kanaan jiru biyyaa biyyatti adda adda: biyyoota tokko tokko keessatti kaffaltiin kun kan sassabamu hojjettoota dhaddaachaan yoo ta'u, biyyoota kaan keessatti ammoo ogeessota biroo manneen murtii keessa tajaajilaniini. Fakkeenyaaf,manneen murtii biyya Amerikaa baayyee keessatti kaffaltii abbaa seerummaas ta'e baajeta manneen murtii hogganuun ittigafatamummaa garee hojjettoota dhaddachaa yoo ta'u, [143] biyya Faransaay keessatti ammoo mallaqa tajaajila abbaa seerummaa funaanuuf ittigafatamummaa kan qabu ogeessota bulchiinsaati. Muuxannoon biyya Jarmaniis muuxannodhuma manneen murtii Amerikaa kana kan fakkaatudha.[144]

Haala qabatama raawwii manneen murtii keenya keessa jiru ammoo yoo ilaalle, yeroo ammaa kaffaltii abbaa seerummaa, wabii fi kaffaltii adabbii adda addaa kan funaanu

[143] http://www.onetonline.org/link/details/43-4031.01
[144]Madda lak.42

Ofisaruma Seeraati.[145] Kunis bu'uura taarifa kaffaltii abbaa seerummaa dursee seeraan tumameen kan raawwatu dha.

Akka qorannoo JBHA manneen murtiin gaggeeffameetti tajaajila qulqulinaa fi si'omina qabu maamila biraan gahuuf abbaan dhimmaa hanga danda'ametti dhimma isaa yeroo gabaaba keessatti bakkuma tokkootti xumurachuu qaba.[146]Labsiin kunis Ofisarri Seeraa galmee yeroo banu achumaan kaffaltii abbaa seerummaa guuru qaba jedhee yoo tumu yaada bu'uraa JBHA mana murtiin qoratame kana hojiirra oolchuuf yaade ta'uun isaa ifa.Akkaatuma tumaa labsichaan yeroo ammaa manneen murtii muraasa irraa kan hafe[147] manneen murtii naannoo Oromiyaa hunda keessattuu Ofisarri hunduu kaffaltii kana funaanuu ni danda'u. Ittigafatamummaa isaani kana haalan bahachuufis wabii barbaachisu waamuun waada seenaniiru.

Haata'uyyu malee, bu'ura labsichaan Ofisarri Seeraa kaffaltii abbaa seerummaa kana yoo guuru raawwii irratti rakkoon adda addaa mudachaa jira.[148] Keessattuu ittigafatamummaan kun ittigafatamummaa guddaa ta'uun isaa fi dhimma of eeggannoo guddaa barbaadu ta'uun isaa dhimmicha caalaatti ulfaata godha. Dhimma kanaan wal qabatee rakkoolee raawwii manneen murtii keenya keessatti yeroo ammaa mul'atan mee akka armaan gadiitti haa ilaallu:

---

[145] Cuunfa af-gaaffii abbootii seeraa, ofiseroota seeraa fi abbootii dhimmaa waliin gaggeefame irraa yaada argame

[146]Dokumantii Qorannoo JBHA Mana Murtii Naannoo Oromiyaa, Seensa isaa ilaala

[147] Manneen murtii muraasa keessatti Ofisaroota seeraa hunda osoo hin taane akkuma barbaachisummaa isaatti halawwan tokko tokko ilaaluun (Fakkeenyaaf, naamusa, wabii gaha dhiyeessu danda'uu fi kkf) Ofisaroonni muraasni qofti dhabbataan kaffaltii hunda akka guuran kan taasifamu yoo ta'u ofisaroonni kaan gahee hojii kana raawwachuuf mirga hin qabani.Gama kanaan manni murtii ol'aana godina Jimmaa akka fakkeenyaatti caqasamuu danda'a

[148]*Ob. Kumasaa……, Abbaa Seeraa Mana MUrtii Ol'aana Godina Harargee Lixaa, Ob. Urgeessaa Ayyaana, Abbaa Seeraa Mana Murtii Ol'aana Godina Hararagee Lixaa, Adde Muniira Abdul Keriim, Abbaa Seeraa Mana Murtii Aanaa Godina Jimmaa, Ob. Jamaal Urgeessoo, Ofisara Seeraa Mana Murtii Ol'aana Harargee Lixaa, Ob. Magarsaa Boggaalee, Ofisara Seeraa Mana Murtii Aana Harargee Lixaa, Ob. Mulaatuu Dheeressaa, Ofisara Seeraa Mana Murtii Ol'aana Godina Asallaa, Ob. Saamu'eel Tamasgeen, Ofisara Seeraa Mana MUrtii Ol'aana Godina Jimmaa fi Ob. Mulugeetaa Habtee, Ofisara Seeraa Mana Murtii Ol'aana Godina Wallagga Bahaa.*

i) Haalli hoggansaa fi qarshiin OSn funaanamu kun galii itti ta'u seeraa faaynaansiin kan deeggarame ta'uu dhabuu

Maallaqni OSn manneen murtii keessatti funaanamu, akkuma armaan olitti caqasame, maallaqa wabii, adabbii, imaana ykn kaffaltii abbaa seerummaa ta'uu danda'a.Bu'uura seera faayinansiitiin akkaataan funaansa isaa fi maallaqni funaaname kun galii itti ta'us adduma adda.Fakkeenyaaf, moodellii kaffaltii abba seerummaaf cituu fi maallaqa imaanaan ka'amuuf citu tokko miti.Haalli qarshiin kun galii itti ta'uu fi hoogganamus adda adda. Hata'uyyuu malee, gosi kaffaltii Ofisaroonni Seeraa yeroo baayyee funaananii fi rakkoon raawwii bal'inaan irratti mul'atu kaffaltii abbaa seerummaa irratti dha. Rakkoon haala hoggansa kaffaltii abbaa seerummaa kanaan wal qabatee jiru manneen murtii sadarkaa aanaa fi godinaa giduutti bifa adda addaa qaba.

Manneen murtii aanaa naannoo magaala jiran irraa kan hafe manneen murtii aanaa naannoo Oromiyaa keessa jiran baayyee keessatti qabduun maallaqaa fi kaazenaan maallaqaa hin jiru.[149] Kun ammoo kaffaltiin abbaa seerummaa guyya guyyaan funaanamu yeroo dheeraaf ogeessota kana harka akka turuuf sababa ta'eera.Adeemsi kun ammoo dabareedhaan maallaqni mootummaa akka qisaasessamuuf kan karra banu ta'uurra darbee seera faayinaansii mootumma naannuchaan tumame waliin kan walitti bu'u dha.[150]

Gama biraan, buu'ura labsii manneen murtii naannoo Oromiyaa irra deeb'ee hundeessuuf bahe kanaan Ofisarri Seeraa kaffaltii yeroo sassaabu maallaqa qabduu mana murtichaatti galii gochuu qaba.Hata'uyyuu malee, haalli qabatamaan jiru akka mul'isutti manneen murtii aanaa kanneen irratti maallaqa qabduun waan hin jirreef Ofisarri Seeraa kaffaltiin abbaa seerummaa yeroo yerootti funaanamu Wajjira Maallaqaa fi Misooma Dinagdee (MMD) tti ofuumaan dhaqee galii godha.[151] Raawwiin

[149] Manneen Murtii naannoo Oromiyaa keessaa manneen murtii aanaa 15 ta'an irratti daawwannaa qoratichaan taasifame irraa yaada hubatame dha

[150] Maanuwaali Faayinaansii naannuchaa Labsii Bulchiinsa Faayinaansii Mootummaa Naannoo Oromiyaa lak.17/1989 irratti hundaa'e qophaa'e, Ful 9

[151] *Ob.Tamasgeen Galataa fi Ob. Alamuu Olumaa, Ofisaroota Seeraa Mana Murtii Aana Harargee Lixaa, Mi'essoo*

kun adeemsa seeraa irra maqe ta'uurra darbee, qulqulinaa fi si'omina hojii mana murtii irratti akkasumas, qisaasefama mallaqa mootumaaf sababa ta'eera.

Sadarkaa manneen murtii aanaa naannowaa magaala jiran, manneen murtii ol'aanaa fi waliigalaa irrattis haalli kaffaltiin abbaa seerummaa itti hogganamuu fi qarshiin OSn funaanamu kun galii itti ta'u waliin wal qabatee jiru akka rakkoo bu'uuraa tokkootti caqasamuu danda'a.Hata'uyyuu malee, rakkoon kaazenaa fi maallaqa qabduu waliin wal qabatee sadarkaa manneen murtii kana irratti hin mul'atu.Rakkoo guddaan sadarkaa manneen murtii kanatti jiru haala hoggansaa fi kaffaltiin abbaa seerumma funaaname galii itti taasifamu dha. [152]

Akkuma beekamu kaffaltiin abbaa seerummaa guyya guyyaan kan funaanamu yoo ta'u akka seeraa faayinaansiitti maallaqni mootummaa harka nama dhuunfaa tasumaa buluu kan hin qabne ta'uurra darbee, kaazenaa mootummaa keessas yoo ta'e qarshii 10,000 (kuma kudhan) ol bulchuun dhorkaa dha.[153]Kanaafuu, maallaqni tajaajila abba seerummaaf jedhamee funaaname harka Ofisaroota Seeraa buluu waan hin qabneef maallaqa qabduu mana murtichaatti galii ta'a.Haata'uyyuu malee, Ofisarri Seeraa tokko ykn qarshii namni sassaabu qarshii guyyaa guutu funaana oole maallaqa qabduu mana murtichaatti galii yoo godhu galii gochuu isaaf nagaaheen seera qabeessa ta'e laatamuufi qaba.[154] Akkatuma kanaan, qarshi qabduun kun maallaqa jedhame kana harka OS irraa fuuchuu ishee mirkaneessuuf ragaa (moodela 64) laachuun dura paadiin maallaqni itti funaanamu dhumuu qaba.[155] Kun ammoo manneen murtii keessatti yeroo baayyee raawwachuu hin danda'u.Sababiin isaa kaffaltiin abbaa seerummaa guyyaa tokkotti funaanamuu paadii maalaqni itti guuramu kana kan fixu miti.Kanaafuu, gaffiin itti aanee ka'uu malu, gama tokkoon, maallaqni harka nama dhuunfaa buluu hin qabu

---

[152] *Ob. Fiqaaduu……Oditara Keessaa Mana Murtii Ol'aana Harargee Lixaa, Adde Massaluu Ayyaanaa, Maallaqa Qabduu Mana Murtii Ol'aana shawaa Lixaa, Ob. Siisay Mulaatuu, Ofisara Seeraa Mana Murtii Ol'aana Harargee Lixaa, Adde Ashuu Ibsoo, Ofisara Seeraa Mana Murtii Mana Murtii Aana Shawaa Bahaa, Adde Likkituu Tolasaa, Ofisara Seeraa Mana Murtii Ol'aanaa Godina Jimmaa*

[153] Madda lak.150 Ful.18 Haata'uyyuu malee, akkuma hojmaata wajjirichaatti koreen manajimantii mana hojichaa murteessuu danda'a

[154] Madda la.150

[155] Madda lak.150

erga jedhamee, gama biraan ammoo, sababa armaan olitti eerame irraa kan ka'e maallaqni guyyaa tokkotti funaanamu galii yoo ta'u ragaa seera qabeessa laachuun kan hin danda'amne yoo ta'e maal gochuu wayyaa? kan jedhu dha.Qabatamatti rakkoon raawwii sadarkaa manneen murtii kanatti jirus isuma kana.

Rakkoo kanaaf fala dhahuuf manneen murtii kun tooftaa wal fakkaatu hojiirra oolchaa jiru. Kunis, kaffaltiin abbaa seerummaa guyya guyyaan funaanamu galii yeroo ta'u, akkuma armaan olitti caqasame, moodelli 64 cituu waan hin dandeenyeef Ofisara Seeraaf moodela 6 kutuun maallaqni guyya guyyaan qabduu maallaqaatti galii erga ta'een booda gaafa paadiin kaffaltii hundi dhumu moodelli 64 Ofisara Seeraaf kutama.[156]Hojmaanni manneen murtii kun itti fayyadamaa jiran kun ammoo dabareedhaan rakkoon adda addaa akka uumamuuf sababa ta'eera. Gama tokkoon, adeemsi kun seera fayinaansiin kan deeggarame miti.[157]Gama biraan ammoo, bakkee baayyetis yoo ta'uudhaa baate, Ofisaroonni Seeraa maallaqa guyya guyyaan funaanan kana galii yoo gadhan ragaan seera qaabeessa ta'e waan isaaniif hin laatamneef guyya guyyaan maallaqa harka isaanirra jiru galii gochuuf heyyamamoo miti.

ii) Ofisarri Seeraa hojii kanaaf hubannoo gahaa fi muuxannoo barbaachisu hunda qabaachuu dhabuu

Akkuma beekamu maallaqa mootummaa guuruu fi hogganuun ogummaa fi naamusa mataa isaa qaba.Namni ittigaafatamummaa kana irratti bobba'u tokkos ogummaa fi naamusa kana gonfachuu qaba jedhamee amanama.Akkaatuma kanaan, kaffaltii abbaa seerummaa manneen murtii keessatti funaanamu waliin wal qabatee Ofisaronni Seeraa beekumsa, muuxannoo fi ogummaa ittigafatamummaa kana bahachuuf isaan gargaaru qabaachuu dhabuun isaani akka rakkoo tokkootti ka'a.[158] Akkuma beekamu ogeessonni

[156] Yaada Af-gaaffii Perezidantota manneen murtii, Ofiseroota Seeraa fi Ogeessota Herregaa manneen Murtii waliin taasifame irraa argame

[157] Bu'uura maanuwalii faayinaansii labsii Bulchiinsa Faayinaansii Mootummaa Naannoo Oromiyaa lak.17/1989 bu'ureffachuun qophaa'een moodelli 6 kan citu maallaqa sassabame galii gochuuf ragaa laatamu osoo hin taane maallaqa tursiisaaf (Suspension) sanada akka ragaatti laatamu dha.

[158] Cuunfa yaadaa af-gaaffii Ofiseroota Seeraa waliin deemsifame irraa kan argame

kun ogeessota barnoota seeraa qaban malee barumsaa fi naamusa maallaqa guuru fi hogganuu waliin wal qabatu irratti hubannoo hin qabanu. Keessattu sadarkaa manneen murtii ol'aana fi manneen murtii aanaa magaala irra jiraniitti hangi qarshii guyya guyyaan guuramuu baayye guddaa ta'uun isaa rakkinichi akka baayyee ulfaatu gochisisaa jira.[159]Ogeessota kana gara ittigafatamummaa guddaa kanaatti yeroo fidames yoo ta'e dhimma kana ilaalchisee maalummaan hojii isaani kunii fi badii ittigafatamummaa isaanii kana hordofee isaanitti dhufuu danda'u ilaalchisee manneen murtii naannoo Oromiyaa kamiinu keessatti hojiin hubannoo isaanii cimsuu karaa mana murtii ol'aana godinaaleenis ta'e gama mana murtii waliigala Oromiyaan hojiin raawwatame hin jiru.[160]

iii) Ulfaatina hojii ogeessota kana irra jiru fi haalli hojmaata isaanii ittigafatamummaa kana bifa yaadameen bahachuuf rakkoo ta'uu isaa

Akkuma kutaa darbe keessatti bal'inaan ilaaluuf yaalame aangoo fi gaheen hojii Ofisaronnii Seeraa manneen murtii naannoo Oromiyaa raawwatan hedduu dha. Sadarkaa qulqulinna fi si'oomina hojii bu'uura JBHA manneen murtii keessatti qabame waliin yoo ilaallu ammoo ittigafatamummaa isaanii kana baayyee ulfaata taasisa. Gama biraan ammoo, maallaqa guuruun of eegannoo fi sammuu tasgabaa'een hojii hojjetamuu qabu dha.Inumaayyuu ittigafatamummaan kun akka hojii dabalataatti raawwatamuu hojii qabu osoo hin taane, nama hojii kana qofaaf ramadameen raawwatamuu kan qabu dha.Egaa Ofisaroonni Seeraa galmeen dhiyaate bu'uura seeraan ulaagalee teekinikaa fi seeraa guute dhiyaachuu isaa tokko tokkoon ilaalurra darbee hojiilee biroo galmee sana waliin wal qabatan heddu raawwatu.Kana irratti ammoo hojii maallaqa guuru akka hojii dabalataa tokkootti OSf laachuun of eeggannoo hojichaaf barbaachisu waliin yoo ilaalamu akka rakkoo guddaa tokkootti caqasamuu danda'a.

---

[159]*Ob. Fiqaaduu……Oditara Keessaa Mana Murtii Ol'aana Harargee Lixaa, Adde Massaluu Ayyaanaa, Maallaqa Qabduu Mana Murtii Ol'aana shawaa Lixaa, Ob. Siisay Mulaatuu, Ofisara Seeraa Mana Murtii Ol'aana Harargee Lixaa, Adde Ashuu Ibsoo, Ofisara Seeraa Mana Murtii Mana Murtii Aana Shawaa Bahaa, Adde Likkituu Tolasaa, Ofisara Seeraa Mana Murtii Ol'aanaa Godina Jimmaa*

[160] Cuunfaa yaadaa af-gaaffii Perezidantota manneen murtii fi ofiseroota seeraa irraa argame

3.2.3. Gaggeessa dhimma garee hojii wajjiin mari'achuun beellama kennuu; ajaja waamichaa dabarsuu; deebii fuudhu; ajaja mallatteesse chappesse bahii gochuu; galmee banuun dhiyeessuu

Bu'uura labsichaa kewt. 25 (e)n aangoo fi gaheen hojii haarawaan labsichaan OSf laatame kun akka aangoo fi gahee hojii biroo kan Ofisarri Seeraa qofaa isaa murteessuu osoo hin taane, gaggeessaa dhimmaa waliin mari'atee kan raawwatu dha. Gaggeessa dhimmaa jechuun miseensa garee raawwataa ta'ee dabalataan hojilee garee isaa kan qindeessuu fi gaggeessu jechuu yoo ta'u,[161] miseensa garee raawwataa jechuun ammoo kaayyoo fi ergama mana murtii galmaan gahuuf namoota bu'aa tokkoof waliin hojjetan jechuu dha.[162] Waanuma hundaafuu aangoo fi gaheewwan hojii bu'uura keewwata kanaan OSf laatame akka armaan gadiitti adda adda baasnee tokko tokkoon haa ilaallu:

i) Beellama Kennuu

Labsiin kun tumamuun dura bu'uura SAFHH kewt. 233 (himata kallattii), 338 (ol'iyyannoo) fi 386 (raawwii) akkasumas, SAFY kewt. 123 fi 192n aangoon beellama kennuu kun aangoo mana murtiif laatamee ture dha. Hata'uyyuu malee, SAFHH keessattis ta'e SAFY jalatti gaheen hojii kun umamumaan galmeen yeroo banamu battalumatti kan raawwatu waan ta'eef akka aangoo fi gahee hojii harawaa tokkotti labsichaan Ofisarri Seeraa akka raawwatu taasifameera.

Akkatuma kanaan, haalli raawwii manneen murtii keenya keessa jirus akka agarsiisutti Ofisarri Seeraa galmee yeroo banu achumaan itti fufee beellamaa laata.[163]

Haata'uyyuu malee, Ofisaroonni Seeraa bu'uura labsichaan beellama yoo laatan yeroo baayyee gaggeessaa dhimma garee hojii waan hin mari'anneef[164] adeemsi kun rakkoo

[161] Madda lak.111, Kewt 2(7)
[162] Madda lak.111 Kewt.2 (8)
[163]Cuunfaa af-gaaffii fi bar-gaaffii abbootii seeraa, abbootii alangaa, ofiseroota seeraa fi abbooti dhimmaa waliin ademsifame irraa argame
[164] Akka yaada Ofiseroota Seeraa irraa hubatamutti yeroo baayyee gaggeessaan dhimma hojii garees dhadacharra waan jiraatuuf gama tokkoon, dhaddachi jeeqamuu hin qabu yaada jedhuun, gama biraan ammoo hanga dhaddachi dhumutti abbaan dhimmaa dhaabbachuu hin qabuu ejjennoo jedhuun

adda addaaf sababa ta'eera. Fakkeenyaaf, Ofisarri Seera galmee yeroo banu calseedhuma beellama laata waan ta'eef guyyaa tokkotti ajandaa abbaa seeraa tokko irratti beellama baayyeetu qabama.[165] Abbaan seeraa guyyaa sana irratti beellamni hedduun waan qabameef galmee sana hunda raawwachuu hin danda'u. Kun ammoo dabareedhaan abbaan dhimmaa mana murtiitti akka deddebi'uuf sababa ta'aa jira.[166]Kunis, beellamni yoo laatamu, bu'uruma labsichi ajajuun gaggeessa garee hojii waliin mari'achuu dhabuurraa fi/ykn ajandaa beellamaa ilaaluudhaan haala madaalawa ta'een beellama qabuu dhabuu irraa kan maddu dha.Aangoo hojii kana raawwachuu waliin wal qabatee garuu rakkoon mul'atu hangas mara hin jiru.[167]

ii) Deebi Fuudhuu

Akkuma beekamu, tumamuu labsii armaan olitti caqafameen dura aangoon deebii fuudhuu fi deebii himatamaan dhiyaate sakatta'uu aangoo abbaa seeraa ture malee kan reejistraaraaf latame hin turre.Haaluma kanaan, himatamaan bu'uura SAFHH kewt.233n deebii isaa kallattiin gaafa beellamaa dhaddachaaf dhiyeessa waan ta'eef akkuma SDFHH kewt.238 jalatti ibsameen abbaan seeraa gaafa deebiif beellamame kanatti deebii himatamaa fuuchuun ulaagaan tekinikaas ta'e kan seeraa guutamuu isaa sakatta'ee tarkaanfii barbaachisu hunda fudhata ture.

Akkaata labsii ammaa kanaan garuu aangoon deebii fuudhu OSf kan laatame waan ta'eef adeemsi dura SAFHH keessa ture kun labsichaan jijjiramuun deebiin kallattiin dhaddachaaf kan dhiyaatu osoo hin taane, guyyaa dhageettitti kutaa OSf dhiyaachu qaba.[168]

Ofiseroonni Seeraa murtedhuma mataa isaaniitiin beellama laatu. *(Cuunfaa yaada af-gaaffii Ofiseroota Seeraa waliin taasifame irraa argame)*

[165]*Ob.Gammachuu Baqqalaa, Pirezidaantii Mana Murtii ol'aanaa Godina Jimmaa, Ob. Addisuu Qabbanneessaa, Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Wallagga Bahaa fi Ob. Darajjee Ayyaansaa, Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aana Godina Harargee Lixaa*

[166] Madda lak.165

[167] *Ob.Jaafar Usmaa'eli fi Zakaariyaa Amiid (Ofisaroota Seeraa Mana Murtii Harargee Lixaa), Muktaar Hajoo fi Girboo Tuune (Ofisaroota Seeraa Mana Murtii Asallaa), Ob. Ahimed Maccaa fi Addee Hundettuu Dani'eel (Ofisaroota Seeraa Mana Murtii Godina Jimmaa)*

[168] Madda lak.111 kewt.25 (e)

Aangoo fi gahee hojii labsii kanaan laatame kana waliin wal qabatee rakkoon seeraa adda addaa ka'uu danda'a.Fakkeenyaaf, labsichi Ofisarri Seeraa deebii ni fuudha yoo jedhu ogeessi kun deebii dhiyaate kana fuudhee ulaaga seeraa fi/ykn teekinikaas ilaalu ni danda'a jechuudha moo miti? yaada jedhu kaasuun ni danda'ama.

Labsii Lakk.141/2000 kwt.25(e) jalatti Ofiisarri Seeraa *"gageessaa dhimmaa garee hojii waliin mari'achuun.....deebii ni fuudha....."* jechuun tumameera. Tumaan kun ammoo aangoon OSf labsichaan kenname kun deebiidhuma fuudhuun dhaddachaaf dhiyeessu qofa moo deebichi ulaagaa kamiiyyuu (ulaagaa teekinikaas ta'e kan seeraa) guutuu isaa sakatta'uu dabalataa? gaffii jedhu kaasa. Sababiin isaa gama tokkoon, bu'uura labsichaan aangoon OSf laatame kan dura seerota adeemsaa jalatti reejistraaraaf laatamee ture yoo ta'u, aangoon deebii fudhuu ammoo durumayyuu aangoo reejistraaraf laatame ture osoo hin taane, kan abbooti seeraaf laatamee ture waan ta'eef bu'uura keewwata labsichaa 25(a)tiin gara OStti hin dabarre. Kanaafuu, keewwati labsichaa kun Ofisarri Seeraa ulaaga teekiniikaa deebii himataamaan dhiyaatu akka ilaaluuf hin aangesine jechuu dha. Gama biraan, bu'uura keewwata labsichaa 25 (b) tiin Ofisarri Seeraa deebiin himatamaan dhiyaatu ulaaga seeraa guute dhiyaachu isaa ilaalu ni danda'a akka hin jenneef ammoo keewwatichi ulaagaa seeraa Ofisarri Seeraa ilaalu danda'u ilaalchisee dhimma iyyata, himataa fi ol'iyyata dhiyaatu qofa irratti akka ta'e akkasitti bifa tarreefaaman waan kaa'eef deebi himatamaan dhiyaatu waan dabalatu hin fakkaatu.[169]Kanaafuu, deebiin himatamaan OSf yoo dhiyaatu ogeessi kun deebi dhiyaate caliseedhuma fuuchuun dhaddachaaf dhaalessa moo akkkuma iyyata, himata ykn ol'iyyata dhiyaatuu ulaaga teekinikaa fi seeraa guute dhiyaachu isaa sakata'uu danda'aa? yaada jedhu adda baafachuuf duubatti deebi'ani yaada seera-tumtuu kanaa sakata'uun barbaachisaa ta'a.

Ulaaga teekinikaa deebii himatamaan dhiyaatee ilaaluun murteessun aangoo OS ta'uu fi dhabuun isaa labsichaan ifatti yoo tumamuu baate illee, labsichi akka tumamuuf

[169] Misgaanu Mul'ataa fi Abduljabbaar Huseen, *Seerota Deemsa Falmii Jalatti Aangowwan Ofiseroota Seeraa* (moojulii leenjii hojiirraa) Ful.26

wanta sababa ta'e keessaa tokko KTAS qulqulluu fi si'aawa ta'e tajaajilamaa biraan gahuufi dha.[170] Kanaafuu, gahee hojii ulaagalee teekinikaa ta'an kana sakata'uu abbootii seeraa irraa fuuchuun ogeessonni kun dhimma ijoo qofa irratti akka xiyyeefatan gochuun barbaachisaa dha. Kana malees, ulaagaleen teekinikaa deebii himatamaa keessatti ilaalamu kan iyyata, himata ykn ol'iyyata keessatti ilaalamu irraa adda waan hin taaneef[171] debiin himatamaan dhiyaatu ulaagaa teekinikaa guute dhiyaachuu isaa Ofisarri Seeraa akka hin ilaalleef sababini gahaan inni itti dhorkamu waan jiru hin fakkaatu. Keewwanni labsichaa kun akkasitti hin hiikamu taanan Ofisarri Seeraa deebii akka fuudhuuf aangessuun faayida kan qabu miti.

Haaluma wal fakkaatuun, dhimma ulaagaa seeraa waliin wal qabatees akka yaada labsichaa irraa hubachuun danda'amutti ulaagalee iyyata, himata ykn ol'iyyannoo keessatti ilaalamuu fi kan deebi himatamaan dhiyaatu keessatti ilaalamu tokkichuma waan ta'eef[172] iyyata, himataa fi ol'iyyata irratti Ofisarri Seeraa ulaagaan seeraa guutamuu isaa akka ilaale murteessu heyyamamee dhimma deebii irratti sababi inni dhorkamuuf jira jedhamee hin yaadamu. Kanaafuu, guyyaa deebiin akka dhiyaatuuf xalayaa waamicha keessatti ibsameen deebiin yoo hin dhiyaanne ykn dhiyaatee ulaagaa seeraa fi/ykn teekinikaa kan hin guunne yoo ta'e, keewwanni SAFHH 233 fi 238 raawwatiinsa argata jechuu dha.

---

[170] Madda lak.111, Seensa labsichaa ilaala

[171] Ulaagaleen deebii himatamaa keessatti akka guutaman barbaadaman kan SAFHH kewt. 234 jalatti tarreefaman yoo ta'u kun ammaa kanuma himannii guutee akka dhiyaatuuf kewt.222 jalatti tarreefame waliin kan walfakkaatudha.

[172] Dhimma iyyata, himataa fi ol'iyyannoo keessatti ulaagaleen seeraa guutamuu qabu kan SAFHH kewt. 231 jalatti tarreefaman yoo ta'u, ulaagaan seeraa dhimma deebii himatamaa waliin ilaalamus kanuma kewt.231 kana jalatti tarreefame ta'uu keewwata seerichaa 238 (2) irraa hubachuun ni danda'ama. Bu'uura kewt.231n ulaagan seeraa yeroo baayyee ilaalamu dhimma aangoo abbaa serumma mana murtii fi himanni dhiyaate tokko sababa dubbii himataaf ka'umsa ta'e qabaachuu isaa yoo ta'u, innumaayyuu dhimma aango abbaa seerummaa waliin wal qabatee himanni dursee dhiyaate ulaagaa kana guuteera taanaan deebii himatamaa himaticharratti dhiyaatus ulaaga kana ni guuta jedhamee yaadama.Kana malees, deebii himatamaa keessatti carraan ulaagan seeraa *himanni dhiyaate tokko sababa dubbii himataaf ka'umsa ta'e qabaachuu* jedhu itti ilaalamu baayyee xiqqa dha. Walumaagalatti deebiin himatamaan dhiyaatu tokko ulaaga seeraa guutu fi guutu baachuun isaa kan ilaalamu himataan debii isaa keessatti iyyannoon iyyata kaffaltiin wal naaf haa danda'u (Set off) ykn himannoo himatamummaa (caunter claim) yaada jedhu mana murtiif kan dhiyeesse yoo ta'e qofa waan ta'eef carraan ulaagaan kun deebii himataa keessatti ilaalamus xiqqa dha.

Deebii fuudhuu kanaan wal qabatee haala raawwii manneen murtii keessa jiru ammoo yoo ilaallu,dhimma kana ilaalchisee qabatama jiruun manneen murtii keenya keessa hojmaanni wal fakkaatu hin jiru.

Manneen murtii baayyeen adeemsuma dura seerota adeemsaa keessatti tumame kan hordofan waan ta'eef deebiin kallattiin dhaddachaaf dhiyaatee ulaagaalee teekinikaa deebiin dhiyaatu kun guute dhiyaachu qabu tokko tokkoon ilaaluudhaan kan mirkaneessuu abbootii seeraati.Gama biraan ammoo, manneen murtii kaan keessatti deebiin kan dhiyaatu dhaddachaaf osoo hin taane, guyyaa dhageettiin dura kutaa OS tti dhiyaata.

Gargarbaate raawwii dhimma kanaan wal qabatee akkasitti manneen murtii keessa jiru kana bakkeewwan qorannoon kun irratti xiyyeeffate bu'uura godhachuun mee akka armaan gadiitti haa ilaallu:[173]

Gabatee Lak.3

Lak.	**Go.Haragee Lixaa**	**Go.Arsii**	**Go. Jimmaa**	**Go.Wallaga Bahaa**	**Go.Shawaa Lixaa**	**Go.Shawaa Bahaa**
1	Deebiin guyyaa dhageetiin dura kutaa OSf dhiyaata	Deebiin guyyaa dhageetiitti dhaddachaaf dhiyaata	Deebiin guyyaa dhageetiitti dhaddachaaf dhiyaata	Deebiin guyyaa dhageetiin dura kutaa OSf dhiyaata	Deebiin guyyaa dhagetiitti dhaddachaaf dhiyaata	Deebiin guyyaa dhageetiin dura kutaa OSf dhiyaata

Egaa akka gabatee kanarra hubachuun danda'amutti manneen murtii tokko tokko keessatti bu'uruma dura SAFHH keessa tureen guyyaa dhageetiitti deebiin dhaddachaaf dhiyaate abbaa seeraan fuudham; ulaagaleen barbaachisoo ta'an

[173]Yaada cuunfa af-gaaffii, bar-gaaffii fi maree garee abbootii seeraa, Ofiseroota Seeraa fi abbootii Alangaa godina torban qorannoon kun irratti gaggeefame irraa argame, Sadaasa 2004-Guraandhala 2004

guutamuun isaas abbuma seeraa kanaan sakata'ama.Manneen murtii kaan keessatti ammoo deebiin guyyaa dhageetiin dura kalattiin kutaa OSf dhiyaate ulagaleen hundi guutamun isaa ogeesuma kanaan ilaalame fuudhama.

Hata'uyyuu malee, akka tumaa labsii ammaa kanaan adeemsi kun lachuu sirri miti.Sababiin isaas, gama tokkoon, abbaan seeraa dhimmoota ulaagaalee deebiin guutuu qabu ilaaludhaan akka hin muddamneef labsichi dhimmi kun OSn kessummeffamuu akka qabu ibsa.Kanaafuu, raawwiin gama kanaan manneen murtii keessa yeroo ammaa jiru kun yaada labsichaa irraa kan maqe dha. Gama biraan ammoo, manneen murtii debiin OSn akka fuudhamu taasifame keessatti deebiin guyyaa dhagetiin dura kutaa OS tti dhiyaachuu qaba yaada jedhuun kan raawwatama jirus yaada labsicharraa hubatamu miti.Sababiin isaa deebi-kennaan deebii isaa beellama dhageetiin dura akka dhiyeeffatu gochuun namni kun guyyaa deebii isaa dhiyeeffatus ta'e guyyaa beellamaa gara mana murtiitti akka marmaaru waan godhuuf qisaasessama baasii fi yeroo deebii-kennaa uumu dha.Ogeessonni deebiin guyyaa dhageetiin dura kutaa OSf dhiyaachuu qaba jedhan akka qabxii falmiitti kan isaan kaasan deebiin guyyaa kanaan dura dhiyaachuun himataa qaqqabee himataanis gama isaan guyyaa beellamaatti falmii afaaniif qophaa'ee dhiyaachuu qaba yaada jedhudha.Hata'uyyu malee, guyyaan dhageetti duraa guyyaa abbaa seeraa waan ta'eef guyyaa himataa fi deebi-kennaan itti wal falman osoo hin taane,guyyaa abbaan seeraa ijoo dubbii adda baafachuuf qofa abbootii dhimmaa irraa jecha amantaa fi waakki itti fudhatudha.(Kewt.241) Kanaafuu, himataan guyyaa kanatti deebii deebi-kennaa argatee qophaa'uun akka dhufu irraa hin eegamu.

iii) Ajaja Mallatteessuun Chaappeessanii Bahii Gochuu

Gaheen OS inni biraa fi keewwata labsichaa kana jalatti tumame gaggeessaa garee waliin mari'achuun ajaja mallatteesse chaappessee bahii gochuu dha. Dhimma kana waliin wal qabatee gahee hojii OS manneen murtii naannoo Oromiyaa keessa hojjetaniif

laatame haalaan hubachuuf hunda dura yaadni "ajaja" jedhu maal jechuu akka ta'ee fi maal maal of keessatti akka qabatu beekuun barbaachisaa ta'a.

Yaadni "ajaja" jedhu kun kan afaan Ingliffaan "Order" jennuu yoo ta'u, ajaji mana murtiin laatamu ammoo "Court Order" ykn "judicial Order" jedhamuun kan beekamu dha. Egaa guuboon jechootaa yaada isa booda kana yoo hiiku:

"An order is the mandate or determination of the court upon some subsidary or collateral matters arising in an action, not disposing of the merit, but adjudicating a priliminary point or directing some step in the proceedings"[174]yoo jedhu,barreessaan biraa ammoo yaadicha haala gadi-fageenya qabuu fi yaada "ajaja" jedhu yaada "murtii" jedhu irraa haala adda basuun danda'amuun yoo ibsu:

"While an order of court may under some circumstances amount to judgement, they must be distingushed, owing to the different consequences flowing from them, not only in the matter of enforcement and appeal but in other respects, as, for instance, the time within which proceedings to be annul them must be taken. Rulings on motions are ordinarily orders ruther than judgements. The class of judgements and of decrees formerly called interlocutory is included in the definition given in modern codes of the word 'Order of court'"[175]jechuun hiikeera.

Yaadota hiika yaada-rimichaaf akka armaan olitti ibsame kana yoo ilaalle, yaadni "ajaja mana murtii" jedhu kun, gama tokkoon, ajaja kallattiin qabiyyee (merit) falmii irratti osoo hin taane, dhimmoota sasalphoo fi falmii isa ijoof haala mijeessuuf jecha kan laatamu ta'uu kan agarsiisu yoo ta'u, gama biraan ammoo, ajaja mana murtii jechuun yeroodhuma falmiin gaggeefamaa jiru ajajoota mana murtiin galmee irratti laatamuu fi murtii mana murtiin murtaa'e tokko raawwachiisuuf ajaja laatamu jechuu dha. Egaa

[174] Henry Campbell Black, A Treatise on the Law of Judgements, Ful.5 *(Guuboo jechoota seeraa "Black's Law" fuula 1130 irratti akka caqafametti)*
[175] A.C. Freeman, A Treatise on the Law of Judgements, Ful.28*(Guuboo jechoota seeraa "Black's Law" fuula 1130 irratti akka caqafametti)*

akka hiika kanaatti ajajni mana murtii falmiin dura, yeroo falmiin gaggeefamaa jiruu fi akkasumas, falmiin booda laatamuu dandada'a jechuu dha.

Haala gabaaba fi ifa ta'een guuboon jechoota "Inkaartaa" bifa hiika guubo jechoota seeraa "Black's law"[176]n laatame deeggaruun yaadicha yoo ibsu:

"Court order is an official Order issued by the judge of a court, requiring or forbidding somebody to do something" jechuun hiikeera.

Qabatama manneen murtii keenya keessa jiruu fi bu'uura ibsa yaada-rimichaa irratti akka armaan oliitti ibsameen yaadni "ajaja mana murtii" jedhu kun adda duraan ajaja qabiinsaa, ajaja sakata'iinsaa (Order of Search and Seizer), ajaja dhorkaa, ajaja hidhaa (Order of imprsoniment), ajaja hidhaarra akka hiikamuuf laatamu, ajaja waamichaa fi ajaja gurgurtaa qabeenyaa kan of keessatti haammatu dha jechuun ni danda'ama.

Yaada "ajaja" jedhu kana akkasitti erga hubannee hiikkaan tumaa labsichaa keessatti".....*Ofisarri Seeraa gaggeessaa garee waliin mari'achuun ajaja mallateessee chaappessee bahii godha....."* jedhamuun tumame maal jechuu akka ta'e ilaaluun barbaachisaa dha.

Dhimma kana labsichi akkasitti yoo tumu maal jechuu isaa akka ta'e ilaalchisee ogeessota seeraa manneen murtii keenya keessa jiran birattis ta'e miseensota labsicha wixineessan biratti hiikni itti laatamu kan wal fakkaatuu fi tokkummaa qabu miti.Fakkeenyaaf, akka yaada namoota jalqaba labsicha wixneessaniitti labsichi Ofisarri Seeraa ajaja mallatteesse chaapessee bahii godha yoo jedhu "*Ofisarri Seeraa ajaja dhaddachi kenne koppii taasisee, chaappessee, xalayaa gaggestuu qophessuun mallatteessee qaama dhimmi isaa ilaalatuuf erga"* jechuu dha.[177] Hata'uyyuu malee, yaada labsichaa

[176] Madda lak.9 Ful.1129-1130 ilaala

[177] Hojiirra oolma keewwata labsii kanaa bifa tokkumma qabuun manneen murtii keessatti hojiirra oolchuu fi yaada seera-tumtuu labsichaati jechuun Abbaa Adeemsa Hojii Kenniinsa Tajaajila Abbaa Seerummaa Mana Murtii Waliigala Oromiyaatiin *(Ob. Israa'el Ittaansaa)* hiika keewwata labsii kanaa manneen murtii naannoo Oromiyaa hubachisuuf xalayaa lak.5-15/30/2002 ta'ee gaafa guyyaa 16/04/2002 raabsame irraa yaada fudhatame dha.

kanaaf hiikni akkasitti itti laatame kun yaada keewwata labsichaa kana irraa kallattiin hubatamu miti.

Gama biraan ammoo, hiikkaan keewwata kanaaf ogeessota biroon itti laatamu akka mul'isutti labsichi ajaja malatteesse chappesse bahii godha yoo jedhu ajaja galmee keessatti abbaa seeraan laatame xalayaa ofiin qopheessuun gabaabsee erga barreesseen booda "manni murtii ajajeera" jechuun kalattiin ajajicha mallatteesse (Maqaa fi mallattoo isaa ajaja sanarratti addeesse) chaappaa mana murtichaan chaappessee bahii godha jechuu dha.[178] Kanaafuu, keewwatichi akkamitti hiikamuu qabaa? dhimma jedhu ilaaluun gaari ta'a.

Akaakuun ajajoota manneen murtiin laataman hedduu yoo ta'anis bayyeen isaanii garuu mirga namoomaa fi abbaa qabeenyummaa lammilee daangessuuf ajajoota laatamani dha.[179] Heerri Mootummaa Dimokraatawaa Itoophiyaa bara 1995 bahes dhimma mirga namooma fi hawaas-dinagdee kana giddu-galeessa godhatee kan tumame dha. Akkaatuma kanaan, heerichi mirga bakkaa bakkatti socho'uu fi abbaa qabeenyummaa lammileef bakka ol'aana laatera.[180] Aangoon mirga namooma fi abbaa qabeenyummaa kun ammoo ajaja mana murtii qofaan kan daanga'u ta'uu seerota heericha bu'ureffatanii tumamani irraa ni hubatama.[181]

Muuxannoon biyyota ambaas yaaduma kana deeggaru. Fakkeenyaaf, bu'uura muuxannoo manneen murtii naannolee biyya Amerikaa tokko tokkoo fi biyya Faransaay keessatti jiruun keessattuu mirga namooma fi qaabeenya lammilee waliin wal qabaturratti ajaji laatamu abbaa seeraan kan murtaa'u yoo ta'u, gaheen reejistraarri ajaja irratti qabu yoo baayyate bu'uura ajaja galmee keessatti abbaa seeraan laatameen yaada ajajaa wixnessuun abbaa seeraaf dhaaleessuu fi abbaan seeraa yeroo wixinee

[178]Haata'uyyuu malee, keewwanni labsii kanaa *Ofisarri Seeraa ajaja abbaa seeraan hin laatamne tokko matuma isaan laachuufis aango qaba* jedhamee garuu hiikamu hin danda'u.Sababiin isaa *labsichi "…..ajaja mallatteessee chaappessee bahii godha"* jedha malee, *"…ajaja Kenna…."* hin jedhu.

[179] Dr. Manbaree Thaahaay, Dareekteera Wirtoo Qorannoo Seeraa Mootummaa Federaala Itoophiyaa fi Barsiisaa Seeraa Yuuniversitii Finfinnee, Ob.Barihun Atakiltii, Mana Murtii Waliigala Federaala Itoophiyaa tti Abbaa Alangaa Addaa fi Barsiisaa Seeraa Yuuniversiitii Finfinnee

[180] Heera Mootummaa Dimokratawaa Itoophiyaa, Negaarit Gaazexaa, Kewt.17 fi 40

[181] Madda lak.179

sana mallattoo isaan mirkaneessu ajajicha bahii gochuu dha. Biyya Jarmanii keessatti ammoo aangoon ajaja laachuu irra jireessan aangoo ogeessota abbaa seeraa osoo hin ta'in, ogeessota dhimmota murtaa'an irratti aangoo abbaa seerumma qabanii fi "Rechetsplefger" jedhamuun beekamaniif kan laatamedha. Sababiin isaa dhimmoota baayyee ajaja barbaadan kan akka raawwii murtii fi kkf irratti kan hojjetu qaamuma abbaa seerummaa kana waan ta'eefi.

Muuxannoo biyyoota biroos yoo ilaalle, aangoon ajaja laachuu, fakkeenyaf, aangoon ajajni qabiinsaaf laatamu biyyoota adda addaa keessatti qaamota adda addaaaf laatameera.[182] Hata'uyyuu malee, biyya kamiinuu keessatti ajaja laatamu waliin wal qabatee reejistraarri aangoo ajaja sana wixineessuun abbaa seeraaf dhiyeessuu fi yoo abbaa seeraan mirkanaa'u ammoo ajaja sana bahii gochuu darbaa aangoo biraa hin qabu.Akka labsii kanaatti garuu Ofisarri Seeraa ajaja galmee keessatti laatame ofii wixineesse ofii mallatteesse baasu danda'a jechuun keewwaticha hiikuun muuxannoo biyyoota ambaa kana irraa maquu ta'a.

Hata'uyyuu malee, dhimma kanaan wal qabatee raawwiin qabatamaan manneen murtii keessaa jiru adda adda ta'uurra darbee, angoo fi gaheen hojii kun abbootiin seeraa fi Ofisaroonni Seeraa waliigalanii akka hin hojjenneef akka sababa guddaa tokkootti kan caqasamu dha.[183]Wal dhabdee kanaaf ammoo wanti sababa ta'e tumaa labsichaa *"Ofisarrii Seeraa gaggeessa garee hojii waliin mari'achuun ajaja mallatteesse chaapphessee bahii godha"* jedhuuf hiikkaan laatamu adda adda ta'uu isaati.

Akkuma armaan olitti ibsame, hiikkaa yaada labsii kanaaf laatamu keessaa inni tokko Ofisarri Seeraa ajaja dhaddacharratti laatamu maqaa fi mallattoo isaan mana murtiirraa bahii gochuuf aangoon laatameerafi yaada jedhu yoo ta'u, hiikkaan kun bara jalqabaa labsiin kun hoojiirra oole keessattu bara 2001 keessa manneen murtii keenya keessatti

[182] Fakkeenyaaf, mana murtii Indiyaa keessatti abbaa seraaf yoo laatamu mana murtii nannole Amerikaa keessaa tokko kan taate biyya Michigaan keessatti ammo aangoon kun qaama abbaa seerummaa "Majistreet" jedhamuuf laatameera (*http://courts.michigan.gov/scao/resources/publications/manuals/magis/mag_sec3.pdf*)

[183]*Ob.Mohaammed Jimaa, Pireezidantii Mana Murtii Ol'aana Shawaa Lixaa*

bal'inaan kan itti hojjetamaa ture dha.[184] Yeroo ammaas manneen murtii tokko tokko keessatti hojiirra oola jira.[185]

Bu'uura raawwii yeroo ammaa jiruun ajajoonni manneen murtii keessatti laataman bakka gurguddoo lamatti qoodamaniiru. Kanneenis "ajajoota dirqsiisoo" (Fakkeenyaaf, ajaja mirgaa fi qabeenya irratti laataman) fi "ajajoota dirqsiisoo" hin taane jedhamuun waamamu. "Ajajooti dirqsiisoo" ta'an maqaa fi mallattoo OSn bahii gochuun bakkee baayyetti kan hin danda'amne yoo ta'u, "ajajoota dirqsiisoo" hin taane biroo garuu ogeesonni kun maqaa fi mallattoo isaaniin bahii gochuu ni danda'u.[186] Haalli qoodinsa gosoota ajajaa akkasitti raawwii irratti mul'atu kun labsii keessatti kan hin beekamnee fi hojmaataan kan manneen murtii keessa jiru dha.

"Ajaja dirqsiisoo" ta'an bahii gochuu waliin wal qabatee manneen murtii naannoo Oromiyaa hedduu keessatti abbootii seeraan, manneen murtii muraasa keessatti ammoo OSn bahii ta'a. Haata'uyyuu malee, haala rawwii isaa irratti manneen murtii hunduu adeemsa adda addaa hordofu:[187]

(a) Manneen murtii tokko tokko keessatti "ajaja dirqsiisa" dhaddacha irratti laatamu qaama dhimmi isaa ilaaluuf qopheessee mallateesse kan ergu abbaa seeraa waan ta'eef dhimma kana ilaalchisee Ofisarri Seeraa gahee tokko illee hin qabu. Gama kanaan mana murtii ol'aana godina Jimmaa fi Asallaa akka fakkenyaatti maqaa dhahuun ni danda'ama.

(b) Manneen murtii baayyee keessatti ammoo "ajaja dirqsiisoo" dhaddacharratti laatamu Ofisarri Seeraa xalayaa gaggeestuu qopheessuun mallattoo abbaa

---

[184] *Ob.Addunyaa Waaggarii, Abbaa Seeraa Mana Murtii Aana Godina Jimmaa, Ob. Gannaa……..., Abbaa Alangaa Mana Murtii Ol'aana Godina Asallaa, Ob. Hunddarraa……..,Abbaa Alangaa Mana Murtii Ol'aanaa Godina Wallaggaa Bahaa, Ob. Tolasaa Nigaatuu, Abbaa Adeemsa Hojii fi Abbaa Alangaa Godina Wallagga Bahaa, Ob. Fiqaaduu……., Abbaa Alangaa Mana Murtii Aana Godina Shawaa Bahaa*

[185] Fakkeenyaaf, Miilto lak.1 ilaala

[186] Bu'uura muuxannoo yeroo ammaa jiruun ajajoota dirqsiisoo hin taane keessa tokko ajaja waamichaa ragootaaf ykn himatamaaf dabarsuu yoo ta'u, ajaji kun ajaja abbaa seeraa malee kallattiin OS kennama.

[187] Cuunfaa af-gaaffii Ofiseroota Seeraa fi abbootii seeraa waliin taasifame irraa fi sakataa'insa galmee irraa odeefannoo argame

seeraan ajaja galmee keessatti laatame koppii taasisee qaama dhimmi isaa ilaaluuf erga. Fakkeenyaaf, mana murtii Wallaga Bahaa fi Harargee Bahaa keessa raawwiin jiru adeemsa kana kan hordofu dha.

(c) Manneen murtii tokko tokko keessatti ”ajaja dirqsiisoo” erguuf Ofisarri Seeraa bu’ura ajaja galmee keessatti abbaa seeraan laatameen kallattiin xalayaa ajajaa qopheesse abbaa seeraaf dhiyeessudhaan xalayichi mallattoo abbaa seeraan erga mirkanaa’e booda bahii ta’ee qaama dhimmi ilaallatuuf ergama. Kun manneen murtii aanaa baayyee keessattii fi manneen murtii maashinii footo koppii hin qabne biroo keessatti kan amaleeffatame dha. Fakkeenyaaf: Mana Murtii aana Mi’eessoo (Harargee Bahaa), Mana Murtii aana Gommaa (Jimmaa), Mana Murtii aana Arjoo (Wallaga Bahaa) fi kkf cqasuun ni danda’ama.

(d) Manneen murtii muraasa keessatti ammoo ”ajaji dirqsiisoo” abbaa seeraan laatamus ta’e ajajni biraa kallattidhumaan Ofisara Seeraan qophaa’e (wixneeffamee) maqaa fi mallattoo Ofisaruma kanaan qaama dhimmi isaa ilaallatuuf ergama.[188] Fakkeenyaaf, Mana Murtii aanaa Magaalaa Amboo (Shawaa Lixaa) keessa adeemsi jiru adeemsuma kana kan hordofu dha.

Akkuma armaan olitti caqasuuf yaalame yeroo jalqaba labsiin kun hojiirra oole yaadi keewwata kanaa manneen murtii naannoo Oromiyaa baayyee keessatti haala wal fakkaatuun Ofisaruma Seeraan hojiirra oola ture.Haata’uyyuu malee, gargarbaateen haala raawwii manneen murtii keessatti akka armaan oliitti ibsamee fi aangoo fi gahee hojii kana (keessattuu ”ajajoota dirqsiisoo” ilaalchisee) abbootiin seeraa qofti akka raawwatan kan taasifame manni murtii waliigala Oromiyaa yaada labsii kanaa hiikuun dhimma kana irratti serkularii tokko manneen murtii naannoo Oromiyaa hundaaf erga raabseen booda. Serkulariin kun xalayaa manneen murtii ol’aana godina 19f ergame ta’ee guyyaa gaafa 16/04/2002 lak.5-15/30/2002n kan barreeffame yoo ta’u, yaadni guutuun sarkularii kanaa akka armaan gadiitti ibsameera:

[188] Fakkeenyaaf, Miilto lak.1 ilaala

"Qorannoon JBHA kallattii kaa'e keessa tokko abbootiin seeraa hojii abbaa seerummaa kan hin ta'iin hojii deeggarsaatiin qabamanii kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa irratti dhiibbaa akka hin uumneef caasa hojii KTAS tiif deeggarsa kennu uumu dha.Caasa kanneen keessa tokko Ofisara Seeraa yoo ta'u gahee hojii Ofisaraa keessa inni tokko immoo ajaja dhaddachi kenne mallatteessanii baasu dha.

Hata'uyyuu malee, gaheen hojii kun garmalee hubatamuudhaan manneen murtii tokko tokko biratti rakkina garaa garaa uume jira.Qorannoodhaan kan taa'e seera irrattis kan tumame Ofisarri Seeraa ajaja dhaddachi kenne ofii barreessee akka malatteessuuf miti. Gaheen hojii Ofisara Seeraa ajaja dhaddachi kenne koppii taasisee chaappessee gaggeesituu qopheessee malatteesse qaama ilaallatutti erguu ta'uu beektanii hojmaata Ofisarri Seeraa murtii kan kenne fakkeessu irratti of-eeggannoo akka taasiftan ni hubachiifna"[189] jedha.

Egaa serkularii kana hojiirra oolchuuf manneen murtii adda addaa keessatti tarkaanfiin adda addaa fudhatameera, fudhatamaas jira. Ofisaroonni Seeraa "ajaja dirqsiisoo" ta'an maqaa isaaniin mana murtii irraa akka hin baasneef tarkaanfiwwan bu'ura serkularii kanaan fudhatamaa jiran keessaa kanneen armaan gadii caqasuun ni danda'ama:[190]

- Manneen murtii godinaa walgahii waliigalaa yeroo adda addaatti dura-bu'ummaa Perezidantii mana murtii godinaan gaggeeffamu irrratti bu'uura serkularii isaan qaqqabe kanaan Ofisarri seeraa "ajaja dirqsiisoo" mirgaa fi qabeenya waliin wal qabatan akka hin mallateesine akeekkachiisuu
- "Ajaja dirqsiisoo" maqaa fi mallattoo Ofisara Seeraan mana murtii irraa bahu akka hin fudhannee fi hojiirra hin oolchine qaamolee adda addaa beeksisuu

[189] Miiltoo lak.2 ilaala
[190]Cuunfaa yaadaa af-gaaffii Abbootii seeraa fi Ofiseroota seera irraa argame

- ❖ Ofisara Seeraa ″ajaja dirqsiisoo″ ta'anii fi qabeenya ykn mirga waliin wal qabatan irratti mallatteessee fi bahii godhe badii naamusaan himachuun adabsiisuu[191]

Akkuma waliigalaatti aangoo fi gaheen hojii OS kanaa bu'uura muuxannoo biyyoota ambaan Ofisarri Seeraa ajaja kallattiin mallatteesse baasuu hin danda'u jechuun yoo danda'ames keewwanni labsii kanaa garuu matuma isaan ifadha jedhuun hin danda'amu.Manneen murtii keessa rakkoo raawwii jiruufis ta'e manni murtii waliigalaa serkularii kana manneen murtii Oromiyaa hundaaf akka barreessuuf wanti sababa ta'e iftoomina dhabuu labsichaati.

3.2.4. Hojilee biroo abbaa seeraatiin kennamaniif raawwachuu

Tumaa labsichaa kewt. 25 (g) jalatti labsichi aangoowwan dura seerota adeemsaa keessatti reejistraaraaf laatamanii turanii fi gaheewwan hojii haara labsichaan OSf laatamanii akka armaan oliitti xinxalamaniin alatti ogeessonni kun hojilee biroo abbaa seeraan isaaniif kennaman biroos akka hojjetan tumee jira. Haata'uyyuu malee, baayinaa fi gadifaggeenya gaheewwan hojii OSn akka raawwatamuuf labsichaan ogeessota kanaaf laatame irratti hundoofnee hojileen biroo abbaa seeraan ogeessota kanaaf laatamu maalii? jennee yoo ilaalle hojilee labsichaan tarreefamaniin ala gaheen hojii abbaa seeraan OSf laatamu tilmaamun rakkisaa dha.

Akka amantaa barreessa kanaatti, aangoo fi gaheewwan hojii OSf labsichaan laatameen ala gaheen hojii ogeessota kanaaf laatamuu osoo qabuu hin laatamin hafe garuu ammoo abbaa seeraan laatamufii danda'a jedhamee yaadamu addaan baasuuf muuxannoo biyyoota aambaa ilaaluun barbaachisaa dha.Bu'uura muuxannoo kanaan aangoo fi gaheen hojii labsichaan OSf hin laatamnee fi kan muuxannoo biyyoota adda addaa keessatti hubatamu tajaajila barreessa dhaddachaa fi kakuu kaksiisuu ta'uu danda'a.

---

[191] Ofiseroonni Seeraa bu'uura qajeelfama manneen murtii serkularicharratti hundaa'e laatameen hin hojjenne badii naamusaan himatamanii dhimmi isaanii yeroo ammaa sadarkaa godinaa fi naannootti ilaalama jira.*(Af-gaaffii miseensota koomishinii naamusaa naannoo fi godinaa waliin taasifame.(Ob. Warquu……., Geetaachoo Ida'a fi Taajudin Husan))*

Bu'uura muxannoo biyyoota baayyeen reejistraarri kan isaan hojjetan keessaa yaada ragootaa, adeemsa kenna murtii hordofame (Judgement Procedure) fi kanneen biroo dhaddacharratti hordofuu fi galmeessuun akkasumas, ragootaa fi namoota biroo kakuu kaksiisuun kan caqafamani dha.

Seerota adeemsa keenya lachuu keessatti eenyu dhimma kakuu akka hoogganuu fi SAFY keessatti ammoo eenyu tajaajila barreessa dhaddachaa akka laatu ifatti hin tumamne. Akkaatuma kanaan, bu'uura keewwata labsichaa 25 (g) fi muuxannoo biyyoota biroo kanaan abbaan seeraa dhimma kakuu waliin wal qabatuu fi tajaajila barreessa dhaddachaa akka raawwatuuf OS ajajuu ni danda'a jechuun keewwata labsii kanaa hiikuun ni danda'ama.[192] Kanaan ala garuu gaheen hojii ofisarummaa ogeessota kanaaf abbaa seeraan laatamu waan jiru hin fakkaatu. Erga akkas ta'ee ammoo seera-baastuun labsichaa akkuma muuxannoo biyyoota biroo aangowwan hafan kanneen ifatti tumuu osoo danda'uu haala waliigalaan akkasitti tumuun isaa abbootiin seeraa mirga labsichaan isaaniif laatame kana garmalee akka fayyadamaniif karra kan banu ta'uun isaa garuu osoo hin tuqamin kan bira darbamu miti. Sababiin isaa tumaan labsii kun manneen murtii keenya keessatti hojii Ofisarri Seeraa hojjetu galma barbaadame akka hin geenyeef akka sababa tokkootti caqasama.[193] Abbootiin seeraa tokko tokko aangoon hin daangofne kun labsichaan waan isaaniif laatameef yeroo tokko tokko hojii ofisarummaa waliin hariiroo hin qabne ogeessota kana yoo ajajan mul'atu.Kun ammoo rakkoo humna namaa manneen murtii keessatti mudatu irraa kan ka'e ta'uu danda'a. Kanneen keessas kan armaan gadii hangafoota:[194]

- Abbootiin dhimmaa dhaddachatti akka dhiyaataniif Ofisarri Seeraa maqaa akka waamaniif ajajuu

[192]SAFHH keessatti akkaata kewt. 269(2) jalatti hojjetaan dhaddachaa kakuu akka raawwachisuuf abbaan seeraa ajaju akka danda'u ifatti yoo tumamees bu'uura hiikkaa moggaasa "reejistraara" jedhuuf SAFHH keessatti laatameen gargaaraan dhaddachaa (Court Clerk) qaama reejistraara waan hin taaneef hojiin kun durumayyuu reejistraaraf laatameera kanaafuu, bu'uura keewwata labsii kanaa lak. 25 (a) tiin gara OS tti darbeera jechuuf hin danda'amu.

[193] Cuunfaa yaadaa af-gaaffii abbootii Seeraa fi Ofiseroota Seeraa irraa argame

[194] Madda lak.191

- ❖ Raawwata mana galme cufamanii gochuun ramaduu[195]
- ❖ Tajaajila hiikkaa afaanii akka laatan ajaju
- ❖ Guca murtii guuchisuu[196] fi
- ❖ Rakkoo human namaa manneen murtii keessatti mudatu furuuf keessattu sadarkaa mannen murtii aanaa irratti hojii deeggarsaa tokko tokko hojjechisuu

Egaa tumaa labsii kana dayeeffachuun hojiin dabalataa abbootii Seeraan Ofsaroota seeraaf laatamaa jiran kana yoo ilaallee hojiiwwan tokko tokko mana murtii keessatti caasa mataa isaa danda'ee fi humni namaa irratti qacaramuu kan qabu ta'ee utuu jiruu Ofisaroonni Seeraa akka raawwatan taasifamaa jira.

3.3. Xiinxala Raawwii Aangoo fi Gahee Hojii OS Haala Waliigalaan

Akkuma walii galaatti sadarkaa raawwii labsichi aangoo fi gahee hojii Ofisaroota Seeraa waliin wal qabatee yeroo ammaa irra jiru yoo madaallu raawwiin labsichaa sadarkaa gaarii irra jira jechuuf nama hin dandeesisu. Kanaafsi sababoota adda addaa maqaa dhahuun ni danda'ama. Sadarkaa raawwii labsichi aangoo fi gahee hojii Ofisaroota Seeraa waliin wal qabatee yeroo ammaa irra jiru madaaluuf ragaa bar-gaaffii abbootii seeraa, fi Ofisaroota Seeraa irraa argamee akka armaan gaditti xinxalame ilaaluun ni danda'ama:

[195] Manneen murtii tokko tokko keessatti (fakkeenyaaf, mana murtii ol'aana godina Jimmaa) Ofisaroonni Seeraa dhabbiin mana galmee cufamanii keessa ta'uun garagalcha murtii, ol'iyyannoo fi hojiilee biro raawwataan mana galme raawwachuu qabu hojjetu

[196] Fakkeenyaaf, miilto lak.3 ilaala

Gabatee lak.5

Lak.	*Sadarkaa Manneen Murtii*	*Baayyina namoota Labsichi haalan hojiirra oola jira jedhanii*		*Baayyina namoota labsichi hojiirra oola hin jiru jedhanii*		*Baayyina bar-gaaffii dhimma kana irratti guutamee*
		A/S	***OS***	***A/S***	***OS***	
1	*MM Aanaa*	***35***	***10***	***50***	***33***	***128***
2	*MM Godinaa*	***20***	***10***	***20***	***26***	***76***
3	*MMWO*	***14***	***9***	***11***	***12***	***46***
4	***Ida'ama***	***69***	***29***	***81***	***71***	***250***
Dhibbantaa		**% 39.2**		**% 60.8**		

Raawwiin labsichaa aangoo fi gahee OSn wal qabatee manneen murtii naannoo Oromiyaa keessa jiru kun sadarkaa barbaadame irratti akka hin argamneef sababoonni caqasamuu danda'an baayyee yoo ta'es bu'uura af-gaaffii, bar-gaaffii fi maree garee abbootii seeraa, abbootii alangaa, Ofisaroota Seeraa, abukaattota dhuunfaa fi abbooti dhimmaa waliin adeemsifameen kanneen akka armaan gadiitti tarreefaman ni caqasamu:

- Tumaan labsichaa aangoo fi gahee OS waliin wal qabatan haala barbaadamuun ifaa fi ifatti tumamuu dhabuu
- Labsichi adeemsa seerota adeemsaa keessatti tumaman waliin kan wal dubbisee deemu ta'uu dhabuu fi dhimmoota seerota kana keessatti tumamanii jiran

aangoo fi gahee hojii OS waliin wal qabsisee gadifageenya barbaachisuun tumuu dhabuu

- Hubannoon ogeessonni hunduu labsicharratti qaban gadi-aanaa ta'uu fi kan wal hin fakkaanne ta'uu dhabuu
- Bu'uura labsichaan Ofisaroota Seeraa aangessuu dhabuu
- Ofisaroonni Seeraa aangoo fi gahee hojii labsichaan isaaniif laatame raawwachuuf sadarkaa barnootaa fi muuxannoo gahaa ta'e hin qabanu yaadi jedhu calaqisiisamu
- Ofisaroonni Seeraa gahee hojii reejistraaraaf seerota adeemsaa jalatti laatame raawwachuuf ogeessota ramadaman wan ta'eef gaheedhuma hojii kana qofa raawwachuu qabu; kana darbaas aangoon laatamuufi hin qabu ejjennoon jedhu abbootii seeraa tokko tokko biratti calaqsifamuu
- Ofisaroonni Seeraa ta'e jedhanii aango bal'ifachuuf fedhii guddaa qabachuu
- Aangoo fi gahee hojii OSf labsichaan laatameefin ala ogeessonni kun akka raawwataniif dirqisiifamuu
- Caaseffamni Ofisaroota Seeraa yeroo dhiwoon as manneen murtii keessatti hojiirra oole qooda fudhatoota baayyee biratti kan hin beekamne ta'uu

BOQONNAA AFUR

4. GUDUUNFAA FI YAADOTA FURMAATAA

Qaamolee mootummaa keessaa manni murtii qaama mootummaa sadaffaa ta'uun hundeeffamuun isaa biyya keenya dabalatee biyyoota addunyaa baayyee biratti qoodinsa aangoo mootummaa bakkee baayyeetti fudhatama argate dha.Qaamni mootummaa kun ammoo yeroo hundeeffamu kaayyoo mataa isaa kan qabu yoo ta'u kunis, tajaajila abbaa seerummaa ummataaf laachuudhaan ol'aantummaa seera mirkaneessu dha.Akkaatuma kanaan, manni murtii kaayyoo isaa kana bifa yaadameen galmaan gahuuf humni namaa manneen murtii keessa hojjetuu fi haalli qoodinsa aangoo fi gaheen hojii hojjettoota kanaa dhimmoota murteesso ta'an keessaa isa tokko.

Haala guddina hawaas-dinagdee yeroo amma jiruun wal qabatee, gama tokkoon, dhimmoonni hawaasa keessatti wal dhabdee uumanii fi gara mana murtii dhufan yeroodha gara yerootti haala dinqisiisa ta'een guddachaa jiru.Gama biraan ammoo, fedhiin tajaajilamtoonni tajaajila si'aawa fi qulqullina qabu manneen murtii irraa argachuuf qaban yeroodhaa gara yerootti guddachaa deemeera. Kanaafuu, fedhiiwwan faalla ta'an kana gargaarsa oggeesota manneen murtii keessa hojjetaniin alatti humna abbootii seeraa qofaan galmaan gahuun kan yaadamu miti.Akkaatuma kanaan, abbootiin seeraa hojii abbaa seerummaa isa ijoo ta'ee irratti akka xiyyeffatan gochuun aangoo fi hojiileen biroo garuu oggeessota biraan raawwatamuu kan qabu ta'uun isaa muuxxannoo biyyoota aamba baayyee irraa kan hubatamu dha.

Buu'ura muuxannoo biyyoota aambaatiin, yeroo ammaa tajaajila abbaa seerummaa si'aawa fi qulqullina qabu dhugoomsuuf tooftaalee adda addaatu hojiirra oola jira.Kanneen keessaas,akkuma armaan olitti caqasuuf yaalame, haala qoodnisa aangoo fi gahee hojiii hojjettota manneen murtii keessa hojjetanii ifatti tumuu fi irratti hojjechuun tooftaalee kana keessaa isa tokko.Qoodinsa aangoo fi gahee hojii kanaaf

biyyoonni addunyaa tooftaalee adda addaa kan fayyadaman yoo ta'u, biyyoonni baayyeen abbootii seeraa cinatti ogeessota abbootii seeraa deggaran kan akka gargaara abbaa seeraa fi hojjettoota dhaddachaa (Court Clerk) qacaruudhaan itti fayyadamu.Biyyoonni tokko tokko ammoo qaama manneen murtii isaanii keessatti dhimmoota muraasa irratti aangoo abbaa serummaa qabu hundeessuun dhimmoota sasalphoo fi falmisiisoo hin taane akka murteessaniif akkasumas, hojiilee biroo hojjechuun abbooti seeraa akka deeggaraniif itti fayyadamu.

Haala KTAS manneen murtii biyya keenyaattis keessattu kan naannoo keenyaatti yoo dhufnu muuxannoon yeroo ammaa qabatamaan mul'atu muuxannoo biyyoota addunyaa armaan olitti caqasame kana irraa adda miti.

KTAS si'aawa fi qulqullina qabu dhugoomsuuf tooftaan manneen murtii keenya keessatti yeroo ammaa hojiirra oola jiru abbootii seeraa cinatti qaama aangoo abbaa seerummaa qabu hundeessuun itti fayyadamuu osoo hin taane, ogeessota abbootii seeraa gargaaranitti fayyadamuun KTAS bu'a qabeessa ta'e dhugoomsuu dha. Hata'uyyuu malee, akkaata kanaan tajaajila manneen murtiin laatamu ogeessota adda addaa kanaaf seeraan qooduun dura dhimmoonni murteessoo ta'anii fi ilaalamuu qaban ni jiru. Kanneen keessaas aangoo fi gahee hojii kana yoo qoodnu adda duraan gosa aangoo fi gahee hojiichaa addatti beekuu, fi qoodinsa aangoo fi gahee hojii kana haala salphaa ta'een qabatamatti hojiirra oolchuun bifa danda'amuun qoodamu kan qabu ta'uun isaa hubatamuu qaba.

Gama gosa aangoo fi gahee hojiitiin dhimmicha yoo ilaallu, biyya keenya keessattis ta'e akka naannoo kenyaatti gosti aangoo fi gaheen hojii abbaa seeraaf ykn hojjetaa biroo mana murtiif laatamu heera mootummaa biyyattii irratti kan rarra'udha: namni abbaa seeraa ta'uun tajaajila abbaa seerummaa laatu tokko nama bakka bu'oota uummataan muudamee ta'uu qaba. Akkaatuma kanaan, manni murtii ergamaa fi mul'ata gama kenniinsa haqaan jiru humna namaa qabuutti fayyadamee kan raawwatu yoo ta'ees,

aangoo fi gaheen hojii tokko tokko umaamummaan abbooti seeraa qofaaf kan dhifamanii fi abbaa seeraan ala qaamni/namni biraa raawwachuu hin danda'u.

Gama kanaan, labsii manneen murtii naannoo Oromiyaa irra deebi'ee hundeessuuf lak.141/2000 ta'ee bahe keessatti aangoo fi gahee hojii OSf laatame yoo qeeqne, akkuma xiinxala qorannichaa keessatti bal'inaan ilaalame, aangoo fi gaheen hojii bu'uura heeraatiin abbaa seeraa qofaaf dhiifame tokko tokko labsichaan Ofisaroota Seeraaf laatameera.Kunis qabatamaan hojiirratti rakkoon raawwii qorannicha keessatti bal'inaan ilaalaman akka mudatanuuf sababa ta'eera.

Gama biraan, seerri qoodinsa gahee hojii kana irratti tumamu tokko, akkuma armaan olitti caqasuuf yaalame, haala aangoo fi gahee hojii kana bifa salphaa ta'een qabatamatti hojiirra oolchuun danda'amun kan tumame ta'uu qaba.Gama kanaan, akkuma beekamu, labsiin kun aangoo fi gahee hojii seerota adeemsaa keessatti reejistraaraf laatamanii turan hunda gara OS tti dabarsuu irra darbee, aangoo fi gahee hojii biroo dura seerota adeemsaa keessatti abbaa seeraan akka raawwatamu jedhamee ture tokko tokko irrattis ogeessotuma kana aangeesseera.Kana malees, bu'uura qorrannoo JBHA manneen murtiin dursee gaggeeffameen aangoo fi gaheen hojii seerota adeemsa keessa hin turre illee akka aangoo fi gahee hojii harawaatti ogeessotuma kanaaf labsichaan laatamaniiru. Keessattuu haala hojiirra oolmaa aangoo fi gahee hojii dura seerota adeemsaa keessatti abbootii seeraaf laatamanii turanii fi amma gara OS tti darban akkasumas, gahewwan hojii harawaa labsichaan ogeessota kanaaf laataman yoo ilaalle, aangoo fi gaheen hojii kun raawwii irratti rakkoo mataa isaani qabu. Labsichi aangoo fi gaheewwan hojii seerota adeemsa keessatti dura tumame tokko tokko OSf yoo laatu rakkoo raawwii dhimmoota kanaan wal qabatee dhufuu danda'u yeroo labsichi tumamu kan ilaalame hin fakkaatu.Labsiin kun haala seerota adeemsaa waliin wali simuu danda'un ykn barbaachisaa ta'ee bakkee argametti haala ifa ta'een dhimmoota seerota adeemsa keessa jiran hunda osoo hin foyyesin calisee aangoowwanii fi gaheewwan hojii muraasa qofa ogeessota kanaaf akkasitti laachuun isaa rakkoo raawwii yeroo ammaa bal'inaan mul'atuuf sababa ta'eera.Fakkeenyaaf, labsichi

Ofisaroonni Seeraa ulaaga seeraa keessa himannoon dhiyaatu sababa himannaa qabaachuu isaa akka mirkaneessuu danda'u aangesse jira. Hata'uyyuu malee, bu'uura seerota adeemsaa keessatti ta'een dhimmi kun galmee irratti of moggaasanii dhimmicha murteessuu waan barbaaduuf Ofisarrii Seeraa ammoo kana raawwachuu waan hin dandeenyeef ogeessi kun dhimma kana yoo adda baasu murtii isaa kana haala kamiin abbaa dhimmaa beekisisa wanti jedhuu fi dhimmoonni kana fakkaatan raawwii irratti kan mul'atanu dha.Kanaafuu, aangoo fi gaheewwan hojii labsichaan tumaman bifa salphaa ta'een hojiirra oolchuuf rakkisaa ta'eera.

Gama biraan, hojimaanni manneen murtii keessatti yeroo ammaa dhimma kana irratti mul'atuu fi kan labsiin jedhu wal bira darbuun isaas rakkoo aangoo fi gahee hojii Ofisaroota seeraa waliin wal qabatee manneen murtii keessatti mudachaa jiru dha. Kanaafis dhimmi akka sababaatti caqasamuu danda'u, gama tokkoon, rakkoo hubbannoo yoo ta'u, gama biraan ammoo, rakkoo seeraa labsichi matuma isaan qabuu furuuf jecha tarkaanfii manneen murtiin fudhatamudha.

Akkuma waliigalaatti, dhimma aangoo fi gahee hojii Ofisaroota Seeraa labsii manneen murtii naannoo Oromiyaa irra deebi'ee hundeessuuf bahe keessatti tumame haalaan hojiirra oolchuun kaayyoo labsichi gama KTAS si'aawa fi qulqulina qabu dhugoomsuu keessatti rakkooleen akka hudhaatti qorannichaan adda baafaman ni jiru. Kanneen keessaas rakkoon iftoomina dhabuu labsichaa, aangoo fi gaheen hojii OSf laataman tokko tokko bu'uura heera mootummaa keessatti tumame irraa kan maqe ta'uu, aangoo fi gaheen hojii labsichaan OSf laatame adeemsa seeraa dursee seerota adeemsaa keessa jiru waliin wal simuu dhabuu, fi rakkoon hojimaataa fi raawwii dhimma kanaan wal qabatee manneen murtii keenya keessa jiru akka rakkoolee bu'uuratti caqasamuu danda'u.

Akkaatuma kanaan, tattaaffiin foyya'iinsa KTASf yeroo ammaa taasifamaa jiru akkuma eegametti ta'ee, yaadota guduunfaa armaan olitti laatamanii fi rakkoolee raawwii

qorannoo kanaan adda baafamaniif yaadni furmaata akka armaan gadiitti tokko tokkoon laatameera:

A) Rakkoo Seerichaa Waliin Wal Qabataniif Yaada Furmaata Laatame

- ***Rakkoo Deebii fuudhuu waliin wal qabatee jiru:***

Akkuma xiinxala qorannichaa keessatti ilaaluuf yaalame aangoon deebii fuudhuu seerota adeemsa keessatti aangoo reejistraaraf laatame osoo hin taane, aango abbooti seeraaf dhiifame ture dha.Labsiin mootummaa naannoo Oromiyaan tumame lakkofsi 141/2000 ammoo aangoo kana aangoo OS gochuun tumeera.Haata'uyyuu malee, dhimma kanaan wal qabatee rakkoon hiikka labsichaa fi raawwii manneen murtii keessatti akka mul'atu qorannichaan hubatameera.Kanaafuu,

- Gama hiikkoo seeraan labsich *"…Ofisarri seeraa deebii ni fuudha…."* jechuun yoo tumu debiin guyyaa dhageettiin dura kutaa OSf dhiyaatee guyyaa biraa ammoo dhageettiin dhaddachaa taasifama jechuu miti. Labasichis hiikamu kan qabu deebiin guyyaa dhageettiin dura kutaa OS tti dhiyaata bifa jedhuun osoo hin taane, guyyadhuma dhageettii kanatti OSf dhiyaatee ulaagaaleen barbaachisu hundi guutamuun isaa erga mirkanaa'een booda dhaddachaaf dhiyaata bifa jedhuun ta'uu qaba! Kana ta'uu baannaan garuu deebii kennaan guyyaa deebii fidatus ta'e guyyaa dhageetti mana murtiitti waan marmaaruuf qabeenyaa fi yeroon isaa akka qisaasessamuuf sabab ta'a..
- Gama biraan ammoo, mannen murtii tokko tokko keessatti adeemsi labsii kanaan ol kaa'ame hafee adeemsumti dura SAFHH keessa jiru akka itti fufu waan taasifamaa jiruuf debiin kallattiin guyyaa dhageetiitti dhaddachaaf dhiyaachuun ulaagalee teekinikaa kan ilaalu abbuma seeraati. Kun ammo kaayyoo labsichi hojii abbootii seeraa irraa salphisuuf qabatee ka'e kan takaalu waan ta'eef bu'uuruma labsicha

keessatti tumameen deebiin kutaa OSf dhiyaate wanti guutamu qabu erga mirkana'en booda dhaddachaaf dhiyaachu qaba!

- **Sababni himannaa (Cause of action) Jiraachu Mirkaneessu**

Akkuma qaama qorrannichaa keessatti bal'inaan ilaalame himannii, iyyanni ykn ol'iyyanni dhiyaatu tokko ulaagaale guutee dhiyaachuu qabu keessa tokko ulaagalee seeraatti.Kanneen keessa ammoo himanni dhiyaate tokko sababa himannaa qabaachuu isaa mirkaneessuun isa tokko dha.Haata'uyyuu malee, aangoo kana bu'uura labsichaan hojiirra oolchuu irratti rakkoo seeraa qaba.Kunis, gama tokkoon, aangoon kun aangoo abbaa seeraa qofaaf laatamu qabu waan ta'eef OSf aangoo kana laachuun sirrii hin turree ejjannoo jedhuun wal qabatee rakkoo raawwii jiru dha. Gama biraan ammoo, rakkoon jiru dhimma aangoo galmee irratti of moggaasuun murteessuu waliin kan wal qabatu dha. Ulaagaa seeraa jedhame kana murteessuf bu'uura SAFHH Kewt.231-232 fi SAFY kewt.111 fi 112 tiin galmeen banamee, namni murtee sana laatu galmeerratti of moggaasee galmedhumarratti murtee isaa kana ibsuun galmee cufuu qaba. Kanaafuu, gama tokkoon, labsiin Ofisarri Seeraa dhimma kana ilaale akka murteessuuf kan aangesse yoo ta'u, gama biraan ammoo, gahee hojii kana hojjechuu qaba osoo jedhameeyyuu, abbaa seeraa irraa kan hafe Ofisarri Seeraa galmee irratti of moggaasee murtee kana laachuu waan hin dandeenyeef aangoon kun jalqabumayyuu OSf laatamuun isaa gaaffii keessa akka galuuf sababa ta'eera. Yeroo ammaas yoo ta'e sababootuma kana irraa kan ka'e manneen murtii keenya keessatti hojmaannii wal hin fakkaanne hojiirra olaa jira.Maddi rakkoo kanaa ammoo labsichi ogeessota kanaaf aango abbaa seerummaa abbaa seeraa qofaaf laatame Ofisaroonni Seeraa akka raawwatan gochuu isaati.

Dhimma kanaaf yaada furmaata barbaaduuf jecha muuxannoo manneen murtii biyyoota aambaa aangoo kana abbootii seeraaf osoo hin taane ogeessota biroof laatan yoo ilaalle, biyyoonni tokko tokko jalqabummayyuu qaama aango abbaa seerummaa

qabu hundeessanii waan jiraniif dhimmoota kanaa fi kkfn kan murteessu qaamuma dursee hundeeffame kana dha. Manneen murtii biyya Jarmanii gama kanaan fakkeenya gaari ta'uu danda'u. Biyyoota kaan keessatti ammoo qaamni akka kan biyya Jarmanii kanaa of danda'uun aangoon abbaa seerummaa laatameef waan hin jerreef angoon kun kanuma abbaa seeraaf dhiifame dha.

Kanaafuu, rakkoo aangoo fi gahee hojii OS kana waliin wal qabatee mannen murtii keenya keessatti mul'atuu furuuf bu'uura muuxannoo biyya Jarmaniitiin qaamni aangoo abbaa seerummaa qabaachuun of danda'ee abbootii seeraa gargaaru manneen murtii keessatti seeraan waan hin hundoofneef bu'uruma muuxannoo biyyoota ambaa warreen kaniin aangoo kana abbaa seeraaf laachuun barbaachisaa dha.Akkaatuma kanaan labsichi irraa deebi'amee tumamuun raawwiin gama kanaan jiru siraa'u qaba yaadi jedhu yaada furmaataa ta'uun laatameera.Labsicha sirreessuun asitti garuu Ofisarri Seeraa galmee yeroo banu himannoon dhiyaate sababa himannaa hin qabu jedhee yoo amane abbaa seeraaf dhiyeessee abbaan seeraa kun murteessu murteessu qaba malee dhimma kana irratti Ofisarri Seeraa mataa isaan murtii inni laatu jiraachuu hin qabu.

- **Ajaja Mallatteessuun Chaappessanii Bahii Gochuu**

Ajaja malatteessanii bahii gochuu waliin wal qabatee dhimma jiru labsichi yoo tumu *"Ofisarrii Seeraa gaggeessa garee hojii waliin mari'achuun ajaja mallatteesse chaapphessee bahii godha"* jedha. Akkuma qorannicha keessatti ibsuuf yaalame, hiikkaan ogeessota keenyaan tumaa labsii kanaaf laatamu adda adda: namoonni baayyeen tumaan labsii kun Ofisarri Seeraa ajaja dhaddacharratti laatamu wixineessuun mallattoo mataa isaan mallatteesse baasuu danda'a jechuu miti yoo jedhan, kuun ammoo Ofisarri Seeraa ajaja kana mallatteessanii baasuuf labsichi aangesseera jechuun falmu. Gargarbaatedhuma yaada kana irraa kan ka'e manneen murtii keenya keesatti raawwiin adda addaa qorannicha kessatti ibsame akka jiraatuuf sababa ta'eera.

Bu'uura muuxannoo biyyoota ambaan labsicha yoo hiiknu labsichi *"....Ofisarri Seeraa ajaja mallatteesse chaappesse bahii godha"* yoo jedhu ajaja dhaddachaan laatame xalayaa gaggeesituu qopheessuun koppii taasisee erga jechuu isaati jechuun yoo danda'ames, labsichi garuu mataa isaan ifa miti. Kanaafuu labsichi dhimma kana irratti haala ifa ta'een irra deebi'amee fooyya'uu qaba. Sirreeffama labsichaan asitti garuu hiikni keewwta labsii kanaaf laatamu muuxannoo biyyoota ambaa armaan olitti ibsame kana irraa maquu hin qabu!

- **Kaffaltii Abbaa Seerummaa**

Akkuma beekamu kaffaltii tajaajila abbaa seerummaa sassabuun aangoo fi gahee hojii OS ta'ee tumameera.Bu'uruma kanaanis yeroo ammaa ogeessonni kun ittigafatamummaa isaanii bahachaa jiru. Haatauyyuu malee, ittigafatamummaa kana waliin wal qabatee rakkoon raawwii kan jiru ta'uu qorannichaan kan bira gahame yoo ta'u, kanneen keessa haalli maallaqni abbaa seerummaa OSn funaanamee guyyaa guyyaan galii itti ta'u isa tokko. Kunis, bu'uura seeraa faayinaansiin maallaqni mootummaa harka nama dhuunfaa turuu waan hin qabneef guyyaadhuma funaaname sanatti galii ta'uu qaba.Ofisarri Seeraa qarshii kana guyya guyyaan galii yoo godhu ammoo mallaqa jedhame kana galii gochuu isaatiif nagaheen seera qabeessa ta'e laatamuufi qaba.Hata'uyyuu malee, yeroo ammaa bu'uura seera faayinaansin dhimma kana manneen murtii keessatti raawwachuun hin danda'amne. Akkuma qorannicha keessatti ibsame, rakkoo kanaaf wanti akka sababaatti caqasamu manneen murtii keessatti kaffaltiin abbaa seerummaa guyyaa tokkotti funaanamuu paadii maalaqni itti guuramu kana kan fixu waan hin taaneef mallaqa qabduun moodela seera qabeessa (moodela 64) laachuu hin dandeessu.Rakkoo kana furuuf jecha akkasumas, maallaqni guyyaa guyyaan funaanamu harka nama dhuunfaa buluu waan hin qabneef yeroo ammaa moodela jatamii afur osoo hin taane, moodela jahatu cita. Kun ammo seeraa faynaansiin kan deggarame miti. Kanaafuu, labsichi bu'uura seera faayinaansii waliin wal simuu danda'uun sirrachuu qaba. Sirreeffama labsichaan asitti garuu labsicha bifa

seerota faayinaansii waliin wal simuu danda'uun hojiirra oolchuuf qajeelfamni tokko dhimma kana irratti qophaa'u qaba.

Kana malees, Ofisaroonni Seeraa gahee hojii seeraan isaan irratti gatame kana bifa yaadameen galmaan akka gahaniif hoggansaa fi naamusa hojicha waliin hariiroo qabu irratti leenjiin hubannoo uumu danda'u laatamu qaba.Akkasumas, qisaasessama maalaqa mootummaa hanbisuuf keessattu sadarkaa manneen murtii aanaa irratti humni hojjettoota faayinaansii manneen murtii cimuu qaba.

- **Hojiilee Biroo Abbaa Seeraatiin Kennamaniif Raawwachuu**

Bu'uura labsii manneen murtii naannoo Oromiyaa irra deebi'ee hundeessuuf bahe kanaan Ofisaroonni Seeraa aangoo fi gahee hojii ifatti labsichaan laatameefiin alattii gahee hojii biroo akkuma haala isaatti abbootii seeraan isaaniif laatamu raawwachuu qabu. Haalli tumaa labsii kanaa kun seerota yoo tumnu kan amaleeffatame yoo ta'es, akkasitti abbootii seeraa aangeessuun, akkuma qorannicha keessatti ibsuuf yaalame, muuxannoo biyyoota aambaa irraa adda.Kana malees, labsichi aangoo bal'aa kana abbootii seeraaf laachuun isaa ogeessota kana gidduutti rakkoon adda addaa hojiirratti akka uumamuuf sababa ta'eera. Kun ammoo keewwanni labsichaa kun abboottii seeraa tokko tokkoon bal'isame hiikamu isaa irraa kan maddu dha. Kanaafuu, keewwanni labsichaa kun bu'uura muuxannoo biyyoota ambaan aangoo fi gahee hojii ogeessota kanaa daguugee tumuun sirreeffamuu qaba. Sirreeffama labsii kanaan asitti garuu keewwanni labsii kun *"abbootiin seeraa dhimmoota ogummaa ofiserummaa waliin wal qabatan qofa irratti Ofisaroota seeraa ajajuu danda'u"* bifa jedhuun dhiphatee hiikamuu qaba.

B) Rakkoo Raawwii Waliin Wal Qabataniif Yaada Furmaata Laatame

Aangoo fi gahee hojii Ofisaroota Seeraa labsicha keessatti tumame waliin wal qabatee rakkoo raawwii qorannichaan adda baafameef yaadni furmaata dhimmoota tokko

tokko waliin wal qabatee armaan olitti ilaalame akkuma jirutti ta'ee kanneen hafaniif yaadonni furmaata gabaabinaan akka armaan gadiitti laatameera:

- **Ofisaroonni Seeraa galmee ulaagalee teekinikaa hin guunne akka fuudhamaniif Taasifamuu:** akkuma qorannicha keessatti ibsuuf yaalame yeroo tokko tokko manneen murtii keessatti Ofisaroonni Seeraa himata, iyyata ykn ol'iyyannoo ulaagalee teekinikaa hin guunne akka fuudhaniif kan taasifaman ta'uu raawwii irratti ni mul'ata. Kun ammoo, gama tokkoon, ittigafatamummaa Ofisarri Seeraa galmee socho'u kamiinuu ilaalchisee qabu waliin yoo ilaalamu rakkoo uumu kan danda'u yoo ta'u, gama biraan ammoo yoo ilaalame KTAS si'aawa ta'e ummata biraan gahuuf akkuma haala isaatti murtiin perezidantii mana murtii fi/ykn abbootii seeraan darbee darbee fudhatamuun isaa barbaachisaa dha.Keessattuu ittigafatamummaa pereezidantonni fi/ykn abbootiin seeraa ummataaf qaban waliin yoo dhimmicha ilaallu dubbicha caalatti cimsa.Kana malees, Seerrii Adeemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa murtii ulaagaa seeraa ilaalchisee waan jedhu yoo hin qabaanne illee, dhimma ulaaga teekinikaa ilaalchisee murtii OSn bu'uura kewt.229n fudhatamu abbaan seeraa keessa deebi'ee ilaalun sirreessuu akka danda'u SAFHH kewt.232n aangeffameera. Kanaafuu, rakkoo gama ittigafatamummaa galmee sochu'u waliin wal qabatee OS tti dhufuu danda'u hambisuufis ta'e tajaajila abbaa seerummaa si'aawa ta'e dhugoomsuuf pereezidantonnis ta'an abbootiin seeraa galmeen akkasii akka banamuuf yoo ajajan dhimmicha haala qabatama gochuun danda'amuun barreeffamaa fi mallattoo isaaniin OS osoo beekisiisani wayyaa yaadni jedhu akka yaada furmaataatti dhiyaateera.

C) Rakkoolee Hubannaa Waliin Wal Qabataniif Yaada Furmaata Laatame

Aangoo fi gaheen hojii OS waliin wal qabatee dhimmoonnii labsii manneen murtii naannoo Oromiyaa irra debi'ee hundeessuuf bahee keessatti tumaman bifa yaadameen akka hojiirra hin oolleef dhimmi akka sababa bu'uuratti caqasamuu fi qorannichaan mirkanaa'e rakkoo hubannaa ogeessonni kun labsicha irratti qabani dha. Kanuma irraa

kan ka'e tumaadhuma labsichaa tokko irratti manneen murtii adda addaan hiika adda addaatu itti laatama.Bakkee kaanitti ammoo aangoo fi gahee hojii OSf labsichaan laataman tokko tokko irratti haala tumaa labsichaan faalla ta'een ejjannoo adda addaatu calaqsiifama.Kanaafuu, tumaa labsichaa kana irratti hunduu hubannaa wal fakkaatuu fi ejjennoo tokko akka qabaatutti leenjiin ga'umsa qabu abbootii seeraa fi Ofisaroota Seeraaf bal'inaan laatamu qaba.

Kana malees, caaseffamni Ofisaroota Seeraa bu'uura JBHAn yeroo dhiwoon as manneen murtii keessatti hojiirra oolu isaan wal qabatee aangoo fi gaheen ogeessota kanaa qooda fudhatoota baayyee biratti kan beekamu miti.Kunis labsichi bifa barbaadameen akka galma hin genyeef akka sababa tokkootti caqasama.Kanaafuu, qaamni dhimmi isaa ilaaluu keessattuu MMWO dhimma kana irratti ciminaan hojjechuu qaba.

D) Kanneen Biroo

Galma ga'iinsa KTAS bu'uura JBHA manneen murtii keessatti kaa'ameen dhugoomsuuf aangoo fi gahee Ofisaroota Seeraa irratti yaadni furmaata armaan gadii lachanis murteesso dha:

- Labsichi adeemsa seerota adeemsaa keessatti tumaman waliin kan wal dubbisee deemu ta'uu dhabuu fi dhimmoota seerota kana keessatti tumamanii jiran aangoo fi gahee hojii OS waliin wal qabsisee gadifageenya barbaachisuun tumuu dhabuun isaa rakkoo bu'uuraa labsichaati.Labsichi haala amma jiruun dhimmoota seerota adeemsaa keessatti dura tumamanii turan tokko tokko haala ifa ta'een kan hin foyyessine waan ta'eef yaadota labsichaan ifatti tumaman waliin kan walitti bu'an ta'u.Kanaafuu, dhimma angoo fi gahee hojii OS ilalchisee labsiin kun yoo foyya'u adeemsalee dura seerota adeemsaa keessatti tumamee ture waliin haala wal simuu danda'uu fi dhimmoota seerota adeemsaa keessatti dursanii tumaman fooyyessuun barbaachisaa ta'ee yoo argames haala ifa ta'een dhimmoota barbaachisoo ta'an kana

hunda daguugee foyyessuun tumamuu qaba. Haaluma waliigalaan, labsichi seerota adeemsaa waliin haala wal dubbisuu danda'uun irra deebi'amee ilaalamuu qaba.

- Ofisaroonni Seeraa aangoo fi gahee hojii labsichaan isaaniif laatame raawwachuuf sadarkaa barnootaa fi muuxannoo gahaa ta'e hin qabanu waan ta'eef keessattuu aangoo fi gahee hojii haarawaa labsichaan isaaniif laatame waliin wal qabatee raawwii irratti rakkoo uumun isaa hin oolle. Kanaafuu, ogeessonni kun haala sadarkaa barnoota isaanii itti foyyeffatanii fi/ykn Institiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaan leenjiin hojiirraa yeroo dheeraa akka laatamuufiif haalli mijaa'uu qaba.

Mata-Duree Qorannoo: Aangoo fi Gahee Hojii Ofisaroota Seeraa Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa: Rakkoo Seeraa fi Raawwii

<u>Gaaffii Maree Gareef Qophaa'e</u>

Daawwit Geetaachoo

1. Labsiin manneen murtii naannoo Oromiyaa irra deebi'ee hundeessuuf lak.141/2000 ta'ee bahe aangoo fi gahee hojii Ofisarootaaf laate keessa tokko aangoo fi gahee hojii ulaaga seeraa himannoo dhiyaatee akka ilaalani murtii barbaachisaa ta'e itti laatani dha. Aangoo fi gaheen hojii kun ogeessota kanaaf akkasitti laatamuun isaa seerummaa fi/ykn heerummaa qaba jettanii yaadduu? Maalif?

2. Labsichi aangoo fi gahee hojii Ofisarootaaf laate keessa dhimma ajajaa mana murtii irraa bahu ilaalchise yoo tumu *"…..Ofisarri Seeraa gaggeessaa garee waliin mari'atee ajaja mallattesse bahii godha"* jedha. Yaada labsii kana akkamitti hubattu? Mana murtii keessan keessattoo dhimmi kun akkamitti hojiirra oola jira? Ofisara Seeraaf aangoon kun laatamuun isaa sirridha jettuu? Gosoota ajajaa mana murtii irraa bahii ta'u ilaalchise kan Ofisarri kallattiin ofuma isaan ajaju danda'u jiraa laata? Yoo jiraate akaakuu ajajoota kanaa tarreessa!

3. Dhimma deebii fuudhu waliin wal qabatee labsichi aangoo fi gahee hojii Ofisarootaa yoo tumu *"……Ofisarri Seeraa deebii ni fuudha"* jedha. Yaada kana akkamitti hubattanii hojiirra oolcha jirtu? Mana murtii keessan keessatti deebii eenyutu fuudha? Deebiin guyyaa dhageettitti moo guyyaa dhageettiin dura kutaa Ofisara Seeraatti dhiyaachuu qaba jettu? Rakkoon seeraa tumaa labsii kanarratti sin mudate jiraa?

4. Rakkoo seeraa fi raawwii aangoo kaffaltii abbaa seerummaa fi kaffaltiiwwan biroo Ofisara Seeraan akka sassabamu labsichaan yeroo ammaa taasiffame akkamitti madaaltu?

5. Aangoo fi gahee hojii Ofisaroota Seeraa labsii lak.141/2000 keessatti tumame gara rakkoo seeraa fi raawwiitiin mee akkuma waliigalaatti madaala!

Ulfaadhaa!!